# XIINXALA DHIYAANNAA QABIYYEE CAASLUGAA KITAABA BARATAA AFAAN OROMOO KUTAA 11FFAAFI 12FFAA IRRATTI XIYYEEFFATE

**TAADDUU DHEERESSAA ULFAATAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKILARIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII JOORNALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKILARII**

**ONKOLOLEESSA 2014/2021**

**FINFINNEE, ITIYOOPHIYAA**

# XIINXALA DHIYAANNAA QABIYYEE CAASLUGAA KITAABA BARATAA AFAAN OROMOO KUTAA 11FFAAFI 12FFAA IRRATTI XIYYEEFFATE

**TAADDUU DHEERESSAA ULFAATAATIIN**

**GORSAA:DR.TOLAMAARIYAAM FUFAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKILARIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII JOORNALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKILARII**

**ONKOLOLEESSA 2014/2021**

**FINFINEE, ITIYOOPHIYAA**

## Koree Qormaataa

**Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraa Booddee**

**Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Gamisa Guuttachuuf** Mata duree: **Xiinxala dhiyaannaa Qabiyyee caaslugaa kitaaba Barataa Afaan Oromoo Kutaa 11ffaafi 12ffaa irratti** Taadduu Dheeressaatiin qophaa'e Sadarkaa Qorannoo Yuunivarsitii Finfinnee Kan Guute ta'uu ni mirkaneessina.

**koree**

Qoraa alaa:________________________Mallattoo_______________Guyyaa_________________

Qoraa keessaa:_____________________Mallattoo_____________Guyyaa________________

Gorsaa:__________________________Mallattoo_______________Guyyaa________________

## Ibsa (Declaration)

A/ Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti ibsame,qorannoon kun hojii koo ta’uu isaaf kanaan duras yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hin dhiyaatiin ta’uu isaa;akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta’een fudhadhee wabiilee keessattis mirkaneesseera.

Maqaa________________________

Mallattoo_____________________

Guyyaa_______________________

**Baafata**

**Contents**

Koree Qormaataa ................................................................................................ I

Ibsa (Declaration)................................................................................................ II

Baafata ................................................................................................ III

*Axareeraa*................................................................................................ VII

Galata ................................................................................................ VIII

Jechoota Gabajee ................................................................................................ IX

Boqonnaa Tokko ................................................................................................ 1

1.1 Ariirrata Qorannichaa................................................................................................ 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ................................................................................................ 7

1.3 Kaayyoo Qorannoo ................................................................................................ 10

1.3.1 Kaayyoo gooro qorannichaa................................................................................................ 10

1.3.2 Kaayyoo Gooree ................................................................................................ 10

1.4 Faayidaa Qorannoo Kanaa ................................................................................................ 10

1.5. Daangaa Qorannichaa ................................................................................................ 11

1.6. Hanqina Qorannicha................................................................................................ 11

1.7. Qindoomina Qorannichaa ................................................................................................ 12

Boqonnaa Lama ................................................................................................ 13

2. Sakatta'a Barruu................................................................................................ 13

2.1. Yaadrimee Caasluga................................................................................................ 13

2.2. Qabiyyeewwan Caaslugaa................................................................................................ 14

2.3. Haala Dhiyaannaa Caaslugaa ................................................................................................ 16

2.3.1.Haala Dhiyaannaa Ibsaa( Deductive Approach) ................................................................................................ 17

2.3.2.Haala Dhiyaannaa Fakkeenyaa(Inductive Approach) .................................................... 17
2.3.3. Haala Dhiyeenyaa Bu'aa (product Approach)........................................................ 18
2. 3.4. Haala Dhiyeenya Adeemsaa (Process Approach) .................................................. 18
2.3.5. Haala Dhiyeenya Dandeettii (Skill Approach) ........................................................ 18
2.4. Haala Qindoomina Caaslugaa ............................................................................... 19
2.4.1 Walitti Fufinsa Qabiyyee (Continuity) .................................................................... 19
2.4.2 Dagaagina Qabiyyee ........................................................................................ 19
2.4.3. Barbaachisummaa Walitti Fufinsaafi Dagaagina Qabiyyee ....................................... 20
2.5. Madaallii Caaslugaa Kitaaba Baraataa .................................................................... 21
2.6.Gilgaalota Caaslugaa .......................................................................................... 22
2.6.1.Amaloota Gilgaala Gaarii .................................................................................... 24
2.7.Kitaaba Barataa ................................................................................................ 24
2.7.1 Iftoomina Qabachuu Kitaaba Barataa Ilaalchisee ...................................................... 26
2.8.Sakatta'a Barruu Walfakkii ................................................................................... 27
Boqonnaa Sadii .................................................................................................. 29
3. Malleen Qorannoo ............................................................................................. 29
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........................................................................................... 29
3.2.Madda Odeeffannoo ........................................................................................... 29
3.3.Mala Iddattoo ................................................................................................... 30
3.4.Mala Filannoo Iddattoo ........................................................................................ 30
3.4.1.Kitaaba Barataa ................................................................................................ 30
3.4.2.Barattoota ....................................................................................................... 31
3.4.3.Barsiisota ....................................................................................................... 32
3.5.Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo ........................................................................ 32

3.5.1.Sakatta’a Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo ... 33

3.5.2.Bargaaffii Barattootaa ... 33

3.5.3.Af-gaaffii Barsiisotaa ... 34

3.6. Adeemsa Ragaa Walitti Qabuu ... 34

3.7.Mala Qaacceessa Odeeffannoo ... 35

Boqonnaa Afur ... 36

4. Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee ... 36

4.1.Duubee Ragaa Kennitootaa ... 36

4.2.1 Qabiyyee Caaslugaafi Gilgaalota Isaanii: Akka Waliigalaatti Kitaabilee Kanneen Keessatti Dhiyaata. ... 38

4.2.6.Walitti Fufinsa Keessatti Dagaagina Qabiyyee Kutaa Gara Kutaatti(Kutaa11fi 12) ... 49

4.2.7. Xiinxala Haala Qophii Maleenya Didaaktivii Yookiin Indaaktiviin Dhiyaachuu Qabiyyee Caaslugaa Kitaaba Barataa Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa fi 12ffaa ... 51

4.2.8.Xiinxala Haala Qophii Maleenya Didaaktivii Yookiin Indaaktiviin Dhiyaachuu Qabiyyee CaaslugaaKitaaba Barataa Afaan Oromoo Kutaa 12ffaa ... 53

4.3. Qaacceessa Bar-gaaffii Barattootaa fi Af-gaaffii Barsiisotaa ... 56

4.3.1 Dhiyaannan Qabiyyeewwan Caaslugaa Boqonnaalee Hunda keessatti Wal madaaluu Isaanii Adda baasuu. ... 56

4.3.2 Haala dhiyaannaa gilgaalota caaslugaa ... 58

4.3.3 Walitti fufinsaafi Dagaagina Qabiyyee Caaslugaa Boqonnaa Gara Boqonnaatti ... 62

4.3.4 Sababoota walitti fufinsafi dagaagina qabiyyee dhorkan ... 64

4.3.5 Walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee caaslugaa kutaalee 11 fi 12 gidduu jiran adda baasuu. ... 66

4.3.6 Haala qophii maleenya qabiyyee caaslugaa ... 67

5 . ARGANNOO,GUDUUNFAAFI YABOOO ... 69

5.1 Argannoo ........ 69
5.2Guduunfaa ........ 70
5.3. Yaaboo ........ 71
Dabaleewwan ........ 77
Dabalee A ........ 77
Dabalee B ........ 81
Dabalee C ........ 83

## *Axareeraa*

*Kaayyoon qorannoo kanaa haala dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaafi 12ffaa xiinxaluudha.Galma ga'insa kaayyichaaf kitaabni barataa sakatta'amee jira.Barattoonni kutaa 12ffaa baratan hundiifi barsiisoonni* Afaan Oromoo *barsiisan torbi iddatteeffamanii jiru.Warreen iddatteeffaman kana irraa ragaa walitti qabuuf immoo meeshaa funaansa ragaa sakatta'a kitaabaa,bargaaffiifi af-gaaffiitti dhimma bahameera.Ragaan argame mala qorannoo akkamtaafi ammamtaa walitti makuun qaacceffamee ibsamee jira.Ragaa kana irraas wanti hubatame haalli dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaafi 12ffaa hanqinaa qabaachuu isaati Faca'insi qabiyyee caaslugaa boqonnaa gara boqonnaatti wal madaalaa miti.Boqonnaa tokko tokko keessatti baay'achuu kanneen biroo keessattti immoo gonkumaa dhiyaachuu dhabuutu mul'ata.*Akkasumas *dhiyaannaan gilgaalota caaslugaa kitaabilee kanneen keessatti argaman walitti fufinsi isaan boqonnaa gara boqonnaatti kanamalees kutaadhaa gara kutaatti qaban xiyyeeffannoon kan hin kennamneef ta'uu;walitti fufinsa keessatti dagaaginni qabiyyee boqonnaa tokkoo gara boqonnaa itt aanuttifi kutaadhaa kutaatti jiru hanqina qabaachuu isaa hubatamee jira.Kanaaf dhiyaannaan qabiyyee caaslugaa kitaaba kanneen keessaa kan barattoota haala gaariin hirmaachisuun caasluga dammaqinaan akka baratan taasiisu miti.Haluma walfakkaatuun kitaabilee barnoota kana lamaan keessatti gama walitti fufinsaafi daagaagina qabayyee caaslugaan boqonnaa gara boqonnaatti akkasumas kutaa gara kutaatti hanqinni jiraachuu hubachuun barsiisoonni afaan barsiisan tooftaa garagaraa fayyadamuun barsiisuu akka qabaniifi ogeeyyiin barnootaa immoo hanqina uumaman kanaaf furmaata kennuun barbaachisaadha.Gama maleenya dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaafi 12ffaa irra caalaan isaa maleennya ibsaa(deductive approach) fi maleenya fakkeenyaa(inductive approach) kan dhiyaatan yoo ta'an,qabiyyeewwan caaslugaa maleenya armaan olii kanaa alas dhiyaatan jiraachuu isaa ragaa sakatta'amee ta'eefi od-kennitoota irraa hubachuun danda'ameera.Amalaa qabiyyee giddugaleeffachuun qabiyyeen caaslugaa maleenya ibsaafi fakkeenyaan dhiyaachuu danda'a.Sadarkaafi hubannoo barattootaa waliin kan deemu maleenyi kun lamaan filatamoodha.Kanaaf qabiyyee caaslugaa muraasa maleenya kanaa ala dhiyaatan xiyyeeffannoo itti kennuun gaariidha*.

# Galata

Hunda dursee gaarummaa isaatiin na geggeessee har’aan na gahuun hojii kana hojjedhee akkan xumuru kan na taasise Waaqayyo uumaaf galanni koo daangaa maleessa.

Itti aansuun nuffii tokko malee gorsaafi deeggarsa barbaachisaa ta’e naaf gochuun milkaa’ina qorannoo kanaatiif kan na waliin dhaabbatan gorsaa koo Dr.Tolamaariyaam Fufaa baay’een isin galateeffadha.Kanamalees qorannoo kana nuffii tokko malee yeroo isaanii aarsaa gochuun deeggarsa ogummaa kan waan kamittuu hin shallagamne kan naaf taasisan Dr.Amaanu’eel Alamaayyootiif galanni kiyya daangaa hin qabu.

Dadhabbiifi nuffii tokko malee bu’aa ba’ii hedduu keessa darbuun bakka har’a gahe kanaaf bu’uura jalqabaa kan naaf taatan abbaa koo Obbo Dheeressaa Ulfaataafi harmee koo Addee Yaadashii Qalbeessaa hedduun isin galateeffadha.Akkasumas haadha manaa kiyyaa Baayyannee Darrabaafi ijoollee kiyya gama maraan deeggarsa naaf taasiisa turtaniif qorannicha keessatti gahee qabdan waan ta’eef, gumaacha keessaniif isinin galateeffadha.

Dhuma irratti wayitan qorannoo kana geggeesse namoonni karaa garagaraan na deeggaraa turtan barsiisaa Shukirii Wotichaa dura taa’aa mana barumsaa kuyyaraa sad.2ffaafi Obbo Zawudee Tasfaayee itti aanaa mana barumsaa Kuyyaraa sad.2ffaa akkasumas barattootaafi barsiisoota mana barumsaa Kuyyaraa sad.2ffaafi mana barumsaa Shashamannee sad.2ffaa kanamalees qaamoolee na deeggaraa turtan kanan maqaa keessan hin dhoofneefi Yuunivarsitii Finfinnee carraa barumsaa kana naaf kenne guddiseen galateeffadha.

**Jechoota Gabajee**

| | |
|---|---|
| KBAO | Kitaaba Barataa Afaan Oromoo |
| A/O | Afaan Oromoo |
| YKN | Yookiin |
| A.L.I | Akka Lakkoofsa Itoophiyaa |
| Sad.2ffaa | Sadarkaa lammaffaa |
| B9 | Boqonnaa Sagal |
| B11 | Boqonnaa kudha tokko |
| B12 | Boqonnaa kudha lama |
| B14 | Boqonnaa kudha afur |
| B15 | Boqonnaa kudha shan |
| B16 | Boqonnaa kudha ja’a |
| B17 | Boqonnaa kudha torba |

Gabaate

Gabatee 4.1. baayina barattootaa umuriidhaan ... 36

Gabatee 4.2 Sakatta’a Qabiyyee Caaslugaafi Xiinxala Gaaffilee caaslugaa KBAO kutaa 11ffaa ... 38

Gabatee 4.3. Sakatta’a Qabiyyee Caaslugaa Fi Xiinxala Gilgaalota Caaslugaa KBAO Kutaa 12 ... 39

Gabatee 4.4 Walitti Fufinsa Dhiyaannaa Qabiyyee Caaslugaa Boqonnaa Gara Boqonnaatti KBAOkutaa11ffaa ... 43

Gabatee 4.5 Walitti Fufinsa Dhiyaannaa Qabiyyee Caaslugaa Boqonnaa Gara Boqonnaatti KBAO Kutaa 12ffaa ... 45

Gabatee 4.6. Walitti Fufinsa Qabiyyee Caaslugaa Kutaadhaa Gara Kutaatti (kutaa 11 fi 12) ... 47

Gabatee 4.7. Dagaagina Qabiyyee Boqonnaa Gara Boqonnaatti agarsiisu. ... 48

Gabatee 4.9. Maleenya dikaaktivii ykn indaktiin dhiyaachuu caaslugaa KBAO Kutaa 11ffaa adda baasu ... 51

Gabatee 4.10. maleenya didaaktiii ykn indaaktiviin dhiyaachuu caaslugaa adda baasu ... 53

Gabatee 4.11 Dhiyaachuufi dhiyachuu dhabuu qabiyyee caaslugaa KBAO kutaa 11fi 12 ... 56

Gabatee 4.12 Hawwataa ta’uufi dhiisuu dhiyaannaa gilgaalota caaslugaa ... 58

Gabatee 4.13 Sababni dhiyaannan gilgaala caaslugaa hawwataa hin taaneef ... 60

Gabatee 4.14 Walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee caaslugaa kutaa tokko keessatti ... 62

Gabatee 4.15 Sababoota walitti fufinsaafi dagaagina dhabuu qabiyee caaslugaa ... 64

Gabatee 4.16 walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee caaslugaa kutaa gara kutaatti ... 66

Gabatee 4.17.xiinxala haala qophii maleenyaa didaaktivii yookiin indaaktiviin dhiyachuu KBAO kutaa 11 fi 12. ... 67

# Boqonnaa Tokko

## 1.1 Ariirrata Qorannichaa

Saba hundaafuu afaan karaa eenyuummaafi maalummaa ofii ittiin ibsatan keessa tokko. Kana yoo jennu afaan eenyummaa hawaasa tokkoo bu'uura hin jigne irra dhaabuun gadi fageessee utubuun baraa hamma baraatti akasumas dhaloota tokko irraa gara dhaloota itti aanuutti hambaa hawaasni qabu daddabarsuu keessatti shoora olaanaa qaba. Bu'uuruma kanaan haayyuun Burkeeen(1991) yoo dubbatu eenyummaa sabaa dhugumaatiin kan dubbatu afaan isaa waan ta'eef, gahee isaa qixaan akka bahuuf sirna qophii mataa isaa akka qabaatu taasiisuun barbaachiisaadha.Kunis,adeemsa isaa eegee akka dhiyaatu gochuu keessatti ga'een sirna barnootaa guddaadha. Qindaa'ina meeshaalee barnootaa falaasama imaammata barnootaa biyya tokkoo bu'uura godhata.Biyyoota guddatan keessatti imammanni sirna barnootaa fooyya'aafi qinda'aa ta'e erga hojiirra oolee bubbuleera.Ta'us biyyoota Afrikaa keessattuu Itoophiyaa keessatti sababa dinagdee fi siyaasaatiif falaasamni imaammata barnootaa haala yeroo waliin fooyya'aa kan hin deemne akkasumas qindoominaa kan hin qabne ta'uu isaa wal nama hin gaafachiisu.Haata'u malee barnoonni tumsa inni guddina biyya tokkoo keessatti qabu waan laayyootti ilaallamu miti.Milka'inni barnootaa roga garagaraan ilaallama. Kanneen keessaa tokko qindoomina qabiyyee waan baratamuti.Qabiyyeen barnootaa silabasii keessaa madda.Silabasiin sirna barnootaa keessaa madda.Sirni barnoota immoo imaammata barnootaa biyya tokko keessaa madda .Silabasiin maal akka barsiifnu tartiibaan kan nuuf kaa'udha.Kunis qabiyyee barumsichaa tartiiba ittiin dhiyaachuu qabuun qindeessee dhiyeessa.Akka (Alamirraw 1998:1) barreessetti immoo:

Syllabus is an ordered statement of what is to be taught.It is ordered because it doesn't merely list language items to be taught ,it also puts them in a sequence for teaching purposes.The course book writer must order his material according to some system.Thus,the content of course book,what it teach and in what order ,may well acts as a syllabus.This means a syllabus is way in which content is organized and broken down into set teachable and learnable units.It includes time,sequencing ,assessment,method of presentation and practice.

Yaada armaan olii irratti wanti nuti hubachuu qabnu silabasiin wanta baratamuu tokko tartiibaan kan keessatti dhiyaatanidha.Tartiiba yommuu jennu qabiyyeen afaanii akkafeeteen kan baratamu

osoo hin taane tartiiba isaa eegee dhiyaachuu qaba kan jedhudha.Barreessaan kitaabichaa qabiyyeewwan barataman tartiibaan kaahuu qaba.Kunis silabasiin akkaataa qabiyyeen ittiin qindahufii qabiyyee qabiyyeetti caccabee itti dhiyaatuun kan dhiyeessudha.Silabasiin yeroo barumsichaa,tartiiba,madaallii,mala dhiyeessuu fi shaakala ilaalchisee ibsa gabaabaa kan qabuudha.Nuunaan(1998 ) yoo dubbatu maddi silabasii sirna barnootaa ta'ee,keessumaayyuu daree barnootaa keessatti maaltu gosa barnootaa tokko keessatti akka barsiifamu irratti xiiyyeeffata jedhu.Sirni barnootaa gosa barnootaa tokko kan murteessu yommuu ta'u, barattoonni maal akka baratan kan ibsu sadarkaa silabasiitti dha.Dublin fi Olshtain(1986) sirni barnootaa silabasii kan ofkeessa qabu ta'ee garuu bakka ,wal bu'uu akka hin dandeenye dubbatu.Kaayyoo barnootaa galmaan ga'uun kan danda'amu sirni barnootaa mijataa ta'e yoo qopha'eedha.

HaayyoonniBrown(1994);Mcdonoughfishaw(1993);Cuningsworth(1984);Richards(2001);Tomlinson(199) akka jedhanitti adeemsi sirna barnootaa bu'aa qabeessa ta'e ittiin qopha'u walxaxaa akka ta'e ni amanu.Innis ,qophiin sirna barnootaa adeemsa fedhii barataa,barsiisaa,maatii barattootaa,hawaasa naannoo fi ogeeyyii barnootaa sadarkaa adda addaa jiran sakatta'uu,galma kaawwachuu,silabasii wiixinuu,meeshaa barnootaa filuu fi qopheessuu,barsiisota leenjisuu,saganteessuufi hojiirra oolchuu gaafata.Hojiirra oolmaan sirna barnootaa kaayyoo fi galmoota yaadamaniif mijatoo fi kan wal gitan ta'uun isaanii ilaallamuu qaba jedhu.Qophii fi fooyya'insa sirna barnootaa keessatti,barsiisonnii fi ogeeyyiin barnootaa shoora guddaa qabu.Dhimma kana irratti Linda(1997:46) yoo ibsu"Gareen qophii fi fooyya'insa sirna barnootaa keessatti barsiisoonni shoora guddaa qabu" jedha.Barsiisoonni mana barumsaarra jiran sirna barnootaa fi meeshaalee barnootaa qopheessuu irratti leenjii qabaachuu dhiisuu danda'u.Haata'u malee,muuxxannoo qabaniin hawaasa barnootatti itti dhiyeenyaan waan jiraniif ga'een isaan dhimma kana irratti qaban olaanaadha.

Akka Johnson(1967) ibsutti,sirni barnootaa dhaabbilee barnootaan kan qopha'u ta'ee;qaama korsii hunda kan ofkeessatti haammatu ta'uusaati.Kanamees sirni barnootaa jalqabbii barnootaa fi qabiyyeewwan tartiiba ittiin dhiyaatan yeroo kennamee fi muuxxannoo jiruun walsimsiisuun,amala barsiisuu dhabbatichaa ,mala akkamitti akka fayyadamnuuf yaada ka'umsaa karaa murta'aa ta'een,wantoota baruu fi barsiisuuf barbaachisan kanneen akka kitaaba,madaallii fi wantoota haaraa yookiin wayitawaa ta'e odeeffannoo barsiisootaaf kan ibsuudha.

.Braslavsky(2005) sirna barnootaa yeroo ibsu,sirni barnootaa yeroo qopha'u galma barnootichaa bu'uureffateeti. Kunis yeroo gurma'u muuxxannoo hawaasiachaa ilaalcha keessa galchuun kaayyoo barbaaddameef oolchuun milka'ina fiduuf akka ta'e ibsa.Qabiyyee tartiibeessuun dandeettii afaanii baratan sana salphaadhaa gara walxaxaatti tartiibaan ka'amaa deemudha.Kunis yaaxxina barachuu yookiin haala naannoo barumsichaa irratti bu'uureffachuu danda'a.Fakkeenyaaf yaaxxinni barumsaa silabasiin tokko irratti bu'uureffate caasaa afaanii barachuu kan jedhu yoo ta'e,tartiibni ittiin dhiyaatus caasaa afaanii sagalee irraa hanga himaatti jiru tartiiba salphaadhaa gara walxaxaatti ka'ama jechuudha.

Yaada kana Brumfit(1981) akka armaan gadiitti ibseera

> .Sequencing of content involves the making out of subject matter along apath of development sequencing of subject matter will depend on particular views of language learning and classroom condition that the syllabus designer holds.For example if the syllabus represents a view of language as a formal system then the criteria for sequencing would be related to 'simplicity' or 'complexity' of structure if the syllabus represents a functional view ,then the usefulness or frequency criteria would have greater prominence.

Akka yaada armaan olitti kaa'ame kanaatti qindoominni qabiyyee dandeettii afaan barsiisuu kan murteessu akaakuu silabasii barnoota tokkooti.Haata'u malee akaakuu silabasii isa kamiyyuu keessatti qabiyyeen yemmuu filatamu isa kanaan dura barattoonni beekan irraa gara qabiyyee haaraa barattoonni hin beekneetti kan deemu ta'uu qaba.Jalqaba qabiyyee afaanii keessaa maal akka barsiifnu erga murteessinee booda hojiin itti aanee jiru qabiyyeen sun tarsiimoo akkamiitiin dhiyaachuu qaba kan jedhu itti fufuu qaba.Kaayyoo guddaan silabasii qindeessuu haala afaan barachuu salphisuudha.Kanaafuu qabiyyeen barnootichaabarattootaaf karaa salphaa ta'een qnideeffamee dhiyaachuu qaba.Qindeeffamni qabiyyee kun ammoo kaayyoo barumsichaa waliin kan walsimu ta'uu qaba.Qindeeffamni qabiyyee silabasii suuta suuta yaada waliigalaa irraa gara yaada murtaa'aatti yookiin seera waliigalaa irraa gara seera murtaa'ootti haala deemuun qinda'uu qabu.Adeemsi akkanaa kun adeemsa indaaktivii (inductive process) jedhamuun beekkama gara birootiin qabiyyeen silabasii tokkoo naannoo jireenya barataa irraa ka'ee gara mana barumsaatti akkaataa deemuun,sanaa booda ammoo mana barumsaatii ka'ee gara mana barumsaatiin ala jiruutti qindaa'uu danda'a.Akka Pit Corder(1973) akka ibsutti

> The ideal syllabus would be one in which the sequencing of items taught logically derives from and presupposes the learning of some previous items.There is also the notion of a ' natural syllabus' or a 'built in syllabus'.The relevance of performance analysis to the designing of a syllabus is based on the notion that there is some natural sequence of elaboration of the approximate system of the language learner and that when/if this can be well established it would provide a psychological to the ordering of material in a syllabus. It is quite impractical to allow natural ordering to be the basis of syllabus organization because it is very rare for teaching and language acquision to go hand in hand.

Akka yaada kanaatti qophii silabasii keessatti ka'umsi qabiyyee waan kanaan dura barataan barate irraa kan ka'u  ta'uu qaba.Keessattuu tartiiba uumamaa fi xiinsammuu ilmaan namootaa waliin kan walsimu ta'uu qaba.Keessatti adeemsa ilmaan namootaa afaan ittiin baran waliin akka firoomina qabaatu barbaadama.

Wright(1987:68) akka haayyuun kun ibsutti,meeshaalee fi qabiyyeen barnoota yeroo filataman kanneen fedhii barataa fi barsiisaa giddu galeessa godhatan ta'uu qaba.Kanaaf qabiyyeen kitaaba barataa tokkoo keessatti qopha'u dandeetti barataa ,kan barsiisaa akkasumas sadarkaa barnootaa isaanii  bu'uureffachuu qindaa'uu akka qabu haayyuun kun barruu isaa keessatti lafa kaa'eera.

Akka Gibbons(1984) jedhutti qindeeffamni ykn haalli dhiyeenya qabiyyee karaa lamaan ilaallama.Halli dhiyeessuu bekkamoon lamaan haala dhiyeessi linarii fi haala dhiyeessi mojuulaariiti.Kanneen lamaan keessaa yeroo baay'ee kan hojiirra olaa jiru haala dhiyeessi liinariiti.Kunis qabxiilee sasalphoo irraa gara ciccimootti akka deemu taasiisuun dhiyeessuudha.Haalli dhiyeessii moojulii akka dhiyeessii liinarii tartiibaa eegee osoo hin taane qabiyyee barnoota adda baasee of danda'anii akka dhaabbatan taasiisuun qopheessa.

Dassee(1988) kitaabni barnoota afaanii hanqina qabaachuun isaa akka hin oolleefi hanqinoota kana immoo yeroodhaa gara yerootti sakatta'uun adda baasanii fooyyeessuun akka barbaachisu ibseera.Kanaafuu kitaaboolee barnootaa keenya ija ogummaatiin yeroo hundumaa ilaaluun gaheen inni qabu salphaa miti.Irra caalaatti qoratichi kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi 12ffaa irratti xiyyeeffannoo laachuun haala dhiyeenyaa fi  qindoomina qabiyyee caaslugaa akkasumas walitti hidhaminsa  kitaaboolee daree lamaanii  maal akka fakkaatan

ilaaluudhaan sirrii kan ta'e daran cimsuu kan hanqina qaban immoo gama rakkoo isaa adda baasuun fooyyeessuu fi furmaata laachuudha.

Dhiyaannaa caaslugaa ilaachisee,haayyoonni xinqooqaa bara 1930 eegalanii silabasii caalsuga barsiisuu,qindeessuu fi seera filanna caasaa caaslugaa hojiirra oolchuu jalqaban ta'ullee filachuun caasluga sadarrkeessuun walitti hidhata. sadarkeessuu caasaa caaslugaa barsiisuuf silabasii keessatti tartiibaan kaa'uudha.kun immoo seerlugni kitaaba keessatti barbaachisummaa qabuun walduraa duubaan dhiyaachuu akka qabu mul'isa(rechards,2001)

Seera afaanii barsiisuun xiyyeeffannoo kan argate walakkeessa jaarraa 19ffaa keessa akka ta'e hayyoonni afaanii ni dubbatu.Akka Rechards fi Rodgers (2001) jedhanitti,yeroo afaan mala jijjiirraa caaslugaa barsiifamaa turettti kan jalqaba dhihaatee gadi fageenyaan xiinxalamuu eegale seera afaaniiti.Barnoota caasaa afaanii barsiisuu fi barachuu keessatti jalqaba caasaa afaanii sanatu walduuraa duubaan tarreeffamuun barraa'a. Itti aansuun immoo akkaataa barataan saakaluu danda'uun gara gilgaalattii jijjiirramee dhiyaata.

Haluma walfakkaatuun jalqaba jaarraa 20ffaa keessa caasluga barsiisuun karaa afaan barsiisuu isa guddaa fi angafa ta'ee fudhatamaa ture.Yeroo kanatti qaamoolee afaanii biroof sadarkaa gadaanatu kennameefi ture.Sababoonni haayyoota afaanii irraa dhiyaata ammoo caasluga afaanii beeknaan,afaan waliigaltee biroof oolchuun nama hin rakkisu yaada jedhu dha.Haata'u malee yaadni kun oolee bulee mormii cimaa kaasee ture.Innis dubbataan afaan tokkoo cimaa ta'uuf seera afaanichaa beekuu qofa osoo hin taane haala seerichi waliigaltee waliigaltee dhugaa keessatti dhimma itti bahamu beekuudha.Akka yaada haayyoota kanaatti seera (caasaa) afaanii waliigaltee keessatti barachaa deemutu barbaachisa.Yeroo walfalmisiisaa kana keessa xiyyeeffannaan caasluga barsiisuu qofa irratti laatamaa ture xiqqaachaa deeme.(Rechard fi Renandya,2002)

Haa'u malee malli caasluga durii kun garee jechootaa yookiin hirmaannaa dubbii(maqaa, ibsa maqaa,gochima fi gochibsii…) jechuun eegala.Haayyoonni biroo immoo caasaa bal'aa akka gaalee maqaa,gaalee xumuraa fi ciroo fa'a irraa eegaluu filatu.Kanaaf namni barsiisummaa irratti bobba'ee jiru tokko malawwan barsiisuu garagaraa akkaataa barbaachisummaa isaatti fayyadamuun murteessaa akka ta'e beektonni ni ibsu.Kunis barataa kan giddu galeeffateefi itti fayyadama afaaniif bakka guddaa kan laatudha.(Richard,Renadya,2002 fi Bastone,1995)

“Seerluga yemmuu barsiifnu galmi inni dhumaa seerluga ta’uu hin qabu barnoonni hiika afaanichaa hawaasuummaafi itti fayyadama xinqooqaa, galumsaafi kkf akka beekan isaan kanneeniin walqabsiifnee barsiisuu qabna.”(Celce-Murcia,1991:466-67)

Ta’ullee yeroo ammaa kana seerluga barsiisuun xiyyeeffannaa akka qabu sirna barnootaa afaanii keessaatti ni mul’ata.Beektoonni caasluga barsiisuun barbaachisaa akka ta’e waliigaluun, barattoonni beekumsa seerlugaa gaarii hin qaban taanaan dandeettii afaanii dagaagfachuuf hir’ina cimaa akka qabatan ibsu. Yeroo ammaa kana gaaffii kan ta’e caasluga barsiisuufi dhiisuu osoo hin taane gosa tarreeffama caasaa seerlugaa keessaa kam haa barsiifnuufi akkamitti karaa bu’aa qabeessa ta’een barsiisuu dandeenya kan jedhudha.(Rechards and Renandya,2002)

Dandeettiiwwaan xixiqqoo keessaa qophii kitaaba barataa keessatti qabiyyeen ka’u tokko dhimma dandeettii caaslugaati.Caasluga barsiisuun afaan barachuufi barsiisuu keessatti dhimma baay’ee barbaachisaa ta’e dha. Hata’u malee kophaa isaa osoo hintaane,dandeettii dubbachuu fi barreessuu waliin walsimannaa kan qabu dha.

Akka caasaa afaanitti sagalee,dhamsagoota,jechoota,gaalee,hima,fi hiika ilaallachuu danda’a.Qabiyyeen caaslugaa kanneenis sadarkaa adda addaa keessatti tartiiba isaanii eeganii kitaaba barataa keessatti dhiyaachuu qabu.Garuu yeroo baay’ee afaan barachuu jechuun hunda caala seerota ykn caasalee afaanii sana sirritti beekuudha jedhanii namoonni kataban jiru.Barreessitoonni biraa immoo afaan tokko barsiisuu keessatti caasluga barsiisuun gahee xiqqoo qaba ykn gahee hoomaa hin qabu jedhananii warri qeeeqanis jiru barreeffamaa keessatti xiinxalanii qeequun dandeettii barbaada waan ta’eef sirritti baratamuu qaba.(Yunivarsiitii Jimmaa,2007)

Caaslugni kitaaba keessatti akka qabiyyeetti yommuu dhiyaatu karaa gara garaan dhiyaachuu danda’a.Kanneen keessaa bebekkamoon kanneen kanaa gadiiti:

Haala dhiyeenya adeemsaa(process approach)

Haala dhiyeenya bu’aa(product approach)

Haala dhiyeenya dandeetti(skill approach)

Haala dhiyaaannaa indaaktivii (Inductive Approach)

Haala dhiyaannaa didaaktivii (deductive Approach)

Qoratichis maleenya armaan olitti dhiyaatan keessaa indaaktivii ykn didaaktiviin dhiyaachuu qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11 fi 12 irratti kan xiyyeeffatedha.Sabaabiin isaa kutaalee kana lamaan keessatti dandeettii barataa giddu galeeffachuun maleenyi kun lamaan maleenya kanneen biroo irra mijatadha.jedhamee amanama.

Qabiyyeen caaslugaa kitaabaa barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi kutaa 12ffaa keessatti dhiyaachuu malan ammo:Xindhamsaga keessaa:sagaleelee dubbifamaa fi dubbachiisaa,seerota birsagaafi qindoomina sagalee ta'u mala.

Xinlatii keessaa:dham-jechoota,akaakuu dham-jechootaa(dham-jecha ofdanda'aafi hirkatta),garee jechootaa,jechoonni afaan Afaan Oromoo keessa jiran akkamitti akka uumaaman,akkasumas ulaagaa qoqqooddi garee jechoota ilaallachuu danda'a.

Xinhima keessaa:caasaa gaalee,gosoota gaalee,caasaa himaa (hima salphaa,hima dacha,hima xaxamaafi hima dacha xaxamaa),himoota adda addaa tajaajila isaanitin,walsimannaa mathimaa,antimaa fi gochima,tajaajila gaaleewwan hima keessatti qaban fa'a ofkeessatti haammatuu mala.

Xinhiika keessatti:hiika jechootaa,gaalee, himoota,ergaa afaanii sadarkaa sagalee irraa kaasee hanga dubbii bal'aa jirutti ka'uu danda'a(Yuunivarsiitii Jimmaa,2007)

Qoratichi qorannoo isaa keessatti kan inni irratti xiyyeeffatu dhiyaaannaa qabiyyee caaslugaa fi qindoomina qabiyyee caaslugaaa kita aba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi kutaa 12ffaa irra olee fi dalgee maal akka fakkaatu irratti. Qorannoon kun akka milka'uuf qoratichi galgalaa fi ganama qooda fudhattootaa fi dhimmamtoota barnootaa waliin bu'ee ba'ee akka hojjetu gamanumaan kutannoo qabu ibseera.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qoratichi qorannoo kana akka adeemsiisuuf wanti isa kakaase haala baruu fi barsiisuu keessatti rakkoowwaan isa quunname irraa ka'eeti.Kunis barattoonni yeroo afaan baratan caasluga hubachuu dadhabuufi gilgaaloota caaslugaa seeraan hojjechuu dhabuu irraayi.Qorataan kun waggoota sadan darban walitti fufinsaan kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa11$^{ffaa}$ fi kutaa 12$^{ffaa}$ barsiisaa kan turee fi yeroo ammaas barsiisaa kan jiru yoo ta'u, qabiyyeen caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa lameenii maal akka ta'e itti dhiyeenyaan beeka.Kitaabni barataa Afaan Oromoo kutaa 11$^{ffaa}$ fi kutaa 12$^{ffaa}$ kun osoo hin fooyya'in ykn hin jijjirramiin gara waggaa

ja'aa gahaa jira. Namoonni garagaraas kitaaboolee lamaan kana irratti yeroo garagaraa qorannoo geggeessaa turaniiru.Haata'u malee qorannoon kanaan dura geggeeffame mataduree qorataa kanaa waliin hariiroo qabu.Akkasumas garaagarummaas qabu.

Fakkeenyaaf Ababaa Gabayyu(2010) walsimannaa qabiyyee silabasii ,kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa.Xiinxala akaakuuwwan madaallii kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9$^{ffaa}$(2008) ,Bareechaa Damisee(2010) Xiinxala haala dhiyeenyaafi walsimannaa caasluga kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa, Dirribaa Dabalee(2008) xiinxala qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi kutaa 12$^{ffaa}$:xiyyeeffannaan walitti fufiinsaa fi dagaagina qabiyyeefi Margaa Hinkoosaa(2010/) Sakatta'a dhiyaannaa henna barnoota Afaan Oromoo kitaabilee barataa kutaa 11ffaafi 12ffaa bara 2005 qopha'e jedhaman fa'a karaa naannawaa mataduree qorataa waliin hidhata qabaachuu isaa nu hubachiisa.

Qorannoolee armaan olitti dhiyaatan keessaa irra caalaatti ammoo kan Dirribaa Dabaleefi Margaa Hinkoosaa hojjetatan waliin wal fakkeenya yoo qabaatan iyyuu garaagaruummaas hedduu qabu.Fakkeenya Dirribaa Dabalee kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaafi 12ffaa haalaa dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa ija walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee qofaatti daangeessuun qorannoo isaa dalage.Qoratichi ammoo haala dhiyaannaa caaslugaa walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyeetti dabaluun KBAO kutaa 11ffaafi 12ffaa maleenyaa kamiin akka dhiyaate ibseera.Akkasumas qorannoo Margaa Hinkoosaa (2010) geggeesse waajjiin maleenya qabiyyeen caaslugaa ittiin dhiyaate wal fakkeenya qabu.Ta'us Margaan qorannoo isaa maleenyaa dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa henna qofatti daangeessuun geggeesse.Qoratichi ammoo maleenya dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi 12ffaa keessatti argamu sakatta'eera.

Sirna barnootaa ta'ee silabasiin qopha'u qabiyyee kitaabaa keessatti haala itti dhiyaatu dursamee itti yaaddamuu qaba.Kana hin taane yoo ta'e baruu fi barsiisuu milkeessuun hin danda'amu. Qindaa'innii fi haalli dhiyeenya qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi 12ffaa dhimma qorannoo barbaaduu dha.Kanaaf qorataan qorannoo isaa keessatti hanqina jiru adda baasuun sakatta'ee kitaabichi akka fooyya'u ga'ee isaa ba'uufi.Haala dhiyaannaafi qindoomina qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa(KB) keessa hin jiru yoo ta'e,barattoonni qabiyyee barumsichaa hubachuuf ni rakkatu.qabiyyeen caaslugaa yeroo qopha'u adeemsa

dalgees ta'ee, adeemsa olee keessatti bifa wal irratti ijaarrameen ta'uu qaba.Kanamalees qabiyyeen qopha 'u barataa fi haala naannoo isaa giddu galeeffachuun dirqama.kana ilaalchisee

Wright(1987:68) yaada kana yeroo cimsu "meeshaalee fi qabiyyeen barnootaa yeroo filaman kanneen fedhii barataa fi barsiisaa giddu galeessa godhatan ta'uu qabu.Kana jechuun barattoonni maal akka dalagan, akkamitti akka dalaganii fi yeroo akkamii keessatti akka dalagan walsimanii qophaa'uu qabu" jedha.

Hayyoonni Levin fi Tsang(1987) wa'ee qindoomina qabiyyee yoo ibsan", bu'aan qabiyyee barnootaa kan madaallamuun hanga barattoonni qabiyyee sana baruuf tattafataniini.Qorataanis gaaffilee garagaraa barataa fi barsiisaa irraa ka'u,keessattuu gaaffilee gilgaala kitaabaan walqabatu yeroo adda addaa irraa ka'uun qoratichi qorannoo kana akka geggeessuuf sababa ta'eera.Barattoonnis *haala* dhiyaannaa fi qindoomina qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi 12ffaa kanatti itti quufinsa akka hin qabne qorataan kun muuxxannoo barsiisummaa achi irratti qabu ni dubbata.Hanqina gama qabiyyee caaslugaan jiru sakatta'uun ga'aa ta'uu baatus gara fulduraatti qorannoolee adeemsifamaniif ka'umsa ta'u jedhee qoratichi tilmaama isaa kaa'eera.Kitaabni barnootaa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi 12ffaa kun hanqina inni qabu gama caaslugaa qofa osoo hin taane qoratichi garuu ammaaf qorannoon inni geggeessu gama dhiyaannaa caaslugaa qofaan ta'a Jechuudha.Waliigalatti qorataan kun gaaffilee bu'uura qorannoo isaaf deebii ni kenna jedhu haala kanaa gadiin dhiyaateera.

1.Qabiyyeen caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11 fi 12 boqonnaalee jiran hundumaa keessatti haala walmadaala ta'een dhiyaataniiruu?

2.Walitti fufinsiifi dagaaginni qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi 12ffaa boqonnaa gara boqonnaatti maal maal fakkaatu?

3. Walitti fufinsiifi Dagaaginni qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11 irraa gara kutaa 12tti maal fakkaatu?

4.Qabiyyeen caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11 fi 12 maleenya kamiin dhiyaate?

5.Rakkoon dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa maal fa'i?

### 1.3 Kaayyoo Qorannoo

Kaayyoon bakka gurguddaa lamatti qoodamu.Isaanis:kaayyoo gooroo fi kaayyoo gooreeti.

#### 1.3.1 Kaayyoo gooro qorannichaa

Kaayyoon Gooroon Qorannichaa Xiinxala Dhiyaannaa Qabiyyee Caaslugaa Kitaaba Barataa Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa fi 12ffaa bara 2005 A.L.I. Itti Maxxanfame.

#### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

1. Dhiyaannaan qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11 fi 12 boqonnaalee hundumaa keessatti wal madaalaa ta’uu isaanii mirkaneessuu.

2.Walitti fufinsiifi dagaagina qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi 12ffaa boqonnaa gara boqonnaatti, maal akka ta’e adda baasuun ibsuu.

3.Walitti fufinsiifi dagaaginni qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa irraa gara kutaa 12ffaatti maal akka fakkaatan addeessuu.

4. Qabiyyeen caasluga kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi 12ffaa maleenya kamiin akka dhiyaate adda baasuu.

5.Rakkoo dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa maal akka ta’e adda baasuu.

## 1.4 Faayidaa Qorannoo Kanaa

Qorannoon kun adda dureen kan fayyadamu barattootaa fi barsiisoota godina Arsii Lixaa bulchiinsa magaalaa Shashamannee mana barumsaa sadarkaa lammaffaa kutaa 11ffaa fi kutaa 12ffaa barsiisanii fi baratan yoo ta’u, itti aansuun immoo namoota imaammata barnootaa bocanii fi silabasii kitaaba barataa Afaan Oromoo qopheessaniif galtee ta’uun gargaara. Kanamalees ogeeyyii barnoota kanneen sadarkaa adda addaa irraa jiran irra caalaatti warra sirna barnootaa afaanii irratti hojjetan baay’ee gargaara.Namoota gara fulduraatti mataduree qorataa kanaan walitti dhiyaataniif yaada ka’umsaa ta’aaf.Kanamalees qorannoon kun qorataa kanaan rakkooleen jiranii fi ciminni jiru erga gargar bahee barataa fi barsiisaa bira darbee hawaasa maraaf bu’aa qabeessa.Bu’aan qorannoo kanaa haala baruu fi barsiisuu galmaan ga’uuf shoora qaba.Hanqinoota jiran qorataa kanaan erga adda bahee booda,lafa rakkoo qabu kana fooyyeessuun kitaabileen daree lamaanii irra deebi’anii akka sakatta’aman bu’uura kaa’uun gara fulduraatti barnoonni fayyaa qabeessi dhaloota itti aanuuf akka darbu taasiisa.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Daangaan qorannoo kanaa kitaaba baratаa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi 12ffaa bara 2005 A.L.I qopha'ee irratti yoo ta'u,fuulleefffannaan isaa ammoo dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa gama walitti fufinsaa fi dagaagina qabiyyee akkasumas haala maleenya dhiyaannaa isaanii irratti. Qoratichi hanqina yeroo fi baajataa irraa kan ka'e qabiyyee caaslugaa keessaa kanneen akka:Birsagaa,dham-jecha,garee jechootaa,fufiilee,gaalee fi ciroo, gosoota himaa,henna,jechoota diiggalaa,walqabsiistoota,dhamsaga,otoolaa fi otoolta akkasumas gilgaalota isaanii qofa irratti xiyyeeffachuun kan xiinxalu yoo ta'u, qabiyyeen caaslugaa hafan ammoo daangaa qorannichaati ala ta'uusaati.Gama meeshaalee barnootaa sakatta'uu ilaalchisee kanneen qorannoo qorataa kanaaf bu'uura ta'an kitaaba barataati.Kan kana oliitti aanee immoo daangaan qorannoo qoraticha barsiisota fi barattoota godina Arsii Lixaa bulchinsa magaalaa shaashamannee mana barumsaa kuyyaraa sadarkaa 2ffaafi qophaa'inaa akkasumas mana barumsaa Shashamannee sadarkaa 2ffaafi qophaa'inaati.Barsiisoonni manneen barnootaa lamaanii keessa Afaan Oromoo barsiisan lakkoofsaan muraasa waan ta'aniif kanamalees qorannoo kana milkeessuu keessatti ga'ee qabu jedhee qoratichi waan itti amanuuf,hunduma isaanii kan filatu ta'uusaati.Barattonni mana barumsaa lameenii garuu baayina waan qabaniif karaa carraan qoratichi qorannoo isaaf galtee akka ta'utti filatee jira.

## 1.6. Hanqina Qorannicha

Adeemsa qorannoon kun geggeeffamu keessatti rakkoon qorataa muudate,hanqinaa bajataa,hanqina yeroo fi meeshaalee barnoota dhabuu fi kanneen biroo yoo ta'u,kan biraa immoo qorataan kun dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa kutaa 11ffaa fi 12ffaa gama faca'insa,walitti fufinsaafi dagaagina akkasumas maleenya dhiyaannaa ala bahee waan hin ilaalleef warreen hafan hunduu hanqina qorannichaa kanaati.Ta'us garuu qorataan hanqinoota muudatan kana maqsuun qorannoo bu'aa qabeessaa fi dhimmamtoota sadarkaan jiran kallattiin akka fayyaduuf osoo mogoleen isaa hin bu'iin ciminaan hojii milka'aa ta'e hojjetaa tureera.Hanqinoota gama qabiyyee caaslugaan jiran kana hundeen dhabamsiisuuf qaamoolee dhimmi ilaalu hunduu qorannoo qoratichaaf yaadas ta'ee jajjabina kennaniiru.

## 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shan qaba.Isaanis boqonnaan tokkoffaan, ariirata qorannichaa,ka'umsa qoraannichaa ,kaayyoo gooroo fi kaayyoo gooree ,gaaffiilee bu'uuraa qorannichaa,barbaachisummaa qorannichaa,daangaa qorannichaa,hanqina qorannichaa fi qindoomina qorannichaa ofkeessatti haammata.Boqonnaan lammaffaan sakatta'aa barruu ta'ee yaadrimeewwan mataduree qorannichaaf bu'uura ta'e bakka itti ibsamudha.Kana yoo jennu haayyoonni dhimma mataduree qorannoo kanaa irratti maal akka jedhan erga ibsamee booda qoratichi qorannoo isaa waliin walsimsiisaa bu'uura qorannoo isaa lafa kaa'a. kanamalees mataduree qorannichaa dhugoomsaa deema Kana jalatti wa'een walsimannaa meeshaalee barnootaa kanneen akka silabasii, qajeelcha barsiisaa fi kitaaba baratаa iddoo itti ibsamanidha.

Walumaagalattii as jalatti kan ibsamu,yaada haayyoonni afaanii kennanii fi ogbarruu firoominaa matadurichaan walitti dhiyeenya qaban irratti qorannoowwan geggeeffamanitu dhiyaata.Boqonnaan sadaffaa keessatti mala qorannichaa kan ibsu yommuu ta'u,qorannichi mala qorannoo walmakaan sakatta'insa adeemsifamudha.kutaa kana keessatti immoo tooftaa qorannichaa,madda ragaalee qorannichaa, meeshalee funaansa ragaalee,iddattoo,mala iddatteessuu fi malleen xiinxala ragaalee ittiin geggeeffamanitu keessatti dhiyaata.Boqonnaa arfaaffaa keessatti hiikaa fi xiinxala ragaalee odeeffannootu keessatti dhiyaata.Boqonnaa shanaffaa keessatti argannoo argame irrraa ka'uun gudunfaa fi yaada furmaata ni ta'a jedhameetu dhiyaata.

# Boqonnaa Lama

## 2. Sakatta’a Barruu

### 2.1. Yaadrimee Caasluga

Akka beektoonni afaannii ibsanitti, hiika caaslugaa isa bal’aafi isa dhiphaa jedhanii tarreessuun ni danda’ama.(Nasr,1972,Ur 1996;Atkins and etal,1995).Hiikni caaslugaa inni dhiphaan maalummaa caaslugaa isa durii duwwaa osoo hin taane kaayyoo,tooftaafi xiyyeeffannoo afaan barsiisuu duubatti hafaa hojii baruufi barsiisuu haalan kan ibsuudha.Malli kun jechoonni adda addaa himoota sirrii ta’an ijaaruuf walitti qindaa’u.Qinda’inni kun immoo caacculee afaanii adda addaa akka meeshaatti ofkeessatti qabata.Haala hiika kanaatiin kaayyoon barnoota caaslugaa himoota haalan sirrii ta’an ijaaruu danda’uudha.(Nasr,1972),(1996:75).Yaaduma kana Afaan Ingliziin yoo ibsan,”Grammar is some times defined the way the words are put together make correct sentence”jedhu.

Akka yaada kanaa olitti xiyyeeffannoo guddaan haala baruuf barsiisuu keessatti lataamu sirroomina himaatiif waan ta’eef,barattoonnifi barsiisoonni waliin dubbii ykn shaakala dubbiif bakka hin laatani.Haata’u malee gosti hiika caaslugaa kun akka Atkins and et al(1995) fi(Nasr,1972) jedhanitti,adeemsa baruufi barsiisuu keessatti cimina mataa isaaa qaba.Innis walitti dhufeenyi jechootaa hiika yookiin ergaa tokko dabarsuuf baay’ee barbaachisadha.

Hiikni bal’aan caaslugaa yoo isa dhiphaa kanaan madaallamu,caasawwan adda addaa sadarkaa sagaleeti hanga qaamoolee dubbii yookiin barreeffama himaa ta’anii ergaa guutuu dabarsuu danda’an mara.Garaagaruummaa sagaleessuu(variation in the pronounciation) kan qubeessuu(spelling variation) haalota saala afaan adda addaa keessatti addaan baasaniifi kan kana fakkaatan kan dabalatudha.(Ur1996:75).Akka yaada hayyuu kanaatti,rakkooleen garagaraa dubbii afaan lammaffaa keessatti muudachuu danda’an adda addummaa caasaalee garagaraa keessatti mul’ataniidha.

Akka ilaalcha duriitti “seerluga jechuun seera jechoonni hima keessatti uunkaafi walduraa duuba sirrii ta’e qabaniidha.”Haata’u malee,seerri kun yeroo hunda hojjechuu dhiisuu danda’a.Akka ilaalchota haayyota tokko tokkootti ammo seerluga jechuun karaa itti ergaa sirrii ta’e walqunnamtii kam keessattuu amma danda’ametti walitti qindeessan jechuudha.Ilaalchi kunis kan gargaaru akkaataa jechoonni haala murta’aa ta’e tokkoon walitti qindaa’an qofa osoo hin

taane karaa filatamaa ittiin walitti qindaa'anis ta'uu hubachiisa.Kanaaf xiyyeeffannoon caaslugaa bifa yookiin uunkaafi caasaa qofa irratti osoo hin taane,waa'ee afaanii barsiisuu irra dandeettii afaanichaa barsiisuu wayya yaada jedhudha.Kaayyoon caasluga barsiisuu akka barattoonni seera afaanichaa irratti hunda'anii daree keessattis ta'ee dareen alatti haala gaariin waliigalaniifi namoota isaan bira hin jirreef odeeffannoo rakkina hin qabne dabarsuu danda'aniif isaan gargaara.Haayyonni afaanii seerluga deeggaran barumsa afaanii keessatti shaakalli dhiyaatu haalli dhiyeenyaafi mala barsiisuu seerluga afaaniif ta'an deeggaramu qaba yaada jedhu hordofu.Kana jechuunis kitaabni barumsa afaaniitis dhimma seerluga afaanichaatiif xiyyeeffannoo kennuu qaba yaada jedhu ofkeessaa qaba.

Atkins,et al (1995) jecha caasluga jedhutti hiika laachuuf ammoo,yaada beektotaa ilaalchota lamatti qoodu.Akka ilaalcha duriitti caaslugni sirna seerota xinhimaa kan qindaa'ina himoota sirrii keessatti tartiibaafi akkina jechootaa murteessaadha.Ilaalchi inni biraa immoo caasluga karaa gocha walii galtee keessatti ergaan amma danda'ametti ga'umsaan akka itti qinda'u kan jedhudha.Ilaalchi kun haala jechoonni akkina wayitii qinda'u qofa osoo hin taane kam filatanii itti fayyadamuu akka qaban nama hubachiisa.

## 2.2. Qabiyyeewwan Caaslugaa

Dandeettii xinqooqaa keessaa qophii kitaaba barataa keessatti qabiyyeen ka'u tokko dhimma dandeettii seerlugaati.Seerluga barsiisuun afaan barachuufi barsiisuu keessatti dhimma baay'ee barbaachisaa ta'e dha.

Haata'u malee kophaa isaa osoo hin taane dandeetttiiwwan afaanii biroo waliin ta'uudhaani.Akka caasaa afaanitti sagalee,dhamsagoota,latiilee,jechoota,gaalee,himaa,hiika ilaallachuu danda'a.Qabiyyeewwan caaslugaa kunneenis sadarkaa adda addaa keessatti tartiiba isaanii eeganii kitaaba barataa keessatti dhiyaachuu qabu.(Yuunivarsitii Jimmaa,2007).

Yeroo baay'ee afaan barachuu jechuun hunda caalaa seerota ykn caasaalee afaan sanaa sirriitti beekuudha jedhanii warri kahan jiru.Barreessitoonni biroon ammo afaan tokko barsiisuu keessatti seerluga barsiisuun gahee xiqqoo qaba ykn gahee homaa hin qabu jeddhanii kahu.Haata'u malee barnoota afaanii keessatti caasaa afaanii tokko kophaatti xiinxaluunis ta'e seerluga barreeffama keessatti xinxalanii qeequun dandeetti barbaada waan ta'eef sirritti baratamuu qabu.(Yuunivarsiitii Jimmaa,2007)

Akka yaada kanaa olitti qabiyyeen caaslugaa kitaaba bararataa keessatti hammatamuu qaban;Xindhamsaga keessa:waa'ee sagaleelee dhubbifamafi dubbachiistoota ,seeroota birsaga,qindoomina sagaleewwanii ta'uu danda'a.Xiinlatii keessaa:waa'ee latiilee,akaakuu latiilee,latiilee horteefi uumamtee,garee jechoota,jechoonni afaan sanaa akkamitti akka uumaman akkasumas ulaagaa garee jechoota qoqqooduu ilaallachuu danda'a.Xiinhima keessa:waa'ee caasaa gaalee,miseensota gaalee,gosoota gaalee,caasaa,hima salphaafi xaxamaa,himoota adda addaa tajaajila isaaniitin,walsimannaa mathimaafi gochimaa,tajaajila gaaleewwan hima keessatti qaban fa'a.Xiinhiika keessatti:waa'ee hiika jechootaa,gaalee,himoota,waa'ee ergaa afaanii sadarkaa sagaleerraa hanga dubbii bal'aa jirutti ka'uu danda'a.

Akka Halliday(1994) ibsutti,Giriik durii irraa eegalee seenaa xinqooqaa warra Awurooppaa keessatti jalqaba uunkaa jechootatu qo'atamaa ture.Itti fufuun ammoo uunkaa jechoota kana ibsuuf haayyoonni caaslugaa uunkaa himoota(xinhima) qo'atan.Uunkaan kun erga ijaarramee ammoo gaaffii ergaa maal  dabarsaaf maal jedhamuu akka qabatu itti fufe.Akka cook(2001) kaa'utti qorannoo 2ffaa barruu yeroo baay'ee caaslugni beekumsa afaanii dubbatan sammuu keessaa qabuudha jedhu.Beekumsa kana ammoo dandeettii caaslugaa jechuun ramadu.Akka yaada kanaatti,dubbataan afaanii kamiyyuu osoo caasluga hin qo'atiin seera afaan dubbatuu miiran ni beeka.Kanaaf,dubbataan afaan dhalootaa sirna afaanichaa ni beeka.Beekumsi kun garuu dhokataa fi kan dhammaqina sammuu malee argame waan ta'eef,seera afaanii ibsuu hin dandeessisu.Yaadni kun akkuma jirutti ta'ee beekumsi dubbataan afaan tokkoffaa qabu dandeetti caaslugaa irratti dandeettii waliigaltee jedhamuun beekkama.Sababiin isaas waliigalteef fayyadama afaanii beeka malee haala ittii seerri afaanii qinda'u hin beeku kanaaf,caasluga baruu-barsiisuun seerota afaanii dammaqina sammuun hubachuu fi dandeettiiwwan afaanii gabbifachuuf oola jechuun yaada kana cimsa(Brumfit,1991).

Haaluma kanaan Ur(1988) beekumsaa fi dandeettiin caaslugaa barsiisuu keessatti dhimmoonni adeemsa akkamii fayyadamuufi tartiiba kamiin barsiisuu akka qabnu xiyyeeffannoo keessa galchuu qabna jedha.kun ammoo tooftaalee seerluga barsiisuu murteessaa.Akka Atkins,et.al (1995) jedhanitti,afaan dareetti dhiyaate shaakaalamu to'atamuu qaba.Barattoonni waan barsiisaan dareetti dhiyeessu yemmuu dhaggeeffataniifi shaakalan to'atamuun seerluga baratu.caaslugni baruu-barsiisuu keessatti irra caalaatti karaa dhokataafi ifa hin baaneen geggeffama.

Walumaagalatti,ibsa beektonni adda addaa irraa ka'uun hiikaan caaslugaa ibsa dandeettii xinqooqa afaaniiti.Caaslugni tuuta seerota afaaniti.Seeronni afaanii immoo kan lakkoofsaan beekamaa ta'ullee wal irraa maddisiisuun kan lakkoofsaan hin daagofne godhamuu danda'a.Walduba duuba dhufaatiin jechoota,gaaleewwaniifi ciroowwanii haala dubbatama afaanichaatti walfaanomuun yommuu dubbataman yookiin barreeffamaan seera afaaniin walsimuu barbaachisa.Tuutni seerota afaanii kun ammo,caasluga jedhama jedha(Ur,1996).

### 2.3. Haala Dhiyaannaa Caaslugaa

Kitaabileen caasluga ibsuun dhiyeessan baay'eedha.Xiyyeeffannaan isaanii seera afaan tokkoo kaayyoo waliigalaaf tarreessuun ibsuudha.kitabileen gosa kun ammoo kitaaboolee barnootaan garaagarummaa qabu.Akka Duulaan(2009) , Wilihams(1994) wabeeffachuun ibsetti,"kitaabilee barnootaa caasluga dhiyeessaniifi caasluga kaayyoo waliigalaaf ibsuun gabaarraa bitaman gidduu garaagarummaa guddaatu jira" jedhu.Kitaabni barnootaa caasluga barnootaaf dhiyeessu,caasaa afaanii haala barnootaaf mijatutti yookiin haala barsiisuuf salphatutti qindeessuun dhiyeessa.Akkasumas walitti fufaa fi adeemsa barnootaa walqabataa qaba.Caaslugni salphaarraa gara cimaatti qindaa'uun dhiyaata.Qindaa'inni kun immoo akaakuu seera afaaniirratti hunda'a.Akka yaada beektota kanaatti seerri afaan ittiin dhiyaatu haala kanaa gadiiti.

Seerri dhiyaatu dhugummaa qabaachuu qaba.Kana jechuun seerri barnootaaf dhiyaate kan barattootti waan godhanii fi hin goone adda baasee himu ta'uu qaba jechuudha.

Dhugummaa qabaachuu qaba. Seerri baratamu daangaa tajaajila uunkaa dhiyaatee kan ifa taasisu ta'uun barbaachisaa dha.

Ifaafi salphaa ta'uu.Seerri afaanii barnootaaf dhiyaatu haala dhiyeenya kamiinuu yeroo dhiyaate ergaa dabarsuuf ifa ta'uu qaba.

Kitaabilee barnootaa caasluga barsiisaniifi kitaabilee caaslugaa kaayyoo waliigalaaf ibsan kan adda godhu tokko haala salphisanii dhiyeessuuti kitabooleen caasluga kaayyoof ibsan haala walxaxaa hordofu.kitaabileen barnootaa garuu haala ifaa ta'een salphisanii dhiyeessu.Caaslugni barnoota waa'ee hariiroo afaaniifi barataa afaanii gidduu jiruuti.Caaslugni barnootaaf dhiyaatu kan gaaffii barataa deebisu ta'uu qaba.Kana jechuun caasluga sadarkaa fi fedhii barattootaa waliin walsimsiisuun barbaachisaadha

### 2.3.1.Haala Dhiyaannaa Ibsaa( Deductive Approach)

Akka haayyoonni(Haight,Heron and cole 2007) jedhanitti malli haala dhiyaannaa caaslugaa irratti waliigalameefi mijataa ta'an lama.Isaanis haala dhiyaannaa ibsaa fi haala dhiyaannaa fakkeenyaati.Dhiyaannaa ibsaa jechuun qabiyyeen barnootaa bal'aa irraa gara murta'aatti dhiyeessaa deema.Kunis qabiyyee baratamu sana ibsa kennuun yaadoolee waliigalaa irraa garaa yaadoolee murta'ootti babal'isa.Haala dhiyyaannaa kana keessatti seeraa afaanii sana ibsuun gara shaakalaafi fakkeenyoota garagaraa ce'ama(Thorn bury,1999)

Akka beektonni mala afaan barsiisuu ibsanitti,seera afaanii dhiyeessuun barattoonni seericha fakkeenya garagaraan akka shaakalan gochuun,tooftaa seerlugni ittiin barsiifamu keessaa tokko.Tooftaan kun adeemsaan seerluga barsiisuu osoo hin taane bu'aa giddu galeessa godhata.Akka hayyoonni(Atkins 1995,stern 1992) jedhanitti,unkaan seera barsiifamu barattootaaf ibsuun akka isaan hubataniifi shaakalan taasisa.Xiyyeeffannaa guddaan seera afaanii ibsuufkennama.Haala dhiheenya kanan seerluga barsiisuu keessatti barsiisaan,seera afaanii barattootaaf ibsa.Yeroo kana ammo uunkaa irratti xiyyeeffachuun booda hiika barsiisu.Itti aansee barattoonni seera afaanii dhiyaate shaakalanii akka baratan taasisa.Dhuma irratti itti gaafatamummaa hunda barattotaaf dhiisee darba.As irratti barsiisaan fakkeenya unkaa caasaa seerluga barsiisu dhiyeessuun ibsa laatama.

### 2.3.2.Haala Dhiyaannaa Fakkeenyaa(Inductive Approach)

Dhiyaannaan fakkeenyaa kun yeroo tokko tokko dhiyaannaa jalaa olee jedhamuun beekkama.Adeemsi dhiyaannaa fakkeenyaa yaadoolee murta'oo irraa ka'uun gara yaadoolee dimshaashaatti deema.Dhiyaannaa kana keessatti fakkeenya irraa ka'uun gara seera waliigalaatti ce'ama.Akka haayyuun(Thorn bury,1999) jedhutti, Haala dhiyeenya kanaan barachuu keessatti barattoonni caasaa haaraa baratan seerasaa osoo hin baratiin fakkeenya fayyadamuun shaakalu.Shaakala kana keessaa seera afaanii baasu.Haala dhiyaannaa kana keessatti fakkeenyota garagaraa haala adda addaa keessatti dhiyaachuun barattoonni akka shaakalan taasifamu .Shaakala fakkeenyotaa keessatti barattoonni seera afaanii barsiifamutti akka xiyyeeffataniifi caasluga akka irraa baasan taasifamu.Kun immoo akka isa duraa karaa ifa ta'een caasluga dhiyeessuun ibsa osoo hin taane karaa dhokatan barattoonni shaakala keessa caasluga akka baratan godha.Kanaaf,kan bu'aa irratti xiyyeeffate osoo hin taane adeemsa keessa caasluga barsiisa.Barattoonni dalaga keessa haala fayyadama afaaniifi hiika isaa hubachuun seerluga baru

(Atkins,et al,1995).Kaayyoon haala dhiyaannaa kanaa barattoonni caasaa seerlugaa irratti dammaqina akka qabatan taasiisuudha(Girma,2005).Kun immoo barsiisoonnis ta'ee barattoonni itti yaaduun seera afaanii baratamu irratti xiyyeeffatu.Dammaqinni kun immoo dandeettii xiinqooqaa barachuuf waan gargaaruuf akka mala barsiisuu tokkootti ilaallama.Haala dhiyeessi kana keessatti barattoonni caasluga waliigaltee uumu keessatti barachaa deemu.kanamalees akkinsa caasluga karaa ifaafi itti fufinsa qabuun haala uumamaa keessatti agarsiisa.Walumaagalatti dhiyeessi kana irratti caasluga unkaan osoo hin taane hiikaafi waliigaltee bu'uureffata.Kanaaf hubachuurraa gara itti fayyadamuutti darba.

### 2.3.3. Haala Dhiyeenyaa Bu'aa (product Approach)

Haalli kun yeroo baay'ee seerluga baarsiisuuf uunkarratti kan xiyyeeffatedha.Kunis kan raawwatamu barattoonni irra deddebi'anii seericha baratan akka jedhan,akka yadatanii fi seerlugicha akka ibsan taasiisuunidha.Rakkoon dhiyeenya kanaa barattoonni seerluga afaanichaa sirritti beeku garuu dareen ala itti fayyadamuu hin danda'an.

### 2. 3.4. Haala Dhiyeenya Adeemsaa (Process Approach)

Halli dhiyeenya adeemsaa kun seerluga barsiisuuf uunkaa yookiin caasaa afaaniichaa osoo hin ta'iin seerluga caasaa afaanichaa kanatti dhimma bahuun ofibsuu qabu jedha.Amalli haala dhiyeenya kanaa inni guddaan barattoonni walii dubbii keessatti akka qooda fudhatan gochuudha.Walumaagalattii kaayyoon haala dhiyeenya kanaa seerluga barataa waliigaltee daree keessaafi alatti oolchuuf beekumsa walirraa fudhachuudha.

### 2.3.5. Haala Dhiyeenya Dandeettii (Skill Approach)

Maloonni afaan barsiisuu hedduun akka jedhanitti akkuma konkolaachisuu,kubbaa taphachuufi kanneen biroo ogummaadha.Barataan seerluga barachuu kan danda'u gochaan agarsiisuuni jedha.Barataan haala dhiyeenyaa ogummaatiin fayyadamu tokko shaakala ijoo ta'an lama raawwachuu qaba.Inni tokkoffaan barattoonni seerluga afaanichaa akka qayyabatan gargaaruufi mataa isaaniitiin seerluga akka qayyabataniifi hiika isaa akka hubatan carraa kennuudha.Shaakalli inni lammaffaan immoo barattoonni barnoota ofii akka karoorfatan akka ofuma isaanii ciminaa fi dadhabbina isaanii ilaalaniifi tarsiimoo gaarii seerluga ittin baratan akka lafa kaa'atan gargaaruudha.

## 2.4. Haala Qindoomina Caaslugaa

Malli afaan barachuufi barsiisuu durii caasluga barsiisuuf uunka irratti hunda’a.Kanaaf qaama caasluga barsiisuuf kitaaba barnootaa keessatti tarreessee eenyu akka dhiheessu beektonni ni ibsu.Mala kana keessatti xiyyeeffannaan uunka caaslugaaf waan kennamuuf,gilgaala shaakaluu irra ibsaaf bakka laata.Gilgaaloonni shaakalaaf dhiyaatanis kan adeemsa keessa caasluga barsiisuuf qopha’an osoo hin taane kan bakka uunkaan tokko hanqina inni afaan keessatti qabu agarsiisuuniidha.(Richard fi Renandya,2002)

Haata’u malee malli yeroo ammaa afaan barachuufi barsiisuuf hordofamaa jiru,mala afaan waliigalteef barsiisuuf akka ta’e ibsameera.Akka Nunan(1989)Ibsutti,mala afaan waliigalteef barsiisuu keessatti halli dhiyeenya dalaga irratti hunda’e gilgaalaaf bakka guuddaa qaba.Haala dhiyeenya kana keessatti adeemsi baruuf barsiisuu gocha barattoonni dalaguun afaan baratan irratti hunda’a. Gochi kun immoo gilgaalota adda addaa dalaguudha.Haala dhiyeenya kanaa barsiisuuf, barsiisan qaama afaanii baratamuuf gilgaalota qinda’e dhiyeessa.Barattoonni ammoo gilgaalota dhiyaatan dalaguu keessa seeraa afaanii baratu.

waliin filatamuu qabu.

### 2.4.1 Walitti Fufinsa Qabiyyee (Continuity)

Dirribaa (2008),Tasfaayee (1981) wabeeffachuun yoo ibsu,walitti fufinsi gosa barnootaa tokko keessatti qabiyyee deddebi’ee dhufu ta’ee garuu guddachaa ykn bal’achaa kan deemudha jechuun ibsa.Walitti fufinsi akka caasaa sirna barnootaatti,qaabiyyeewwan barnootaaf oolan kutaa murta’aa keessattis ta’ee kutaawwan itti fufan keessatti jiraachuu qaba.Sababiinsaas,barataan tokko yaada sana irra deddeebiin yoo barate ergaa yaada isaa gadi fageenyaan akka hubatu isa taasiisa.Kanaafuu,kitaaba tokko keessattis ta’u kutaawwan itti aanaan keessatt qabiyyeen filatame walitti fufinsa qabaachuun caaseeffamuu qabu.Yaada kana irraa ammo wanti nuti hubannu walitti fufinsi,boqonnatiii boqonnaatti,akkasumas kutaatii kutaatti darbee argamuun qabiyyee tokkoo hubannaa barattootaa cimsuuf baay’ee barbaachisaa ta’uu isaati.

### 2.4.2 Dagaagina Qabiyyee

Dirriba (2008),Tasfaayee (1981) wabeeffachuun dagaagina qabiyyee walitti fufinsa qabiyyeetiin kan walitti dhufeenya qabu yoo ta’ellee addaa addummaa ni qabaatu.Kunis sirna barnootichaa

keessatti qabiyyeen dhiyaatu sadarkaasaatiin dabalaafi gadi fageenyaan cimaa akka deemu kan taasisudha.

Dagaaginni dhimma irra deddeebii osoo hin taane dhimma guddachaa fi bal'achaa deemuu kan ilaallatudha jedhu.Walitti fufinsi qabiyyee qofaasaa gahaa miti.Kanaaf,walitti fufinsa keessa gabbinni yaadaa ykn dagaaginni qabiyyeewwanii jiraachuu qaba.Sabaabnisaas,walitti fufinsa sana keessatti yaanni haaraan dame horachaa deemuu qaba.Sana ta'uu baannaan barataan waan haaraa waan hin arganneef barumsichi ni nuffa:Ni tuffata kanamalees barumsa jibbaa deema.Kanaaf,akkuma boqonnaarraa boqonnaatti akkasumas,kutaarraa kutaatti walitti fufinsi qabiyyee barbaachisadha.Walitti fufinsa kana keessatti ammoo dagaaginni qabiyyee murteessaadha.Kanaaf akkuma kutaan guddachaa adeemu qabiyyeenis salphaa irraa gara walxaxaattii guddachaa deema.Dagaagina qabiyyee sirnaan eeguuf qindoominni dalgee fi olee murteessaadha.Itti fufinsi qabiyyeen tokko dhimma tokkorra deddeebi'ee dhufuusaa kan ilaallatu yoo ta'u,walduraa duuba dhufinsi ammoo,tokko tokkorratti bu'uureffachuufi guddachaa deemuusaa agarsiisa.

### 2.4.3. Barbaachisummaa Walitti Fufinsaafi Dagaagina Qabiyyee

Dirriba (2008),Tasfaayee (19881),wabeeffachuun akka ibsetti gosa barnootaa tokko keessatti qabiyyeen dhiyaatu walitti fufinsa hin qabu taanan hariiroon boqonnaa boqonnaatti akkasumas,kutaafi kutaa giidduu jiru citaa ta'a.Kun ammoo akka barataan waan baratu sana sirnaan hin hubanne gochuu keessatti gahee taphata.Kanaaf,meeshaalee barnootaa qopheessuu keessatti walitti fufinsi qabiyyee daran barbaachisaa ta'uu nu hubachiisa.Haaluma kanaan,walitti fufinsi qabiyyee qofaasaa gahaa miti. Kanaaf walitti fufinsa keessatti gabbinni yaadaa ykn dagaaginni qabiyyee jiraachuu qaba.Walitti fufinsa sana keessatti yaanni haaraan dame horachaa deemuu qaba.Sana ta'uu baannaan barataan barnoota baratu san jibbaafi nuffaa adeema.Kanaafuu,akkuma kutaa tokko keessatti boqonnaarraa boqonnaatti akkasumas,kutaa gara kutaatti walitti fufinsi qabiyyee barbaachisu,bakka lamaanittuu walitti fufinsa keessatti dagaaginni qabiyyee barbaachisaa jedha,(Dirribaa,2008).

Qabiyyeewwan barnoota afaanii yeroo qinda'u gochaalee qabiyyee kunnin waliin dhiyaatanis haala qabiyyeen itti qinda'u yommuu ilaallu:Qindoomina olee(vertical organization) fi qindoomina dalgee(horizontal organization) jedhamuun karaa lamaan qinda'uu danda'a(Tashooma 1998 )

- Qindoomina Olee (Vertical Organization):Qindoominni olee qabiyyeen barnootaa yeroo dhiyaatu kutaadhaa gara kutaatti guddachaa ykn bal'achaa kan adeemu ta'uu isaati.Kana jechuun akkuma dareen barnootaa dabalaa deemuun qabiyyeen baratamus salphaa irraa gara walxaxaatti guddachaa kan adeemudha.Kana keessatti itti fufinsi qabiyyeen tokko haala tokkorra deddeebi'ee dhufuusaa kan agarsiisuudha.Akkasumas walduraa duubaa dhufinsi immoo tokko tokko irratti bu'uureeffamuun guddachaa deemuu agarsiisa.
- Qindoomina dalgee (Horizontal Organization):Qindoomina dalgee jechuun qabiyyeen barnoota kennamuu boqonnaadhaa gara boqonnaatti bal'achaa dagaagaa qaabiyyeen kutaa murta'e sanaaaf laatame tokko isa kan biroon walitti hidhamee wal gabbisaa kan deeman yeroo ta'udha.Walitti hidhaminsa kana keessatti irra deddeebiin qabiyyee ni mul'ata yeroo kana qabiyyeen dhiyaatu sun babal'achaafi dagaagaa deema.Kunis kan madaallamu ulaagaa walitti dhufeenyaa (integration) jedhamuuni.

Barnoonni afaanni kutaa tokkotti laatamu tokko tokko bu'uureeffachuun wal irratti ijaarramaa kan deemu ta'uu qaba.Kanamalees qabiyyeen tokko kutaa barnootaa keessatti boqonnaadhaa gara boqonnaatti suuta suutaan salphaa irraa gara walxaxaatti dagaagaa akkasumas bal'achaa deemuun barattoonni qabiyyee waan baratanii bifa wal irratti ijaarrameen qabiyyee barnootichaa irratti hubannoo isaanii gabbifachaa adeemu.

### 2.5. Madaallii Caaslugaa Kitaaba Baraataa

Kitaabileen caasluga ibsuun dhiyeessan hedduudha.Xiyyeeffannaan isaanii seera afaan tokkoo kaayyoo waliigalaaf tarreessuun ibsuudha.kitaabileen gosa kanaa ammoo kitaaba barnootaan gargaarramuu qabu.

Akka Duulaan(2009),Bygate and Williams(1994) wabeeffachuun ibseetti,"kitaabileee barnootaa caasluga dhiyeessaniifi caasluga kaayyoo waliigalaaf ibsuun gabaa irraa bitaman gidduu garaagaruummaa guddaatu jira"jedhu.Kitaabni barnoota caasluga barnootaaf dhiyeessu,caasaa afaanii haala barnootaaf mijatutti yookiin barsiisuuf salphatuutti qindeessuun dhiyeessa.Akkasumas,walitti fufaafi adeemsa barnootaa walqabataa qaba.Caaslugni salphaa irraa gara cimaatti qindaa'uun dhiyaata.Qinda'inni kun ammoo akaakuu seera afaanii irratti hunda'a.Akka yaada beektota kanaatti seerri afaanii dhiyaatu ulaagaalee armaan gadii guutuun barbaachisaadha.Isaanis

Seerri dhiyaatu dhugummaa qabaachuu qaba:kana jechuun seerri barattootaaf dhiyaate kan barattoonni waan godhaniifi hin goone adda baasee himu ta'uu qaba jechuudha.Daangaa qabaachuu:seerri baratamu daangaa tajaajila unkaa dhiyaate kan ifa taasisu ta'uun barbaachisaadha.Seerri dhiyaate tokko dhugaafi ibsi kan itti laatame ta'ullee daangaa unkaa dhiyaate keessatti tajaajiluu danda'uufi bakka barattoonni itti fayyadamaniifi itti fayyadamuu hin qabne ifa godha.Iftummaa:Seerri afaanii barnootaaf dhiyaatu haala dhiyeenya kamiinuu yeroo dhiyaate ergaa dabarsuuf ifaa ta'uu qaba.Akka beektonni kun ibsanitti,seera afaanii dhugaa ta'ee iftummaa hin qabneerra,seera ifaa garuu dhugaa hin taaneen ergaa hubachuutu salphata.

Salphaa:kitaabilee barnootaa caasluga barsiisaniifi kitaabileen caasluga kaayyoo waliigalaaf ibsan kan adda godhu tokko haala salphisanii dhiyeessuuti.Kitaabileen caasluga kaayyoo waliigalaaf ibsan haala walxaxaa hordofu.Kitaabileen barnootaa garuu karaa ifaa ta'een salphisuun dhiyeessu.Innis yaada walxaxaafi waliigala ta'een kan bira darbu osoo hin taane haala to'atamuufi baratamuu danda'uun dhiyeessa.Fakkeenyaaf,unka xixiqqaatti gadi-buusee caccabsuufi qoqqooduun yaada walxaxaa hintaasisu.Caaslugni dhihatu salphaafi ifa ta'uu qofti gahaa miti.Ibsa walxaxaa ta'u jechoota haala sana keessatti ifa ta'anitti gargarramuun salphisuun barbaachisaadha.Kana qofa osoo hintaane yemmuu waliigaltee garagarummaan yaad-rimee barreessaafi dubbisaa yookiin dubbataa fi dhaggeeffataa gidduutti ni mul'ata.Kanaaf,haala ga'umsa qabuun waliigaluuf yaad-rimee akaakuu meeshaalee fayyadamanii xiinxaluun barbaachisaadha.

Barbaachisummaa:caaslugni barnoota wa'ee hariiroo afaaniifi barataa afaanii gidduu jiruuti.Kanaaf caaslugni barnootaaf dhiyaatu kan gaaffi barataa deebisu ta'uu qaba.Kana jechuun caasluga sadarkaafi fedhii barataan walsimutu barbaachisa jechuudha

### 2.6.Gilgaalota Caaslugaa

Nunan (1989);Been (1987) wabeeffachuun yoo ibsu,afaaan kaayyoo tokkoo qabiyyee mijataafi adeemsa hojii murta'aan baratamuuf caaseeffame gilgaalotaan gaggeeffama.Kanaaf,dalagaaleen karoora hojii hedduun kanneen adeemsa kaayyoo afaan barachuu hunda sissi'eessuuf gargaaran gilgaaloota salphaafi ifoo ta'an irraa gara ciccimoofi walxaxaa ta'anitti qinda'uun dhiyaataniidha karaa biraatiin,barattoonni cicata gilgaala irraa argataniin haala qabatamaan dalagaa adda addaa hojjechuu danda'u.Gilgaaloonni barattootaaf dhiyaatan hanga danda'ametti haalaa qabatamaa dhugaan kan walitti dhiyaatan ta'uu qabu.

Haaluma walfakkaatuun akka Richards,Renandiyan(2001) Prabhu (1987) akka ibsanitti gilgaaloonni ykn dalagaaleen gocha barattoonni odeeffannoo adeemsa barumsaan argatan gargaarramuun waan barataniin milka'uuf rawwatanidha.Adeemsi barnoota afaanii ammoo,gochaalee gilgaalan dhiyaatan dalaguu ykn shaakaluu irratti kan xiyyeeffatedha.Meeshaaleen barnoota afaanii barsiisuuf qopha'an qabiyyeewwan qindeessuuf adeemsa afaan barachuu tilmaamame keessatti dalagaalee gilgaalotaaf xiyyeeffannoo kennuudha.Sababiin isaas unkaa afaanii barnootaaf dhiyaatu gilgaalotaan shaakalamuun baratama. Kanaafuu haalli gilgaalli itti qindaa'ee shaakalamu adeemsa barnoota mul'isuu danda'a jechuudhaan ibsanii jiru.

Akka yaada haayyoota kana irraa hubachuun danda'amutti,gilgaalli dalagaa barnoota afaanii keessatti raawwatamu ta'ee;kitaaba barnootaatiin qinda'ee kan dhiyaatudha.Yaadni ogeeyyii afaanii sadiin armaan olitti heerramanis maalummaa gilgaalaa irratti kan walii galan yommuu ta'u,dhiyeenyi sadarkaa isaa eeggate barnoota afaanii keessatti barbaachisaa akka ta'e kan nama hubachiisudha.

Nunan(1989),akka ibsetti gilgaalli dalagaa barattoonni ciicata barnootaa argataniin haala qabatamaa keessatti dalagaan kan murteessu gaaffilee adda aaddaati. Kana waan ta'eef,gilgaaloonni barnootaaf dareetti dhiyaatan haala qabatamaan dhugaan walfakkaachuu qabu.Akkuma hubatamu malli yeroo ammaa afaan barachuufi barsiisuuf hordofamaa jiru,mala afaan waliigalteef barsiisuuti.Akka Nunan (1989) ibsetti mala afaan waliigalteef barsiisuu keessatti dhiyaannaan dalaga irratti hunda'e gilgaalaaf bakka guddaa qaba.Dhimma kana keessatti adeemsa baruuf barsiisuu gocha barattoonni dalaguun afaan baratan irratti kan hunda'edha.Gochi ammoo gilgaala adda addaa dalaguudha.Dhiyaannaa afaan waliigalteef barsiisuu kanaan barsiisuuf barsiisan qaama afaan baratamuuf gilgaalota qinda'an dhiyeessa barattoonni ammo,gilgaalota dhiyaatan dalaguu keessa afaan baratu.Nunan(1989

Haaluma walfakkaatuun,Nunan(1989),gilgaaloonni barnootaa akkaataa hubannoofi dandeettii barattootaa irratti hundaa'uun qindaa'uun sadarkeeffama.Adeemsa tartiibeessuufi qindeessuu gilgaalota hubannoo irratti hunda'an irraa ka'uun gara gilgaalota to'annaan dalagamaniitti adeemama.Dhuma irraatti ammoo gilgaalota waliigaltee dhugaatti barattota hirmaachisantu dhiyaata.

Akka yaada Nunaan kana irraa hubachuun danda'amutti,gilgaalli barnoota dareetti barataaf dhiyaatu qinda'uun sadarkeeffamuun dhiyaatu qaba.Haalli ittiin sadarkeeffamu ammoo hubannoofi dandeetti barattotaa irratti kan hunda'e ta'uu qaba.Innis,sadarkaa bilchina sammuufi hubannoo barattootaa xiyyeeffannoo keessa kan galche ta'ee;yaada kamtu dura dhufuufi kamtu itti aaneee dhufuu qaba kan jedhuun kan walqabatedha.Sababiinsaa hubannoofi dandeettiin barattoota sadarkaa tokkoffaafi barattoota sadarkaa lammaffaa kan walgitu miti.Waan kana ta'eef,sadarkeessuun hubannoofi dandeettii barattootaa kan giddu galeessa godhate ta'ee;hiika jechootaa akkasumas ogummaa afaanii kamiyyuu sadarkaa cimaatti,yaada ifaa ta'e irraa gara yaada walxaxaatti;yaada murta'aa irraa gara yaada dimshaashaatti qinda'uu qaba.(Nunan,1989

### 2.6.1.Amaloota Gilgaala Gaarii

Akkuma Nunan (1989),qorannoo gaggeesseen ibsetti,gilgaalli afaan itti shaakalamuun baratamu haala adda addaan akka dhiyaatu lafa ka'ee jira.Kana irratti hunda'uun gilgaalli barnootaa bifa ittiin dhiyaatuufi qaama afaanii baratamu shaakalchiisuun amaloota qabaachuu qaban jedhee yaade akka armaan gadiitti tarreessuun addeessee jira.Gilgaalonni barnoota afaanii gaariin:

- Barattoonni ogummaa afaanii barataniin hojjechuu fi shaakaluu akka danda'an kan isaan taasisu ta'uu.
- Haala qabatamaa jiru irratti hundaa'uudhaan kan dandeettii waliigaltee daree barnoota keessatti shaakalchisuu.
- Barattoonni rakkoo furuun gara yaada goolabatti akka ce'an kan hirmaachisu ta'uu.
- Wantoota qabatamoo yookiin dhugaa ta'an irratti kan hunda'u ta'uu.
- Barattoonni akka irra deddeebi'anii shaakalan kan isaan taasisu ta'uu.
- Barattoonni akka odeeffannoo waljijjiiran kan hirmaachisu ta'uu.Walumaagalatti akka hayyuun kun ibsetti,gilgaaloonni barnoota afaanii keessatti ogummaan afaanii barnootaaf dhiyaate kan ittiin shaakalamu waan ta'eef bakka guddaa qaba.Gilgaaloonni kun ammo,haala barataan shaakaluu danda'uun dhiyaachuun isaanii amala gilgaala gaarii isaan jechisiisu akka qabaatan yaada kanaa olii irraa hubachuun ni danda'ama.

### 2.7.Kitaaba Barataa

Kaayyoon sirna barnootaa galma barbaadame bira akka ga'uuf meeshaan sirna barnootaa jiraachuun isaa barbaachisaadha.Kunis meeshaaleen sirna barnootaa kunneen kaayyoowwan

sirna barnootaa keessatti hojiirra oolan ta'uusaati.Yaada kana ilaalchisee dhaabbanni ICDR,NEK.International consultancy(1999:39) yommuu ibsu

Many educator believe that the curriculum is means Through which education is transacted and in order to do this there is need for some curriculum materials through which the curriculum transmits it's message convey it's meaning and value. This curriculum materials includes the syllabus and different interactional materials such as text,teacher's guide,and teaching aids.

Akkaa yaada armaan olii irraa hubatamuun danda'amutti sirni barnootaa karaa kaayyoon barnootaa ittiin darbuu fi kan meeshaan sirna barnootaa ergaa barnootaa dabarsuuf tajaajila ofkeessatti qabate ta'uusaa fi meeshaaleen sirna barnootaa kunneenis kaayyoo sirna barnootaa karaa sirrii fi hiika qabeessa ta'een gara qaama dhimmi ilaallatu bira ittiin gahudha.Haala kanaan meeshaa sirna barnootaa keessaa kanneen akka kitaaba barataa,qajeelcha barsiisaa fi meeshaa deeggarsa barnootaa yoo ta'an,kitaabni barataa meeshaa adeemsa baruu fi barsiisuu irratti heddumminaan manneen barnootaa keessatti argamu ta'uu hubanna.

Akka Cuningsworth(1995).Richards fi Rodgers(1986) ibsanitti,kitaabni barataa bakka qabiyyeen gilgaalotaa itti shaakalamudha.Iddoon barataan qabiyyeewwan barnootaa garagaraa irratti argachuu kitaaba barataa sirna barnootaatiin qopha'u keessatti bal'inaan qindeessuu fi dhiyeessuun barbaachisaa akka ta'e dubbatu.Akka Ricard (2002:65) ibsutti," kitaabni barnootaa kan barsiisu qofaa osoo hin taane kan madaalus ta'uu qaba"jedha.Haaluma kanaan kitaabni barnootaa tokko yommuu qopha'u wantoota kanneen armaaan gadi ofkeessatti haammachuu qaba.Aadaa,safuu,duudhaa,naannoo fi feddhii barataa kan giddugaleeffat ta'uu qaba.Kaayyoo barnootichaa guutumaatti kan ofkeessatti hammate ta'uu qaba.Kitaabni barataa qajeelchaa barsiisaa fi silabasii waliin kan walsimate ta'uu qaba.Gilgaalonnii fi hojileen garagaraa qabiyyee boqonnaatiin walsimatee dhiyaachuu qaba.Fedhii,umurii fi garagarummaa dhuunfaa barattootaa kan giddugaleeffate ta'uu qaba.Hawwataa ta'ee kan dhiyaatuu fi dogoggora kamirraa bilisa ta'ee dhiyaachuu qaba.

Akkatuma kanaan kitaabni barataa Afaan Oromoo kutaa 11$^{ffaa}$ fi 12$^{ffaa}$ silabasii barnootaa irratti hunda'uun qindoominni haala dhiyaannaa qabiyyee caasaa afaanii hubannaa baraataa bu'uureeffachuun qinda'uu qabu.Caasaan afaanii kun yeroo ijaarraman fedhii fi dandeettii barattoota akkasumas dhugummaa hawaasicha keessa jiruuf xiyyeeffannoo kennnun qophaa'uu qaba.Kitaabni barataa wantoota dhugummaa fi haqummaa kitaabichaa fi kaayyoo barnootichaa

mirkaneessuu danda’an wantoota kanneen akka dhugummaa qabachuu,salphaa ta’uu,daangaa qabachuu,iftoomina qabachuu,barbaachisumma qabachuu,hunduma galeessa kan ta’e,barattoota wajjiin kan deemu ta’uu,barattoota sana biratti kan beekkame ta’uu qaba.

Swan cited in Thorn (1999:32) akka ibsutti,kitaaba barataa keessatti qabiyyeen barnoota afaanii tokkko kanaa gaditti tarreeffaman ofkeessatti guutatee qabaatee argamuu qaba.Dhugummaa qababaachuu qaba.Kunis qabiyyeen ifaafi karaa sirriin kan dhiyaatu ta’uu qaba.Qabiyyeen dhiyaatu tokko sirriidha jechuu dandeenyu haala dubbatan afaan sanaa itti tajaajilamuutti kan dhiyatu yoo ta’eedha.Sababiin isaas seerri afaan tokkoo inni dhugaan dubbataa fayyadamaa sanaa bira waan jiruufidha.

Akka Harmer(1987) ibsutti,qabiyyeewwan barattoonni baratan seera afaanii ka’aniif deebii kennuu danda’uu qabaatu qabu.Dabalataanis rakkoo barattootaa caasluga waliin walqabateef ka’uufis furmaata waaraa kennaa deemuun barbaachisaa akka ta’e haayyuun kun ni dubbatu.Hunda galeessummaa qabachuu qaba.Kana jechuun dandeettiiwwan afaaniifi qabiyyeewwan caaslugaa jiraniif xiyyeeffannoo walqixa kennuu qabata.Haalaa fi fedhii barattootaa waliin kan deemu ta’uu qaba.Kunis dandeettii barattootaa,seen duubee barattoota sanii,fedhii barattootaa,kaayyoo barnoota afaanii,yaaxxina barumsaaa fi afaanii waliin kan deemu ta’uu qaba.

Qabiyyeen afaan barsiifamu tokkoo karaa salphaa ta’ee barattoonni hubachuu danda’aniin dhiyaachuu qaba malee karaa walxaxaa ta’een dhiyaachuu hin qabu.karaa biraan haayyuun Cook.G(2003)akka ibsutti,gaheen xiinqooqo hujoo keessaa inni bu’uuraa mala baruu fi barsiisuu, haala dhiyeessa qabiyyee barnootaa fi tarsiimoo barachuu afaanii fi k.k.fa’a.Bifuma kanaan xiinqooqni hujoo qajeelfama irratti hunda’ee dandeettii afaan barsiisuudhaaf qabiyyeewwan sadarkaa adda addaatti barataman sakatta’uudhaan adda baasee qopheessa.

### 2.7.1 Iftoomina Qabachuu Kitaaba Barataa Ilaalchisee

Dirribaa (2008) Mc Donough and Shaw (1993) wabeeffachuun ulaagaa kitaabni barnootaaf dhiyaatu tokko guutuu qabu ilaalchisee iftoomaafii yaadrimee qabaachuu akka qabu ibsaniiru.Kana irraa immoo wanti hubannu qabiyyeen barnootaa kitaaba tokko keessatti dhiyaatu karaa ifa ta’eefi hubatamuu danda’uun akkasumas,qabxiilee ka’umsaa hirmaannaa barattootaaf karaa saaquu danda’uun akka dhiyaachuu qabantu ibsame.

### 2.8.Sakatta'a Barruu Walfakkii

Mataduree kana jalatti barruulee dhiyaannaa qabiyyeetiin hariiroo yookiin walitti dhufeenya qaban akkasumas madaallii kitaabatiin walqabatanii hojiilee hojjetamantu dhiyaate.Matadureen barruu walfakkii kana jalatti barruuleen walitti dhufeenya qabaniin afaan Ingiliiziitiitin qopha'an qorataan sakatta'amanii qorannoo kanaan walcinaa qabamanii ilaallamaniiru.Kanamalees,kanneen Afaan Oromootiin kitaabilee Afaan Oromoo kutaalee kanneen walqabatan geggeeffamanis sakatta'amanii jiru.Barruleen kunis haala dhiyeenya caaslugaa irratti hamma tokko kitaabileen walqabatan malee kallattiidhaan walitti dhufeenya hin qaban.

Geremew,1994 ga'umsa gilgaalota dammaqina caaslugaa kenniin Afaan Ingilizii akka afaan alaatti barsiisuu jechuun barattoota kutaa 9ffaa irratti qorannoo geggeessee jira.Haalli qorannicha itti taasifame qorannoo yaaliti. Barattoota daree lamatti hiruun garee duraa caasluga gilgaalota kitaaba barataa keessatti dhiyaate barsiise. Garee lammataa ammoo gilgaalota dammaqina seerlugaa kennan qopheesse.Argannoo isaa irraa gilgaalota kitaaban baratan caalaa garee gilgaalota dammaqina caasluga kennaniin baratantu bu'aa qabeessa ta'e qorannoon kun garaagaummaa garee lamaan irratti xiyyeeffata malee qindoomina haala dhiyaannaa qabiyyeefi walitti hidhaminsa qabiyyee miti.

Kan biraa qorannoo Tsiggee (2017) xiinxala walsimannaa walsimannaa qabiyyee silabasii,kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa irratti xiyyeeffate mataduree jedhu irratti qorannoo geggeessite jirti.Akkaataa argannoo isheetiin hanqinaalee mul'atan eertee jirti.Kunis qabiyyeen tokko tokko tokko silabasii keessa jiraatan illee kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa keessa bifa walsimannaa hin qabneen jiraachuudha.Akkasumaas gaaffilee kitaaba barataa keessatti ka'aniif qajeelcha barsiisaa keessaa deebiin dhabamuu.Kaayyoon qabiyyeewwanii walsimachuu dhabuu argannoo isheen eertee jirti.Qorattittiin hanqinalee mul'ataniif yaada furmaataa keesset jirti.Yaada furmaataa isheen keesses qaamooleen dhimmi ilaalu,haayyoonni afaanii fi qopheessitoonni sirna barnootaa afaanirraa eegalee qaamooleen barnoota irratti hojjetan sadarkaa sadarkaan jiran yeroo yeroon walsimannaa meeshaalee barnootaa madaaluu,hordoffii wal irraa hin cinne taasisuu fi fooyya'insa qorannaan deeggarame gohuun gaarii akka ta'e ibsiteetti.Qorannoon ishee mataduree qorataa waliin hariiroo qabaatus garaagarummaan isaan qaban

hedduudha.Matadureen qoratichaa walsimannaa meeshaalee barnootaa qofa osoo hin taane haala dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa fi walitti hidhaminsa qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi 12ffaa irratti fuulleeffata.

Haluma walfakkaatuun Beetel Malkammuu(2010) xiinxala haala dhiyeenyaafi walsimannaa caaslugaa kitaaba barataa kutaa 9ffaa fi 10ffaa.Matadureen qorattitti mataduree qorataan hariiroo cimaa qabatan illee garaagarummaan isaanis hammasuma bal'aadha.Fulleeffannoon qoratittii kitaaba barataa kutaa 9ffaa fi 10ffaa yoo ta'u,fuulleeffannoon qorataa ammoo kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11 fi 12ffaadha kanamalees xiyyeeffannaan qoratichaa haala dhiyeenya qabiyyee caaslugaa gama walitti fufinsaa fi dagaaginaan jiruu fi haalaa maleenya dhiyaannaa qabiyyee caaslugaati.

Haaluma kanaan Dirribaa Dabalee(2008) Xiinxala dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi 12ffaa:Ija walitti fufinsaa fi dagaagina qabiyyeetiin kan jedhu,mataduree qoratichaan hedduu walfakkeenya kan qabu yoo ta'uu, kan lachuu wal fakkeessuu dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa gama walitti fufinsaa dagaaginaatiin yoo ta'u,haata'u malee qabiyyee caaslugaa Dirribaan hin ilaalle qoratichi ilaale kan jiruu fi haala maleenya dhiyaannaa qabiyyee caaslugaas qoratichi itti dabaluun sakatta'eera.

Kanamalees Margaa Hinkoosaa(2010) Sakatta'a dhiyaannaa uunkaa fi caasaa henna kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi 12ffaa kan jedhu hanga tokko mataduree qorataatiin walfakkeenya kan qabanidha.Margaan qabiyyee caaslugaa henna qofa irratti xiyyeeffachuun haala dhiyaannaa qabiyyee qabiyyee kan sakatta'edha. Kanamalees uunkaa fi caasaa qabiyyee caaslugaas sakatta'eera.Qoratichi garuu qabiyyeewwan muraasa fudhachuun haala dhiyaannaa isaanii qofa kan sakatta'edha.

# Boqonnaa Sadii

## 3. Malleen Qorannoo

### 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Malleen qorannoo adda addaatu jiru.Kanneeen keessaa mala ammamtaafi akkamtaa maqaa dhahuun ni danda'ama.Malli ammamtaa ragaa lakkoofsaan safaramu funaanuuf kan dhimma itti baanu yommuu ta'u;Malli akkamtaa ragaalee lakkoofsaan hin ibsamne walitti qabuuf kan ooludha.Malleen qorannoo kanneen lamaan waliin makuudhaan adeemsi qorannoo gaggeeffamu ammoo mala makoo jedhama (Addunyaa,2011).

Qorannoon kun qorannoo makaa yoo ta'u;saxaxni isaa ibsa makaattiin akka gaggeeffamu ta'eera.Sababiin gosa qorannoo kanaan akka gaggeeffamu ta'eef ammoo mala ammamtaafi akkamtaa waliin makuudhaan ragaan funaannamee waan qaacceffameefidha.Akkasumas qorannoo kana keessatti meeshaaleen odeeffannoo sakatta'insaa gargaarramuun dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa kitaabileen barnootaa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi 12ffaa yommuu xiinxalaman;barsiisaafi barattoonni gama dhiyaannaa caaslugaa ilaalchisee rakkoolee yookiin hanqinaalee jiran irratti gaaffilee gaafatamaniif akka deebisan ta'e jira.Haalli dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 11ffaafi 12ffaa keessatti maal akka fakkaatu adda baasuuf qorannoon kun yommuu gaggeeffamu;meeshaalee ragaan ittiin funaannameefi dhiyaatu,akkaataa iddattoo filachuu,mala qinda'inaafi qaacceessi isaa dhiyaata.

### 3.2.Madda Odeeffannoo

Qoratichi qorannoo isaa milkeessuuf maddi ijoon inni itti gargaarrame sakatta'aa kitaaba barataa kutaa 11ffaa fi 12ffaati.Waan sakatta'e kana ammoo mirkaneessuuf maddi odeeffannoo dabalataa qoratichi gargaarrame barattoota 12ffaa A/O baratanii fi barsiisoota kutaalee 11 fi 12 Afaan Oromoo barsiisan yoo ta'u,Barsiisonnii fi barattoonni kunnin akka madda odeeffannoo dabalataatti fayyadu.Kana jechuun ilaalcha isaanii baruuf osoo hin taane;kitaaba barnootaa kanatti fayyadamaa waan jiraniif rakkoolee dhiyaannaa qabiyyee caaslugaan walqabatanii kitaabicha keessatti mul'ataniif gaaffilee gaafataman akka deebisaniifidha.

## 3.3.Mala Iddattoo

Qorannoon kun gosa qorannoo ibsaa ta’ee;qoratichi irra caalaa mala sakatta’a kitaaba kan fayyadamedha.Sababni qorannoo ibsaa ta’eefis dhiyannaa caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaalee 11 fi 12 qaacceessuun ciminaafi hanqina jiru adda baasee hanqinni jiru akka furamuuf karaa agarsiisuuf qoratichi ibsa akkamtaa gargarramee jira.Mala akkamtaa fayyadamuun caasluga kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi 12ffaa yommuu xinxalamu,yaanni barsiisotafi barattootas meeshaalee funaansa odeeffannoon fudhatamuun ibsamee jira.Rakkoo haala dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa keessatti mul’atan adda baasuuf qorannoon kun yommuu qinda’u;iddattoo filachuuf meeshaaleen ragaan ittiin walitti qabamuun caaseeffamu wixiineeffameera.

## 3.4.Mala Filannoo Iddattoo

### 3.4.1.Kitaaba Barataa

Kitaabni barnootaa Afaan Oromoo ministeera barnoota Itoophiyaatiin bara 2005 A.L.H.qophaaye manneen barnootaa hundaaf bifa tokkoon kan dhiyatedha.Haaluma kanaan kitaabni qorannoon irratti gaggeeffame kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi 12ffaati.Sababiin qoratichi kitaabilee barataa kutaalee kanneen filtateef ammoo,gola lameen kana yeroo dheeraaf  barsiisaa waan tureefidha. Akkuma beekkamu qabiyyeen caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi 12ffaa keessatti dhiyaate heedduudha. Qoratichi yeroo qabuu fi bajata giddu galeeffachuun,qabiyyeewwan caaslugaa kanneen akka dhamsagaa,birsaga,garee jechootaa,fufilee,gaalee fi ciroo,gosota himaa,henna, jechoota diiggalaa,walsimannaa aantimaa fi gochimaa,otoolaa fi otoolta fi walqabsiistoota haala dhiyaannaa isaanii gama walitti fufinsaa fi dagaagina qabiyyee akkasumas haala faca’insa qabiyyee caaslugaa boqonnaa gara boqonnaatti wal madaaluufi dhiisuuufi  haala dhiyaannaa maleenyota isaan ittiin dhiyaatan kan xiinxaledha.Qabiyyeen caaslugaa hafan daangaa qorannoo kanaa ala waan ta’aniif haalli dhiyaanna isaanii kan hin xiinxalamne ta’uu isaati. Qoratichi qorannoo isaa keessatti abuurraa kitaaba gaggeessuuf ammoo,iddatteessuu miti carraa keessaa iddatteessuu akkayyooti (purposive sampling) gargaarrameera.Sababa gosa iddatteessuu kana filateef,kitaabilee kana fayyadamee barsiisaa waan jiruuf,xiyyeeffannoon qoratichaa sakatta’aa kitaaba barataa waan ta’eef,kallattiidhumaan gosa iddatteesuu akkayyoo isa waaliin deemu filateera (Yaalew,1998:136).

### 3.4.2.Barattoota

Qorannoo kanaaf filannoo kitaaba erga taasifamee booda,baayinni baarattota iddatteeffamuun qorannoo kana keessatti bakka bu'ummaan qooda fudhatan murteeffamee jira.Akkuma armaan dura ibsame qorannoo kana keessatti irrawwatamaan jalqabaa kitaaba barataa kutaa 11ffaafi kutaa 12ffaati.

Dabalataan madda ragaalee ta'uun kan iddatteeffaman barattoota Afaan Oromoo baratan kuta 12ffaati.Barattoonni kunis kan iddatteeffamaniif qidoominafi haala dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa irratti maaltu akka jiru madda ragaa dabalataa ta'uudhaan ragaa amanamaa kennu jedhamee waan abdatameefi.Ragaa barattoota irraa argame ammoo,raga sakatta'a kitaabaa irraa argameen walchinaa kan xiinxalamedha.

Barattoota iddattoof fudhataman kanneen filachuuf ammoo mana barumsaa sadarkaa lammaffaafi qopha'ina kuyyeraa kutaa 11ffaafi 12ffaa akkasumas mana barumsaa Shashamannee sadarkaa lammaffaafi qopha'ina kutaa 11ffaa fi 12ffaaa baratantu adda baafaman.Haaluma kanaan baayinni waliigalaa barattoota manneen barumsaa lameenii kutaa 11ffaa fi 12ffaa baratanii kan bara 2012, 844 yoo ta'an,kanneen keessaa kutaa Afaan Amaaraa kan baratan dhiira 230dhalaa 82 ida'amni 312 yoo ta'an,Afaan Oromoo kan baratan ammoo,waliigala 532 yoo ta'an,kana keessaa dhiirri 289 dhalaan 249 yommuu ta'an,kanneen keessaa kutaan 11ffaan dhiirri 219 dhalaan 214 ida'ama 433 dha. Baayinni barattoota kutaa 12ffaa mana barumsaa sadarkaa 2ffaa fi Qophaa'ina kuyyeraa ,dhiira 32 dhalaa 23 ida'ama55 dha Baayinni barattoota kutaa 12ffaa mana barumsaa sadarkaa 2ffaa fi qophaa'ina Shashamannee dhiira 38 dhalaa 6 ida'amni 44 dhaa.Walumaagalatti manneen barnootaa lamaan irraa dhiira 70 fi dhalaa 29 ta'antu bara 2012 barachaa ture. Iddattoon qorannoo kanaa barattoota Afaan Oromoo baratan qofa irratti kan fuulleffatu waan ta'ef,barattoota kanneen keessaa gosa iddatteessuu miti carraa kan ta'e iddatteessuu akkayyootiin (purposive) barattoota kutaa 12$^{ffaa}$ hundi filatamaniiru.Sababni gosti iddatteessuu kun filatames qoratan kaayyoo isaa irratti hunda'uun gaaffilee kutaalee lamaniif dhiyatan hunda deebisuu danda'u jedhee waan amaneefidha.(Yalewu,1998).Bu'uuruma gaaffilee dhiyaateen qorataan barattoota kutaa 12$^{ffaa}$ hundumaa dhiira 70 dhalaa 29 walitti 99 iddatteessuun fudhateera. Sababiinsaa barattoonni kutaa 12$^{ffaa}$ kitaabilee barnootaa daree lamaanii haala dhiyaannaa caaslugaa itti dhiyeenyaan ni beeku jedhamee waan amanameefi.Osoo barattoonni kutaa 11ffaafi kutaa12ffaa hundi irratti

hirmaatanii gaarii ture,haata'u malee qoratichi yeroo qabu waliin akka ragaalee barattoota irraa argame qulqullinaan xiinxaluuf ta'utti barattoota kutaa 12ffaa hunda ykn dhibbeentaa dhibba(100%) iddatteessee jira

### 3.4.3.Barsiisota

Akkuma kitaaba barataa fi barattoonni qorannoo kanaaf madda raga amanamoo ta'u jedhamanii kan yaadaman barsiisota Afaan Oromoo barsiisanidha.Barsiisoota Afaan Oromoo barsiisan kana keessas xiyyeeffannaan qorannoo kanaa kanneen Godina Arsii Lixaa Bulchiinsa Magaalaa Shaashamannee keessaa mana barumsaa sadarkaa lammaffaafi Qopha'ina Kuyyara akkasumas mana barumsaa Shashamannee sadarkaa 2ffaa fi Qopha'ina barsiisanidha.Isaanis barsiisota sadi(7) yoo ta'an,achi keessaa (3) dubartiidha.afur(4) ammoo dhiira.Kanneen keessaa dhiirri lama(2) MA yoo ta'u,warreen hafan shanan(5) sadarkaan barnoota isaanii digirii yoo ta'u,dhiirri tokkoofi dubartiin tokko barnoota digirii lammaffaa (Ma) barachaa jiru.Dhiirri sadii(3) fi dhalaan tokko(1) mana barumsaa Shaashamannee sadarkaa lammaffaa fi Qopha'inaa kan barsiisan yoo ta'u,dhiirri tokkoo(1) fi dhalaan lama(2) mana barumsaa Kuyyaraa sadarkaa 2ffaa fi Qophaa'inaa barsiisu.Torban(7) isaaniyyuu mana barumsaa armmaan olitti barsiisuun muuxxannoo waggaa dheeraa kan qabaniifi mataduree qorannoon irratti geggeeffamu irratti beekumsafi hubannoo gadifagoo qabu jedhamee yaadama.

Qoratichi mala iddatteessuu hunda hirmaachisaa(comperehensive sampling) gargaarramuun akkuma jiranitti hunda isaanii filateera. Sababiin qorataan mala iddatteessuu kana filateef ammoo barsiisota ammuma jiran sana adda osoo hin baasiin odeeffannoo waan sassabbateefi.Baayinni namoota odeeffannoon irraa funannamuu akkuma jiranitti kan fudhataman ta'ee dhimma qorannoo kanaa itti dhiyeenyaan kan beekan yoo ta'e, mala iddatteessuu kanatu caalaatti barbaachisa jechuudha (Addunyaa 2011,Yalewu,1998).

## 3.5.Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo

Qoratichi qorannoo kanaaf odeeffannoo qindaawaa,qabatamaafi amanamaa ta'e argachuuf meeshaalee odeeffannoo ittiin funaannamu qindeesseera.Isaanis kanneen armaan gadiiti

### 3.5.1.Sakatta’a Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo

Adeemsa qorannoo kana keessatti,maddi raga inni jaqabaafi bu’uuraa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaafi kutaa 12ffaati Kitaabni kun jalqaba kan maxxanfame Rippabilika Dimookiratawa Federalawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaatiin bara 2005/2012 ture.

Qorannoon kunis maxxansuma jalqabaa kana irratti xiyyeeffachuun kan qophaaye,Dhiyaannaan qabiyyee caaslugaa kitaabilee kanneen keessatti mul’atan ilaalchisee qoratichi raga funaanuuf kitaaba barattootatti gargaarrameera.

Gama kanaan qoratichi ragaalee barbaachisuufi quubsaa ta’an argachuuf qabxiilee mirkaneessa sakatta’insa dhiyaannaa caaslugaa agarsiisan dursee qopheeffachuun sakatta’insi akka gaggeeffamu taasifame. Kan irratti hunda’ee qopheesses haalli dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa daree barnootaa keessatti boqonnaa gara boqonnaatti akkasumas kutaadhaa gara kutaatti maal akka fakkatu ilaaluun,kana bu’uura godhachuuni.Dhiyaannaan caaslugaa kitaaba barnootaa Afaan Oromoo boqonnaalee hunda keessatti ibsa bal’aa waliin dhiyaachuufi dhiyaachuu dhabuu isaanii agarsiisu gabatee fayyadamee kaa’eera.Qabxiileen mirkaneessa sakatta’insaa kunis osoo hojii irra hin ooliin dura qorataan hiriyyoota isaafi gorsaa isaa ilaalcisuun mirkaneesse.(Dabalee A )

### 3.5.2.Bargaaffii Barattootaa

Meeshaaleen funaansa raga itti aanu bargaaffii barattootaaf dhiyaatedha.Sababiin meeshaaleen kun barbaachiseef yaada barattoonni kennan ragaalee sakatta’insa kitaabaa barnootaa isaanii irraa argame waliin walbira qabuun odeeffannoo mirkana’aa ta’e argachuuf yaadameeti. Haalli dhiyaannaa bargaaffii kanaas kan caasaa cufaan/filannoo/fi banaadhaan kan dhiyaatan yoo ta’u,yaadooliin achi keessatti hammatamanii dhiyaatanis kan osoo walirraa adda hin bahin wal utubanii dhiyaatanidha.Qorataan irra caalatti bargaaffii cufaa fayyadame.Sababiin qoratichi caasaa cufaa fayyadameef ammoo ragaalee baay’een dhimma dhiyaannaa caaslugaa ofkeessaa qaban sakatta’insa kitaaba keessatti waan dhiyaataniif gaaffilee cufaan kunninis odeeffannoo sakatta’insa kitaabaan argame wajjin akka walfakkatufi.Kunis kan sakatta’insaan argameefi bargaaffiin argame ammam walitti dhufeenya akka qaban mirkaneessuufi.

Baayinni bargaaffii dhiyatan kudha lama(12) yommuu ta’an,isaan keessaa sagal (9) filannoodha.Kan hafan sadi (3) ammoo bargaaffii banaadha.Sababiin isaas odeeffannoo hedduun

kan argaman karaa sakatta'insa kitaabaa waan ta'eefi.Bargaaffiin kun ammoo akka odeeffannoo dabalatataatti waan fayyaduufidha.Bargaaffii barattootaa kana akka meeshaa funaansa odeeffannoo tokkoottti fayyadamuun kan barbaachiseef ammoo kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi 2ffaaf dhiyaate yeroo ammaa hojiirra oolaa jiru keessatti barattoonni fayyadamtoota waan ta'aniif Qabiyyicha xiinxalanii yaada isaanii walabummaan akka yeroo isaaniif kenname keessatti guutanii deebisaniif dhiyaate.Bargaaffiin dhiyaate qorataan hiriyyoota isaafi gorsaa isaa ilaalchisuun erga mirkaneessee hojiirra oole.(Dabalee B)

### 3.5.3.Af-gaaffii Barsiisotaa

Meeshaaleen odeeffannoon ittiin funannamu kan biraa afgaaffii barsiisotaati.Sababiin afgaaffiin barsiisotaaf dhiyaate ammoo yaada barsiisonni kennan ragaalee lamaan walbira qabuun ragaa gabbataafi qabatamaa ta'e argachuufidha.Afgaaffiin dhiyaate kun barsiisonni caasluga kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi kutaa 12ffaa dhiyaate adeemsa baruufi barsiisuu galmaan gahuu keessatti maal akka fakkatu yaada isaanii akka jechaan ibsaniif karoorfameeti.Baay'inni gaaffii dhiyaatee kudhan yoo ta'an,isaanis gaaffilee banaa ta'anii,kan walqabataa deemanidha.Odeeffannoo gahaa argachuuf gaffileen dhiyaatan kun quubsaadha.Gaaffileen kudhan(10) kun odeeffannoo bal'aa ofkeessatti waan qabataniif,odeeffannoo gahaa argachuuf qoratichi gaaffilee banaa qofatti dhimma bahuun isaa ammoo barsiisoonni kunnin hanqina dhiyaannaa qabiyyee caaslugaatiin walqabatee jiru kitaaba barnootaa kana qofa keessatti osoo hin daangeeffamiin gaaffilee saddeettan isaaf raga quubsaa lafa kaa'u jedhamee waan amanameefi.Kanamalees hanqinaalee dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa keessatti dhufan akkamitti akka furaa jiraniifi gara fulduraatti maal ta'uu akka qabu ija ogummaan waan ibsaniifi.Gaaffileen dhiyaatan kunis osoo hojiirra hin ooliin dura qorataan hiriyyoota isaafi gorsaa isaa ilaalchisuun mirkaneesseera.(DabaleeC)

## 3.6. Adeemsa Ragaa Walitti Qabuu

Qorannoo kanaaf ragaan karaa sakatta'insa(xiinxala) kitaabaa,bargaaffii fi afgaaffiin barattootaa akka walitti qabame armaan olitti ibsameera.Adeemsi ragaan meeshaalee kanneeniin walitti qabame ammoo,jalqaba kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaalee 11 fi 12 haalli dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa maal akka fakkaatu xiinxalaa ture.Ragaalee sakatta'insa kitaabaa irraa argates qoratichi gabatee qabxiilee sakatta'insaaf qopheesse keessatti guutuun galmeessee

jira.Itti aansuun bargaaffii barattootaafi afgaaffii barsiisotaf qophaaye barattootaafi barsiisota iddattoo ta'aniif dhiyaate ragaan sassabbameera.

## 3.7.Mala Qaacceessa Odeeffannoo

Ragaan sakatta'insa kitaabaafi afgaaffii barsiisotaa irraa argame mala akkamtaatiin,bargaaffii barattoota irraa funaanname ammoo,mala ammamtaatiin qaacceeffamee jira.Ragaan mala akkamtaa hordofuun funaname mala qorannoo akkamtaatiin kan ibsame yommuu ta'u,ragaan mala ammamtaan argame ammoo,jalqaba irratti barattoonni gaaffii tokkoof deebii walfakkaataa kennan adda bahanii erga lakka'amanii booda dhibbeentaan gabatee keessa kaa'amanii ibsiifi hiikni gahaan itti keennamee jira.

Walumaagalatti ragaan xiinxala dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa kitaabaa Afaan Oromoo sakatta'insa kitaabaa,bargaaffii barattootaafi afgaaffii barsiisotaan argame erga haala kanaa oliin qindaa'eefi qaacceeffamee hiikti itti kennamee booda guduunfaafi yaanni furmaataa akka dhiyaatu ta'e

# Boqonnaa Afur

## 4. Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee

Boqonnaa kana keessatti xiinxalaaf ibsa ragaalee qorannichaatu dhiyaate.Adeemsi xiinxalafi ibsa ragaalee kan gaggeeffame,ragaa sakatta'a kitaabaa irraa argame gabatee madaaalli kitaabaa keessatti qinda'ee xiinxaludhaan akkasumas ragaaleen bargaaffii barattootaa irraa argaman erga lakkoofsaan ka'amanii booda dhibbeentaatti jijjirramanii jiru.Kanatti dabaluunis,odeeffannoon afgaaffii barsiisotaa irraa argame ofeeggannoodhaan ibsamee jira.

Malli ragaaleen ittiin qaacceffamanis ragaalee sakatta'a kitaabafi afgaaffii barsiisota irraa argaman mala akkamtaan,ragaaleen bargaaffii barattootaa irraa argaman ammoo,mala ammamtaan gargaarramuudhaan xiinxalameera.Ragaaleen hirmaattoota qorannoo karaa adda addaatiin funannaman mala makootiin qaacceeffamanii ibsamaniiru.

### 4.1.Duubee Ragaa Kennitootaa

Seen duubee barattoota iddatteeffamanii ilaalchisee odeeffannoo argachuuf bargaaffiin barattootaaf dhiyaate jalqaba irratti koorniyaafi umurii isaanii akka guutan gafatamanii turan.Gaafannoon kun kan dhiyaate barattoota kutaa 12ffaa baratan qofaaf yommuu ta'u,dhiyaannaa caaslugaa caalugaa akkasumas dhiyaannaa gilgaalota caaslugaa irratti odeeffannoo kennuuf bilchina qaamaafi sammuu akka qaban yaadameeti.Barattoonni umuriin isaanii waggaa kudha ja'aa(16) gadi ta'e tarii waa madaalanii murtoo kennuu irratti yaadaa barattoota birootiin harkifamanii dhugummaan ragaa barattotaa irraa argamu akka gaaffii keessa hin seenne yaadamee umuriin isaanii adda baafamanii heerramaniiru.Bu'uuruma kanaan odeeffannoon argame gabatee armaan gadiitiin dhiyaatee jira

**Gabatee 4.1. baayina barattootaa umuriidhaan**

| Seen duubee deebii kennitootaa | | |
|---|---|---|
| Umurii | Baayina | Dhibbeentaa(%) |
| 16-20 | 70 | 70.71 |
| 21fi isaa ol | 29 | 29.29 |
| Waliigala | 99 | 100% |

Akka gabatee (4.1) irraa hubachuun danda'amutti barattoota 99 iddattoof filataman keessaa 70(70.71) umurii waggaa 16-20 keessatti argamu.Ragaan kun akka mul'isutti irra caalaan barattoota kutaa 12 Afaan Oromoo baratanii umuriin isaanii waggaa 16-20 gidduutti kan argamu ta'uu isati.Barattonni 29(29.29) ammoo umuriin waggaa 21fi isaa ol ta'uusaa ragaa argamerraa hubachuun danda'ameera.

Odeeffannoo kana irraa hubachuun kan danda'amu,barattoonni kitaaba barataa Afaan Oromoo qorannoon kun irratti gageeffame barataa 70(70.71%) fi 29(29.29) guutummaan guutuutti umuriin isaanii waggaa 16fi isaa ol ta'uu isaaniti.Kun ammoo barattoonni hubannoofi bilchina qaban daree barnoota qoratichi qorannoo gaggeessaa jiru keessatti kan argaman ta'uu agarsiisa.Bilchinni sammuu qabachuun isaanii kun dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo ittiin baratan irratti odeeffannoo kennuuf ga'umsa kan qaban ta'uusaati.

Barsiisota afgaaffiin dhiyaateef deebii kennan ilaalchisee,barsiisota torba(7) iddattoo ta'anii filataman keessaa lama dhiira yoo ta'an,tokko ammoo dhalaadha.Sadarkaan barnoota isaanii dhiirri tokkoofi dhalaan tokko barnoota digirii lammaffaa barachaa kan jiran yoo ta'u,kanneen hafan ammoo digirii jalqabaa qabu.Kanaaf, barsiisonni torbanuu barnoota Afaan Oromoo kutaalee 11 fi 12 barsiisuun muuxxannoo yeroo dheeraa qabachuu irraa kan ka'e afgaaffii dhiyaate deebisuuf ga'umsa olaanaa kan qaban ta'uu isaaniiti.

## 4.2.Qaacceessa Sakatta'a Kitaabilee

Qoratichi qaacceessa sakatta'aa kitaabaatiif dabalee 'A'irratti hundaa'uun gabatee kudha torba gargaarrameera.Gabateen(4.2) fi gabateen(4.3) qabiyyee caaslugaa kitaabilee lamaan keessatti argamaniifi gilgaalootа qabiyyee caaslugaa keessa bahan irraati fuulleeffata.Gabateen(4.4) hanga gabatee(4.9 gosoota caaslgaa kanneen kitaabilee 11 fi 12 keessatti dhiyaatan qindoominni isaan boqonnaa gara boqonnaa gara boqonnaatti akkasumas kutaadhaa gara kutaatti ija walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyeen maal akka fakkatu kan agarsiisudha.Gabateen(4.10) kitaabni barataa kutaalee 11 fi 12 maleenya kamiin akka dhiyaate kan agarsiisudha.

**4.2.1 Qabiyyee Caaslugaafi Gilgaalota Isaanii: Akka Waliigalaatti Kitaabilee Kanneen Keessatti Dhiyaata.**

## Gabatee 4.2 Sakatta'a Qabiyyee Caaslugaafi Xiinxala Gaaffilee caaslugaa KBAO kutaa 11ffaa

| T.L | Qabiyyee caaslugaa | Boqonnaa | Ajaja gilgaalota caaslugaa | Baayina gilgaalaa | % |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Birsaga | 1 | Birsaga ijaaruufi qooduu | 1 | 5.5 |
| 2 | Dham-jecha | 1 | Dham-jecha irraa fufiilee baasi | 1 | 5.5 |
| 3 | Maqaaleefi maqibsota | 2 | Maqaaleefi maqibsoota adda baasuun ibsuu | 1 | 5.5 |
| :4 | Bamaqaalee | 3 | Bamaqaalee hima keessatti guuti | 1 | 5.5 |
| 5 | Fufile yaasaafi hortee | 4 | Fufilee yaasaafi hortee adda baasi | 1 | 5.5 |
| 6 | Walsimannaa mathimaa, antimaafi gochimaa | 5 | Walsimannaa mathimaa,antimaafi gochimaa jiraachuu himoota siif kenname keessaa adda baasi | 1 | 5.5 |
| 7 | Gaaleefi ciroo | 6 | Himoota keessaa gaaleef ciroo adda baasii ibsi | 1 | 5.5 |
| 8 | Gosoota himaa | 7 | Gosoota himaa adda baasuun ibsi | 1 | |
| 9 | Hennaa ameennaafi Henna R.ammeennaa | 8 | Hennaa ammennaafi henna rawwima adda baasuun barreessi | 1 | 5.5 |
| 10 | Jechoota diigalaa | 9 | Jechoota diigalaa ijaaruun ibsi | 1 | 5.5 |
| 11 | Hennaa amsiqaa | 9 | Hennaa amsiqaa hima kenname keessaa baasi | 1 | 5.5 |
| 12 | Gochimaa | 12 | Gochimaafi tajaajila isaanii ibsi | 1 | |
| 13 | Hennaa murannaa | 12 | Hennaa murannaa adda baasi | 1 | 5.5 |
| 14 | Hennaa murnaalaa | 13 | Hennaa murnaalaa fayyadami hima ijaari | 1 | 5.5 |
| 15 | Hennaa tarsiiqaa | 11 | Hennaa tarsiiqaa himoota dhiyaatan keessaa baasi | | 5.5 |
| 16 | Hennaa darbeennaafi henna R.darbeennaa | 10 | Himootaan gara garaa fayyadamii hennaa darbeennaafi rawwima darbeennaa ibsi | 1 | 5.5 |
| 17 | Walqabsiistoota | 13 | Walqabsistota dubbisa keessaa bahaniin hima ijaari | 1 | 5.5 |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 18 | Akaakuu gochibsaa | 14 | Gochibsoota fayyadamuuun hima ijaari | 1 | 5.5 |
| | Ida’ama | | | 18 | 100 |

**Gabatee 4.3. Sakatta’a Qabiyyee Caaslugaa Fi Xiinxala Gilgaalota Caaslugaa KBAO Kutaa 12**

| T.L | Qabiyyee Caaaslugaa | Boqonnaa | Ajaja gilgaalota caaslugaa | Baayina gilgaala | % |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Damsaga | 1 | Iddoo uumama damsgootaa adda baasii ibsi | 1 | 5.22 |
| 2 | Maqaafi gosoota isaa | 2 | Akaakuu maqaalee adda baasii ibsi | 1 | 5.22 |
| 3 | Hennaa | 3 | Akaakuu henna himoota keessaa adda baasii ibsi | 1 | 5.22 |
| 4 | Diiggala | 3 | Jechoota diiggalaa qoqqoodun ibsi | | 5.22 |
| 5 | Maqibsootaafi akaakuu isaanii | 4 | Maqibsoota akaakuu isaaniin qoodi ibsi | 1 | 5.22 |
| 6 | Gaaleewwaniif gosoota isaanii | 3 | Himoota kennaman keessa ulaagaa gaalee guutan adda baasi | 1 | 5.22 |
| 7 | Dham-jecha | 5 | Jechoota irraa dham-jecha baasi | 1 | 5.22 |
| 8 | Gochima | 6 | Gochma hima keessaa baasi | 1 | 5.22 |
| 9 | Walsimanna mathima,antimaaf gochima | 6 | Himoota kennaman keessaa rakkoo walsimanna kan qaban baasi | 1 | 5.22 |
| 10 | Durduubee | 6 | Durduubee himota keessaa baasi | 1 | 5.22 |
| 11 | Bamaqaalee | 7 | Bamaqaalee himoota keessaa baasi | 1 | 5.22 |
| 12 | Gochibsaa | 8 | Akaakuu gochibsaa ibsi | 1 | 5.22 |
| 13 | Otoolaafi oto Oltaa | 8 | Garaagarummaa otolaafi otooltaa adda baasuun ibsi | 1 | 5.22 |
| 14 | Walqabsiistoota | 10 | Walqabsiistoota himoota keessaa baasuun ibsi | 1 | 5.22 |
| 15 | Ciroofi akaakuu isaanii | 10 | Ciroo akaakuu isaaniin adda baasi ibsi | 1 | 5.22 |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 16 | Fufiileefi gosoota isaanii | 5 | Fufileefi gosoota isaanii adda baasi | 1 | 5.22 |
| 17 | Gochima darbeeyyiifi faaldarbeeyyii | 7 | Himoota keessaa gochima darbeeyyiifi faaldarbeeyyi baasi | 1 | 5.22 |
| 18 | Bamaqaalee iyyafannoo | 16 | Bamaqaalee iyyaafannoo bakka duwwaa kennametti guuti | 1 | 5.22 |
| 19 | Durduubeefi gosoota isaanii | 18 | Durduubeefi gosoota isaanii adda baasii ibsi | 1 | 5.22 |
| | Ida'ama | | | 19 | 100 |

Qoratichi gabatee(4.2)fi gabatee(4.3) irratti qabiyyee caaslugaa dhiyataniifi gilgaaloonni isaanii maal akka fakkaatan lafa itti sakatta'uun xiinxaledha.Akka waliigalaatti qabiyyeen caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11 fi 12 lakkoofsaan walduraa duubaan 18 fi 19 yoo ta'an,gilgaaloonni isaanis akkasuma lakkoofsaan qabiyyee caaslugaa dhiyaataniin walsimu.Dhiyaannaan caaslugaa kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo kutaalee 11 fi 12 boqonnaalee hundumaa keessatti bifa walfakkaatuun hin dhiyaanne.Fakkeenyaaf kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa boqonnaalee qabiyyeen caaslugaa keessaatti hin dhiyaanne 15,16 fi 17 dha.Akkasumas kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 12 keessaa boqonnaalee qabiyyeen caaslugaa gonkumaa keessatti hin dhiyaanne,boqonnaa 9,11,12,14 fi15 fa'a dha.Faallaa kanaa ammoo kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11 keessatti boqonnalee qabiyyeen caaslugaa lama lama keessatti dhiyaateeru jiru.Isaanis boqonnaa 1,2,9 fi 12 yoo ta'an,KBAO kutaa 12ffaa boqonnaa ja'a(6) keessatti qabiyyeen caaslugaa afur(4) kan dhiyaate yoo ta'u,boqonnaa sadi(3) kitaabuma kana keessatti qabiyyeen caaslugaa sadi(3) dhiyaateera.Kanamalees KBAO kutaa 12ffaa boqonnaa 8 fi 12 keessatti qabiyyeen caaslugaa lama lama dhiyaataniiru.Kutaalee lameen keessaa boqonnaaleen hin heerramne immoo qabiyyeen caaslugaa tokko tokko kan keessatti dhiyatan ta'uu gabatee sakatta'aa kanaa olii irraa hubachuun danda'ameera.

Haaluma kanaan bakka itti qabiyyeen caaslugaa wal hin madaalleetti dhiyaannaan gilgaalota shaakalaaf qopha'an kan wal hin maadaalle ta'uu ifa galaadha.Akkuma ragaan sakatta'a kitaabaa kun mul'isutti kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11 keessatti boqonnaalee kanneen akka B15,B16 fi B17 gilgaaloonni qabiyyee caaslugaa sirumaa hin argaman.Kanamalees kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 12 keessatti boqonnaalee akka B9,B11,B12,B14 fi B15 fa'a keessatti shaakalli gilgaalota qabiyyee caaslugaa gonkumaa hin dhiyaanne.Faallaa kanaa ammoo

kitaaba barataa Afaan Oromoo boqonnaalee 1,2,9 fi 12 keessatti gilgaaloonni caaslugaa qabiyyee adda addaa lama dhiyaataniiru.Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 12 keesatti boqonnaa ja'a(6) fi boqonnaa sadi(3) keessatti gilgaaloonni qabiyyee caaslugaa garagaraa dhiyaataniiru.Haaluma kanaan boqonnaalee hafan keessatti quubsaas ta'uu baatu faca'insi isaanii wal madaalaadha

Yaada kanaa olii irraa hubachuun akka danda'amutti,qabiyyeen caaslugaa boqonnaalee kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11fi 12 keessatti haala wal-fakkaatuun ykn bifa wal-madaaluun dhiyaachuu dhabuutu mul'ata.Fakkeenyaaf boqonnaalee qabiyyeen caaslugaa afur(4) keessatti dhiyaate agarra.Boqonnaalee tokko tokko keessatti ammoo qabiyyee caaslugaa sadi ykn lamatu keessatti dhiyaata.Boqonnaalee kanneen biroo immoo kan qabiyyeen caaslugaa inumaa keessatti hin mul'anne jiraachuu sakatta'aan gabatee kan namatti agarsiisudha.Faca'insi dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa boqonnalee keessatti halaa wal-madalawaa ta'een kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo kutaa 11 fi 12 keessatti argamuu dhabuun haala baruufi barsiisuu irratti dhibbaa hammana hin jedhamne geessisa.Fakkeenyaaf boqonnaalee qabiyyeen caaslugaa itti baay'atanii dhiyaatan barattoonni caasluga unkaanis ta'ee maalummaan adda baasanii hubaachuuf ni rakkatu.Karaa biraa immoo qabiyyeen caaslugaa boqonnaalee muraasa keessatti osoo hin dhiyaatin hafan akka jiran gabatee dhiyaate irraa agarrerra.Kunis barattoonni caasluga bifa wal irratti ijaarrameen ykn walitti hidhaminsa qabuun yoo hin baranne hubannoon isaan caasaa afaanii irratti qaban gadi bu'aa deema.

Akkuma ragaan armaan olitti sakatta'ame mul'isetti gilgaaloonni qabiyyee caaslugaa boqonnaalee hundumaa keessatti bifa walqixxaataa ykn wal madaala ta'een hin dhiyaanne.Boqonnaalee tokko keessatti shaakaloonni ykn gilgaaloonni caaslugaa adda addaa hedduminaan dhiyaataniiru kun ammoo barataa waan burjaajeessuuf barataan caasluga gadi fageessee akka hin hubanne taasisa.Faallaa kanaa immoo boqonnaalee gilgaaloonni qabiyyee caaslugaa inumaa keessatti hin mul'anne jiraachuu ragaan sakatta'ame ifoomseera.Kun immoo barattoonni haala wal irratti ijaarrameen caasaa afaanii akka hin baranne danqaa itti ta'a.Kanaaf wal madaaluu dhabuun dhiyannaa qabiyyee caasluggaafi gilgaalota isaa boqonnaa gara boqonnaatti mul'atu dhimma furmaata waaraa barbaaduufi itti yaadamuu qabudha.

Gama biraan akkuma gabatee(4.2)fi gabatee(4.3) keessatti ibsame gilgaalonni caaslugaa lakkoofsaan kan kutaa 11 fi12 baayina qabiyyee caasluga kutaalee kanatti dhiyataniin kan walsimatu yoo ta'u, gilgaaloonni dhiyatan kanneen keessaa boqonnaa gara boqonnaatti

akkasumas kutaadha gara kutaatti deddebi'anii kan dhiyaatan baay'ee xiqqoodha.kanamalees deddeebii keessatti dabalaa deemuun qabiyyee waan barbaachisuuf,kunis dhiyaannaa kana keessatti quubsaa miti.

Ibsa raga kanaa olii kun kan mul'isu dhiyaannaan gilgaala caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi kutaa 12ffaa hanqina kan qabu ta'uu isaati.Dhiyaannaan gilgaalota caaslugaa keessaa kan ogeeyyiin barnootaa hanga ta'e xiyyeeffannoo itti kennaan:hennaa fufiileefi dham-jechoota.Akka qoratichi sakatta'aa kitaabaa irratti gaggeesseen mirkaneeffateetti,kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaalee 11 fi 12 keessatti gilgaaloonni caaslugaa bifa walitti fufinsaafi dagaagina qabuun akka dhiyaatuuf xiyyeeffannoo itti hin keennamne

Gabatee armaan olitti dhiyaate kana irraa hubachuun kan danda'amu,ajajoonni gilgaalota dhiyaatan barattoonni karaa garagaraan gaaffilee laataman akka hin shaakalle danqaa ta'ee jira.Kun immoo dagaagaa deemuu gilgaalaa qabiyyee caaslugaa irratti dhibbaa kan uumu ta'uu isaati.Karaa biraan akkuma qabiyyee caaslugaa gilgaalonni caaslugaas boqonnalee hundumaa keessatti bifa walfakkaatuun hin dhiyaanne.Fakkeenyaaf KBAO kutaa 11 boqonnaa 15,16,17 akkasumas KBAO kutaa 12 boqonna 9,11,12 13,14 fi 15 keessatti wa'een caaslugaa sirumaa hin dhiyaanne.Boqonnaalee kanneen hafan keessatti kanneen dhiyaatanillee warren muraasa irraa kan hafe qofaa qofaan dhiyaachuu isaanii mul'isa.Kanaaf,boqonnaa gara boqonnaatti walitti fufinsi gilgaalota qabiyyee caaslugaa jiraachuu dhabuu mul'isa.Walitti fufinsi rakkoo qaba taanaan dagaaginni qabiyyees achi keessan waan ta'eef,dabalaa deemuun qabiyyees hanqina qabachuun isaa wal nama hin gaafachiisu.Akkuma gabatee dhiyaate irraa hubatamutti,Qabiyyeen caaslugaa dhiyaatan gilgaalota tokko tokko qofa ofjalatti haammatee jira.kun immoo barattoonni kallattii garagaraan akka waa hubataniif karra dhibbaa qabachuu isaa namatti agarsiisa.Kanaaf,qoratichis sakatta'a isaa kanaan wanta inni adda baase ajajni gilgaalotaa harki caalu ibsuufi adda baasuu irratti waan fuulleeffatuuf dhiyaannaa gilgaalota caaslugaa kallattii tokkoon ka'uun barattoonni dhiyeenya qabiyyee garagaraa keessatti caasluga akka hubanne taasiisee jira.

As irratti qoratichi gilgaalota garagaraa haa dhiyeessan malee gosoonni gilgaalotaa dhiyaatan sun deddeebi'anii akka dhufaniifi dabalaa deemuu akkasumas faca'insa isaanii irratti malee

baayinaan dhiyaachuu isaanii irratti miti kan yaanni kenname.Odeeffannoon bargaaffiifi afgaaffii barsiisotaa irraa argame argannoo kana kan cimsudha.

### 4.2.2 Walitti Fufinsa Dhiyaannaa Qabiyyee Caaslugaa Boqonnaa Gara Boqonnaatti KBAO kutaa11ffaa

**Gabatee(4.4) walitti Fufinsaa Dhiyaannaa Qabiyyee Caaslugaa Boqonnaa Gara boqonnaatti KBAO Kutaa 11ffaa.**

| Mataduree jiran | Boqonnaalee | | | | | | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 | 11 | 12 | 13 | 14 | 15 | 16 | 17 | I/D |
| Birsaga | X | | | | | | | | | | | | | | | | | |
| Maqaaleefi maqibsota | | X | | | | | | | | | | | | | | | | |
| Bamaqaalee | | | x | | | | | | | | | | | | | | | |
| Fufilee | X | | | | | | | | | | | | | | | | | |
| Walsimannaa mathimaaf gochima | | | | | x | | | | | | | | | | | | | |
| Gaaleefi ciroo | | | | | | X | | | | | | | | | | | | |
| Gosoota himaa | | | | | | | X | | | | | | | | | | | |
| Henna ammennaa | | | | | | | | x | | | | | | | | | | |
| Henna R.ammennaa | | | | | | | | x | | | | | | | | | | |
| Jechoota tishoo | | | | | | | | | x | | | | | | | | | |
| Henna amsiqaa | | | | | | | | | x | | | | | | | | | |
| Gochima | | | | | | | | | | | | X | | | | | | |
| Henna murannaa | | | | | | | | | | | | X | | | | | | |
| Henna muranaalaa | | | | | | | | | | | | | X | | | | | |
| Henna darbeennaa | | | | | | | | | x | | | | | | | | | |
| Henna R.darbenna | | | | | | | | | x | | | | | | | | | |

| | | | | | | | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Walqabsiistota | | | | | | | | | | | | | X | | | | | |
| Gochibsa | | | | | | | | | | | | | | x | | | | |
| Dham-jecha | X | | | X | | | | | | | | | | | | | | |
| Hennaa tarsiiqaa | | | | | | | | | x | x | | | | | | | | |

Akkuma gabatee(4.4) kana irraa hubatamuttti, qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessatti dhiyaatee jira. kitaabni kun boqonnaa kudha torba(17) kan qabudha.Haata'u malee qabiyyeen caaslugaa kan keessatti dhiyaate boqonnaalee kudha afur(14) qofa keessatti.Boqonnaalee hafan sadan(3) keessatti qabiyyeen caaslugaa gonkumaa keessatti hin mul'anne.Kun ammoo kan hubachiisu walitti fufinsi qabiyyee caaslugaa boqonnaa gara boqonnaatti rakkoo qabaachuu isaa namatti agarsiisa.Gama biraan faca'insi qabiyyee caasluqaa walqixxaataa ta'uu dhabuun boqonnaa tokko tokko keessatti baay'achuu kanneen biroo keessatti ammoo gonkumaa dhabamuutu muldhata.Kun ammoo baruufi barsiisuu keessatti gufuu ta'uu mala.Akkuma sakatta'insa kitaabaa kana irraa hubachuun danda'amutti,qabiyyeewwan caaslugaa dhiyaatan keessaa qabiyyee caaslugaa lama qofatu al-lama irra deeddeebi'e kanneen hafan kudha saddeet qeenxeedhaan kitaaba barnootaa kana keessatti dhiyaatan.

Akkuma gabatee (4.4) kana irraa hubachuun danda'ametti qabiyyeewwan caaslugaa harki caalu itti fufinsa kan hin qabnee yoo ta'u,qabiyyeewwan caaslugaa lama al-lama irra deddeebi'uun boqonnaalee garagaraa keessatti argamaniiru.Isaanis:Dham-jechaafi hennaa tarsiqaati.Kanaaf bakka walitti fufinsi qabiyyee hin jirreetti dagaaginni qabiyyee caaslugaa hin yaadamu.Qoratichis ragaalee sakatta'a kitaabaa kana irraa argate kana bu'uureeffachuun rakkoon gama walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyeen mul'atu haala baruuf barsiisuu irratti dhiibbaa uumuu waan danda'uuf dhimma furmaata waaraa barbaadudha.

Dirriba (2008),Tasfaayee (19881),wabeeffachuun akka ibsetti gosa barnootaa tokko keessatti qabiyyeen dhiyaatu walitti fufinsa hin qabu taanan hariiroon boqonnaa boqonnaatti akkasumas,kutaafi kutaa giidduu jiru citaa ta'a.Kun ammoo akka barataan waan baratu sana sirnaan hin hubanne gochuu keessatti gahee taphata.Kanaaf,meeshaalee barnootaa qopheessuu keessatti walitti fufinsi qabiyyee daran barbaachisaa ta'uu nu hubachiisa.Haaluma kanaan,walitti fufinsi qabiyyee qofaasaa gahaa mitiwaaraa barbaada.

Akka yaadaa haayyoota kanaatti walitti fufinsi qabiyyee caaslugaa,dagaagina qabiyyee waliin walitti hidhaminsa qabachuu isaa mul’isa.Qabiyyeen dagaagaa deemuuf walitti fufinsi jiraachuun murteessaa ta’uu isaa argina.Walitti fufinsifi dagaaginni qabiyyee yoo hin jirre barattoonni bifa wal irratti ijaarrameen seera afaanii barachuuf gufuu guddaa itti ta’a.Kanamalees boqonnaa gara boqonnaatti akkasumas kutaa gara kutaatti qabiyyeen caaslugaa wal bu’ureeffachaafi dagaagaa hin deemne yoo barattoonni caasluga afaanii qulqulleessanii baruu irratti kan rakkatan ta’uu nu agarsiisa.

### 4.2.3 Walitti Fufinsa Dhiyaannaa Qabiyyee Caaslugaa Boqonnaa Gara Boqonnaatti KBAO Kutaa 12ffaa.

**Gabatee 4.5 Walitti Fufinsa Dhiyaannaa Qabiyyee Caaslugaa Boqonnaa Gara Boqonnaatti KBAO Kutaa 12<sup>ffaa</sup>**

| Matadureewwan jiran | Boqonnaalee | | | | | | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | 1 | 2 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 | 11 | 12 | 13 | 14 | 15 | 16 | 17 | 18 | I/D |
| Dhamsaga | X | | | | | | | | | | | | | | | | | | |
| Maqaaleefi gosoota isaanii | | X | | | | | | | | | | | | | | | | | |
| Hennaa | | | X | | | | | | | | | | | | | | | | |
| Jechoota diiggalaa | | | X | | | | | | | | | | | | | | | | |
| Maqibsootaafi akaakuu isaanii | | | | X | | | | | | | | | | | | | | | |
| Dham-jecha baasuu | | | | | X | | | | | | | | | | | | | | |
| Gochima | | | | | | x | X | | | | | | | | | | | | |
| Gaaleewwaniifi gosoota isaanii | | | X | | | | | | | X | | | | | | | | | |
| Walsimannaa mathimaa,antima | | | | | | X | | | | | | | | | | | | | |

| | | | | | | | | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| afi gochimaa | | | | | | | | | | | | | | | | | | | |
| Durduubee | | | | | | x | | | | | | | | | | | | X | |
| Bamaqaalee | | | | | | | X | | | | | | | | | X | | | |
| Gochibsa | | | | | | | | X | | | | | | | | | | | |
| Otoolaafi otoolta | | | | | | | | x | | | | | | | | | | | |
| Walqabsiistota | | | | | | | | | | X | | | | | | | | | |
| Ciroofi akaakuu isaanii | | | | | | | | | | X | | | | | | | | | |
| Fufiilee | | | | | X | | X | | | | | | | | | | | | |

Walitti fufinsi qabiyyee caaslugaa boqonnaa gara boqonnaatti kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 12ffaaragaa gabatee armaan olii kana irraa hubachuun ni danda'ama.Kitaabni kun boqonnaalee kudha saddeet(18) kan qabu yoo ta'u,qabiyyeen caaslugaa kan keessatti hin argamne booqonnaa kudha ja'affaa(16) qofa.Kanneen hafan hundumaa keessatti qabiiyyeen caaslugaa ni argamu.Haata'u malee kanneen boqonnaa garagaraa keessatti dhiyatan keessaa qabiyyee caaslugaa shan(5) qofaatu bifa walitti fufinsa qabuun dhiyaate.Warri shanan kunuu guutummaan guutuutti tartiibaafi duraa duuba isaa eeguun dhiyaachuu qaban hundaan dhiyaatan osoo hin taane amma tokko warren kaan caalaa boqonnaalee lama keessatti waan argamaniif qofaadha.

Haaluma kanaan kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa kudha lamaa kana keessatti walitti fufinsi qabiyyee caaslugaa dhippeentaan gaafa ka'amu(31.25%) qofaadha.Qabiyyeen caaslugaa kitaabicha keessatti dhiyaatanii walitti fufinsa hin qabne ykn irra deddeebii hin agarsiifne immoo dhibbeentaan gaafa ilaallaman(68.75%) ta'uu.Warreen walitti fufinsa qabu jedhamanis boqonnaalee lama qofa keessatti mul'atan waan ta'eef isaanumtuu harcaatii kan qaban ta'uudha.Kanaaf dhimmi walitti fufinsa qabiyyee caalugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 12ffaa dhimma ariitiin itti yaaddamuu qabu ta'uu agarsiisa.

Dirriba (2008),Tasfaayee (19881),wabeeffachuun akka ibsetti gosa barnootaa tokko keessatti qabiyyeen dhiyaatu walitti fufinsa hin qabu taanan hariiroon boqonnaa boqonnaatti

akkasumas,kutaafi kutaa giidduu jiru citaa ta'a.Kun ammoo akka barataan waan baratu sana sirnaan hin hubanne gochuu keessatti gahee taphata.Kanaaf,meeshaalee barnootaa qopheessuu keessatti walitti fufinsi qabiyyee daran barbaachisaa ta'uu nu hubachiisa.Haaluma kanaan,walitti fufinsi qabiyyee qofaasaa gahaa miti. Kanaaf walitti fufinsa keessatti gabbinni yaadaa ykn dagaaginni qabiyyee jiraachuu qaba.Walitti fufinsa sana keessatti yaanni haaraan dame horachaa deemuu qaba.Sana ta'uu baannaan barataan barnoota baratu san jibbaafi nuffaa adeema.Kanaafuu,akkuma kutaa tokko keessatti boqonnaarraa boqonnaatti akkasumas,kutaa gara kutaatti walitti fufinsi qabiyyee barbaachisu,bakka lamaanittuu walitti fufinsa keessatti dagaaginni qabiyyee barbaachisaa jedha,(Dirribaa,2008).

Bu'uuruma kanaan kitaabni barataa Afaan Oromoo kutaa 12^ffaa ulaagaa yaada haayyoonni kaasan kamiyyuu kan hin guunne waan ta'eef,kanamalees baruufi barsiisuu gufachuu waan maluuf,yeroo qophii kitaaba dhimmi walitti fufinsa qabiyyee caaslugaa dursamee itti yaadamu qaba.

### 4.2.4 Walitti Fufinsa Qabiyyee Caaslugaa Kutaadhaa Gara Kutaa(11fi 12)

**Gabatee 4.6. Walitti Fufinsa Qabiyyee Caaslugaa Kutaadhaa Gara Kutaatti (kutaa 11 fi 12)**

| Lakk. | Madadureewwan Dhiyaatan | Kutaa 11 | Kutaa 12 |
|---|---|---|---|
| 1 | Birsaga adda baasuun ibsuu | 1 | - |
| 2 | Dham-jecha addaan baasuu | 1 | 1 |
| 3 | Maqaaleefi maqibsoota | 1 | 1 |
| 4 | Bamaqaalee | 1 | 1 |
| 5 | Fufileefi gosoota isaanii | 2 | 2 |
| 6 | Walsimannaa mathimaa,antimaafi gochimaa | 1 | 1 |
| 7 | Gaaleefi ciroo | 1 | 2 |
| 8 | Gosoota himaa | 1 | - |
| 9 | Hennaaf gosoota isaanii | 1 | 1 |
| 10 | Jechoota diiggalaa | 1 | 1 |
| 11 | Gochimoota | 1 | 2 |
| 12 | Walqabsiistoota | 1 | 1 |
| 13 | Gochibsoota | 1 | 1 |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 14 | Dhamsagoota addaan baasuu | - | 1 |
| 15 | Durduubee | - | 1 |
| 16 | Otoolaafi otoolta | - | 1 |

Walitti fufinsa kutaadhaa gara kutaatti ilaalchisee qabiyyeen caaslugaa kutaa 11ffaa fi 12ffaa gidduutti mul'atu akkuma gabatee(4.6) irraa hubachuun danda'amutti akaakuun caaslugaa akka waliigalaatti kudha ja'a(16) dhiyaatan keessaa kutaalee lamaanitti kan mul'atan kudhan ykn dhibbeenaadhaan(62.5%) qofaadha.Kanneen hafan ja'an(37.5%) ammoo kutaalee lamaa keessatti walitti fufinsa kan hin qabne ta'uu gabatee kanaa olii irraa hubachuun danda'ameera.Qabiyyeen caaslugaa kutaalee lamaan keessatti dhiyatan gama walitti fufinsaan fooyyee qabu haa fakkaatan malee hanqina bal'aa kan qabanii walduraa duubaa ijaarsa isaanii fi wal-bu'uureffatanii deemuu irratti hangas mara cimina kan hin qabne ta'uu ragaaleen gabatee keessaatti argaman agarsiisuudha.Akkuma sakatta'insa raga kanaa olii irraa hubachuun danda'amutti,dhibbeentaan(37.5) walitti fufinsa kan hin qabne waan ta'eef,baruufi barsiisuu irratti gufuu akka uumu kan wal nama hin gafachiifne.Kanaaf ammoo furmaata barbaada.

### 4.2.5 Walitti Fufinsa keessatti Dagaagina Qabiyyee Caaslugaa Boqonnaa Gara Boqonnaatti (kutaa 11 fi12)

### Gabatee 4.7. Dagaagina Qabiyyee Boqonnaa Gara Boqonnaatti agarsiisu.

| Kutaa | Mataduree | Boqonnaa | Qabiyyeewwan dhiyaatan |
|---|---|---|---|
| 11 | Fufiilee | 1 | Jechootaa kennaman irraa fufiilee baasuun ibsi |
| | | 4 | Fufiilee uumamteefi hortee adda baasuun agarsiisi |
| 11 | Hennaa murannaa | 12 | Himoota keessaa henna murannaa adda baasii ibsi |
| | | 13 | Hiika himoota armaan gadii adda baasi |
| 12 | Fufiilee | 5 | Fufiileefi gosoota isaanii adda baasuun kaa'i |
| | | 7 | Himoota kennaman keessatti tajaajila caaslugaa fufileen agarsiisan adda baasuun ibsi |
| 12 | Bamaqaalee | 7 | Himoota kennaman keessaa bamaqaalee baasi |
| | | 16 | Bamaqalee iyyafannoo bakka duwwaatti guuti |
| 12 | Gaaleewwan | 3 | Gaaleewwan kennaman keessaa miltoofi murteessitoota adda baasii barreessi |

| | | | |
|---|---|---|---|
| | | 10 | Gaaleewwan himoota armaan gadii keessa adda baasi kaa’i. |
| 12 | Gochimoota | 6 | Himoota armaan gadii keessaa gochima adda baasi |
| | | 7 | Himoota kennaman keessa gochima darbeeyyiifi faaldarbeeyyii adda baasii barreessi. |

Akkuma ragaan gabatee kanaa olii kun mul’isutti dagaagina qabiyyee kutaalee lamaaniilaalchisee dhimma baay’ee nama yaaddeesssudha.Kutaa kudha tokko yoo ilaalle qabiyyeewwan caaslugaa gosa digdama dhiyaatan keessaa boqonnaa biraa keessatti deebi’ee kan mul’ate qabiyyee caaslugaa lama qofaadha.Akkasumas kan kutaa kudha lamaa ammoo qabiyyee kudha torba dhiyaatan keessaa afur qofatu deebi’ee boqonnaa biraa keessatti mul’ate.Kanaaf,agarsiistuwwan kunniin milkaa’ina dhabuu dagaagina qabiyyee waan ta’eef;qabiyyeen deddeebi’ee dhufuufi guddachaa deemuun milka’ina hubannoo baratootaaf shoora guddaa waan qabuuf dhimma itti yaadamuu qabudha.

### 4.2.6.Walitti Fufinsa Keessatti Dagaagina Qabiyyee Kutaa Gara Kutaatti(Kutaa11fi 12)

**Gabatee 4.8 Dagaagina Qabiyyee Caslugaa Kutaa Gara Kutaatti jiru.**

| Lakk | Mataduree | Qabiyyeewwaniifi kutalee keessatti dhiyaatan | |
|---|---|---|---|
| | | Kutaa 11 | Kutaa 12 |
| 1 | Fufiilee | Fufilee horteefi uumamtee adda baasuun ibsi | Fufiilee tajaajila caaslugaa isaan kennanin ibsuu |
| 2 | Maqaaleefi maqibsoota | Maqaaleefi maqibsoota adda basuun ibsuu | Hima keessatti maqaleef maqibsii adda baasuun ka’uu |
| 3 | Bamaqaalee | Bamaqaalee kennaman himoota keessatti guuti. | Bamaqaalee iyyafannoo hima siif keenname keessatti guuti |
| 4 | Walsimannaa mathima,antimaafi gochimaa | Himoota keessaa walsimanna mathimaa,antimaafi gochima adda baasuu | Himoota kenname keessaa rakkoo walsimanna kanneen qaban adda baasannii ibsuu |
| 5 | Gaaleefi ciroo | Himoota keessaa gaaleefi ciroo adda baasuu | Himoota keessaa ulaagaa gaalee kan guutan adda baasi |
| 6 | Dham-jecha | Dham-jecha irraa fufii baasi | Jechoota irraa dhamjecha baasi |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 7 | Gochima | Gochimafi tajaajila isaanii Ibsi | Gochima himoota kennaman keessaa baasi |
| 8 | Gochibsii | Gochimatti gargarramuun hima ijaaruu | Akaakuu gochibsaa adda baasuun addeessi |
| 9 | Diiggala | Jechoota diiggalaa ijaaruun ibsi | Jechoota diiggalaa qoqqoodi |

Sakatta'a kitaabaa walittti fufinsa keessatti dagaagina qabiyyee caaslugaa kutaa 11 fi 12 gidduu jiru ilaalchisee guutummaan guututti yoo ta'uu baates hamma tokko fooyya'aa ta'uu isaa ragaan arganne irraa hubachuun ni danda'ama.Kunis qabiyyee dhiyaatan keessaa sagalee(37.5%) hanga tokko dagaagina qabiyyee kan agarsiisan yommuu ta'an kanneen hafan kudha shan(62.5%) ammoo bifa dagaagina qabiyyee mul'isuun kan hin dhiyaannedha.Kanaaf garaagarummaan gidduu isaanii jiru baay'ee bal'aa waan ta'eef;itti yaaduun barbaachisaa akka ta'e nama akeeka.

Haluma kanaan dagaagina qabiyyee sirnaan eeguuf qindoominni olee (vertical organization) barbaachisaadha.Qindoomina olee keessatti qabiyyeen baratamu tokko kutaadhaa gara kutaatti guddachaa kan deemu ta'uu agarsiisa.Kana jechuun,akkuma kutaan guddachaa ykn dabalaa deemuun qabiyyeenis salphaadhaa gara walxaxaatti guddachaa kan deemuudha.Qindoominni olee dhimmoota itti fufinsafi wal duraa duuba dhufinsa jedhamanii mirkana'uu danda'u.Itti fufinsi(continuity) qabiyyeen tokko haala tokkorra deddeebi'ee dhufuusaa kan ilaallatudha.Wal duraa duuba dhufinsi immoo,tokko tokko bu'uureeffachuufi guddachaa deemuu agarsiisa(Tashooma 1998).

Dagaaginni qabiyyee walitti fufinsa qabiyyeetiin kan walitti dhufeenya cimaaa qaban yoo ta'u iyyuu bakka itti adda ta'anis qabu.Kunis,sirna barnootaa keessatti qabiyyeen dhiyaatu sadarkaa isaatiin dabalaafi gadi fageenyaan cimaa akka deemu kan taasiisuun murteessaadha.Dagaaginni dhimma irraa deddeebii osoo hin taane dhimma guddachaafi bal'achaa deemuu qabiyyee kan ilaallatudha(Tasfaaye,1981)

Haaluma armaan olitti haayyoonni kaasan kana giddu galeeffachuun yoo ilaallu,qabiyyeen caaslugaa kutaabilee lamaan keessatti dhiyaatan keessaa warreen ulaagaa daagaagaa deemuu qabiyyeefi wal bu'uureffachuu qabiyyee guutan muraasa waan ta'aniif,warreen ulaagaa hin guunne ammoo yaada haayyoonni kaasan kana bu'ureeffachuun wantoota fooyya'uu qaban

yeroon fooyya'uu qabu.Yoo kana hin taane baruufi barsiisuu irratti dhibbaa guddaa geessisuu mala.

### 4.2.7. Xiinxala Haala Qophii Maleenya Didaaktivii Yookiin Indaaktiviin Dhiyaachuu Qabiyyee Caaslugaa Kitaaba Barataa Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa fi 12ffaa

**Gabatee 4.9. Maleenya dikaaktivii ykn indaktiin dhiyaachuu caaslugaa KBAO Kutaa 11ffaa adda baasu**

| Lakk | Akaakuu Caaslugaa | Boq. | Maleenya Ittiin Dhiyaate | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | | Didaaktivii | Indaaktivii | Maleenya laman kanaa ala |
| 1 | Birsaga | 1 | - | ✓ | - |
| 2 | Dham-jecha | 1 | - | ✓ | - |
| 3 | Maqaaleefi maqibsoota | 2 | - | - | ✓ |
| 4 | Bamaqaalee | 3 | - | ✓ | - |
| 5 | Fufiilee yaasaafi hortee | 4 | - | ✓ | - |
| 6 | Walsimannaa mathima,antimafi gochima | 5 | - | - | ✓ |
| 7 | Gaaleewwan | 6 | - | ✓ | - |
| 8 | Gosoota hima | 7 | ✓ | - | - |
| 9 | Hennaa ammeennaafi R.ammeennaa | 8 | ✓ | - | - |
| 10 | Jechoota diiggalaa | 9 | - | ✓ | |
| 11 | Hennaa amsiqaa | 9 | - | - | ✓ |
| 12 | Gochima | 12 | - | ✓ | - |
| 13 | Hennaa murannaa | 12 | | | ✓ |
| 14 | Hennaa murannaalaa | 13 | ✓ | | |
| 15 | Hennaa tarsiiqaa | 11 | - | - | ✓ |
| 16 | Hennaa darbeennaa fi R darbenna | 10 | ✓ | | |
| 17 | Walqabsiistoota | 13 | - | | ✓ |
| 18 | Akaakuu gochibsaa | 14 | - | ✓ | - |
| 19 | Ciroofi akaakuu isaanii | 6 | ✓ | | |

Akkuma gabatee armaan olitti ibsamuuf yaallametti maleenya dhiyeenya qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa ilaalchisee akaakuun caaslugaa kanneen akka henna ammennaafi henna raawwima ammeennaa,gosoota himaa,henna darbeennaafi henna raawwima darbeennaa,murannaalaafi ciroon maleenya ibsaa dhiyaatu.,kanneen akka birsagaa,dham-jecha,bamaqaalee,fufiiwwaan ,gochima,walqabsiistoota,akaakuu gochibsafi jechoota diiggalaa maleenya indaaktiviin kan dhiyaatan yoo ta'an,kanneen maleenya indaaktivii yookiis maleenya didaaktiviti jedhamanii murteessuun rakkisaa ta'an,ibsas ta'e,fakkeenya tokko illee kan hin qabne,qabiyyeen caaslugaa dhiyaatan jalatti gilgaala gosa tokko qofaan kan ka'aman ta'uudha .Qabiyyeen caaslugaa kunis kanneen akka maqaaleefi maqibsoota,henna amsiqaa,henna murannaafi henna tarsiiqaa yoo ta'an,jarreen kun maleenya lamaan armaan olitti ibsamaniin ala dhiyaachuu isaanii ragaa kitaaba barnootaa Afaan Oromoo irraa sakatta'amanii gabatee kanaa olii keessatti dhiyaate irraa hubachuun ni danda'ama.Haala dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa kana dhibbeentaan gaafa ilaallaman,maleenya didaaktiviin kan dhiyaatan(26.32%) yoo ta'u,maleenya indaaktiviin kan dhiyaatan(42.1%) yommuu ta'an,kanneen maleenya lamaan kanaa ala ta'an ammoo(31.58%) dha.

Thornbury(2000:29),maleenya ibsaa ykn didaaktivii keessaatti barsiisaan jalqaba seera,yaaxxina afaan sanaa erga gadifageenyaan dhiyeesseen booda fakkeenya garagaraa kana waliin deemu kennuun sanaan booda ammoo sana bu'uura godhachuun barattoonni akka shaakalan kan taasiisudha jechuun ibseera.

Akka yaada kana irraa hubachuun danda'amutti,seera yookiin yaaxina afaanii irraa gara shaakala garagaraatti deemuun barattoonni seericha gadifageenyaan akka hubatan kanamalees shaakaala kennameef osoo hin danqamiin seera afaanichaa ykn yaaxina kenname keessatti qabamuun galma barbaachise bira ga'uuf murteessaa ta'uu nama hubachiisa.Maleenyi kun yaada bal'aa irraa gara yaada murta'atti qabiyyee waan baratamu ibsu dhiphisaa deema jechuudha.

Darribaw(2007) maleenyi indaaktivii,barattoonni biliisa ta'uun xiinxala mataa isaanii irraa ka'anii ofiisaaniitiin waan hojjetaniif dammaqinaan akka hirmaatan isaan taasiisa jechuun ibseera.

Yaada hayyuuu kanaa irraa hubachuun akka danda'amutti, haalli dhiyeenya maleenya kanaa yaadrimee qabiyyee dhiyaatu sanaa bal'inaan fakkeenya waliin tumsee kan dhiyeessu akka maleenya didaaktivii jalqaba irratti osoo hin taane xumura irratti ta'uusaati.Qabiyyeen

guutummaan guutti malleenya dhiyaannaa indaaktiviis ta'e didaaktivii hordofuun hin dhiyaanneefi hanqina qaban barattoonni illee shaakala gilgaalaa adda addaa yeroo geggeessan ofitti amanamummaan akka shaakalaniif ka'umsa dhabuun sababa ta'uu akka danda'u wal nama waan gaafachiisu miti.Kanaaf qabiyyeen caaslugaa armaan olitti dhiyaatan muraasni isaanii maleenya dhiyannaa kaminuu ibsuun rakkisaa ta'u ragaa sakatta'ame irraa hubachuun rakkissaa miti.

“Barumsi seerlugaa gaaariin hamma danda'ameetti maleenya didaaktivii yookiin indaaktiviin gargaarramuu qaba.Haala baruuf barsiisuu nuti geggeessinutuMaleenya ittiin dhiyeessinu kan murteessu.Qabiyyee barnootichaa,muuxxannoo barattootaa,naannoo barattoonni irraa dhufaniifi barsiisaa mataa isaat.”(Hiikaafi 1998:180),

Akka yaada haayyoota kanaatti caaslugni dhiyaatu tokko haala qabatamaa qabiyyee dhiyaatu sanaa bu'uura godhaachuun maleenyota lamaan keessaa tokko hordofee dhiyaachuu akka qabutu ibsame.Kanaaf qabiyyeen maleenya didaaktiviifi indaakiviin kanaa ala dhiyaatan dhimma itti yaadamuu qabaniifi yeroo gabaabaa keessatti fooyya'insi kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa kana irratti taasifamuu qaba.

#### 4.2.8.Xiinxala Haala Qophii Maleenya Didaaktivii Yookiin Indaaktiviin Dhiyaachuu Qabiyyee CaaslugaaKitaaba Barataa Afaan Oromoo Kutaa 12ffaa

### Gabatee 4.10. maleenya Ibsaaykn Fakkeenyaan dhiyaachuu caaslugaa adda baasu

| Lakk. | Gosoota caaslugaa | Boq. | Maleenya ittiin dhiyaate | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | | Didaaktivii | Indaaktivii | Maleenya lamaan kanaa ala |
| 1 | Dhamsaga | 1 | - | ✓ | - |
| 2 | Maqaalee | 2 | - | ✓ | - |
| 3 | Hennaa | 3 | - | ✓ | - |
| 4 | Jechoota diiggalaa | 3 | - | ✓ | - |
| 5 | Gaaleewwan | 3 | - | ✓ | - |
| 6 | Maqibsoota | 4 | - | ✓ | - |
| 7 | Dham-jecha | 5 | - | ✓ | - |
| 8 | Fufiilee | 5 | - | - | ✓ |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 9 | Gochima | 6 | - | ✓ | - |
| 10 | Walsimannaa mathima,antima gochima | 6 | - | ✓ | - |
| 11 | Durduubee | 6 | ✓ | | - |
| 12 | Bamaqaalee | 7 | | ✓ | - |
| 13 | Gochibsii | 8 | ✓ | - | - |
| 14 | Otoolaafi otooltaa | 8 | ✓ | - | - |
| 15 | Ciroofi akaakuu isaanii | 10 | ✓ | - | - |
| 16 | Walqabsiistoota | 10 | - | - | ✓ |

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubachuun danda'amutti qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 12ffaa maleenyoota lamaaniinuu kan dhiyaate yoo ta'u,irraa ilaaluun ni danda'ama.Qabiyyeen caaslugaa muraasni ammoo maleenya didaaktivin dhiyaatan.Haata'u malee qabiyyeen caaslugaa lakkoofsaan xiqqoo ta'an maleenya dhiyaannaa indaaktivii yookiis didaaktivii jedhamee ibsamuu bifa hin danda'amneen kitaabicha keessa akka jiran ragaa sakatta'amee gabatee kanaa olii keessatti ka'ame irraa hubachuun danda'ameera.

Qabiyyeewwan caaslugaa armaan olitti argaman keessaa kan akka maqaaalee,dhamsaga,dham-jecha,jechoota diiggalaa,maqibsoota,gaaleewwan,gochima,walsimannaa mathimaa,antimaafi gochimaafi durduubeen maleenya indaaktiviin kan dhiyaatan yoo ta'an,dhibbeentaan gaafa ka'aman(62.5%) ta'u. Qabiyyeen caaslugaa maleenya indaaktiviin dhiyaatan kanneen akka bamaqaalee,gochibsii,otoolaafi otooltaa akkasumas walqabsiistoota.Kanneen dhibbeentaan yeroo ka'aman(25%) ta'u.Gama biraan ammoo warreen maleenya indaaktivii yookiin didaaktiviin ibsamuun rakkisaa ta'an fufiileefi ciroowwaniidha.Jarreen kunis dhibbeentaa(12.5%) ta'u.Sakatta'a kitaabaa kana irraa hubachuun akka danda'amutti,qabiyyeen caaslugaa harki caalu maleenya indaaktiviin dhiyaachuu agarsiisa.Kanamalees qabiyyeen maleenya indaaktivii ykn didaaktivii ala bifa gilgaala tokkoo qofaan kitaabicha keessatti dhiyaachuu ragaa gabatee irraa dubbisuun ni danda'ama.Kun ammoo kallattii barataafi barsiisaaf waan hin keenyeef,baruufi barsiisuu gufachiisuu mala. Keessattuu barattoonni ofitti amanamummaan akka waa hin shaakalle taasiisa.

Thornbury(2000:29),maleenya diidaaktivii keessatti barsiisaan jalqaba seera,yaaxina afaan sanaa erga gadifageenyaan dhiyeesseen booda fakkeenya garagaraa kana waliin deemu kennuun sanaan booda ammoo sana bu'uura godhachuun barattoonni akka shaakalan kan taasisu jechuun ibseera.

Yaada armaan olitti dhiyaate bu'uura godhachuun caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 12ffaa maleenya didaaktivii hordofuun dhiyaatan dhibbeentaa(25%) yoo ta'an maleenya indaaktiviin wal bira qabamee gaafa ilaallamu gadi bu'aa ta'uu ragaa gabatee keessatti ka'ame irraa mirkaneeffachuun ni danda'ama.

Darribaw(2007) maleenyi indaaktivii,barattoonni biliisa ta'uun xiinxala mataa isaanii irraa ka'anii ofiisaaniitii waan hojjetaniif,dammaqinaan akka hirmaataniif isaan dandeessisa jechuun ibseera.Yaada kana irraa ammoo wanti hubannu haalli dhiyeenya maleenya kanaa yaadrimee qabiyyee dhiyaatu sanaa bal'inaan fakkeenya waliin tumsee kan dhiyeessu akka maleenya didaaktivii jalqaba irratti osoo hin taane tumura irratti ta'uu isaati.Qabiyyeen caaslugaa kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 12ffaa keessatti argaman dhibbeentaan(62.5) maleenya dhiyaannaa indaaktiviin dhiyaatan.Maleenyi kun maleenya dhiyaannaa ibsaa ykn didaaktiviin wal bira qabamee yoo ilaallamu dachaa lamaa lamaa oliin harka caaluun dhiyaachuu isaa nu hubachiisa.Bu'uura haala dhiyeenya maleenya didaaktiviifi indaaktivii kanaan yoo ilaallamu immoo qabiyyeen caaslugaa guutummaan guututti maleenya dhiyaannaa lameenuu eeganii hin dhiyaanneefi hanqina qaban barattoonnillee shaakala gilgaalaa yeroo geggeessan ofitti amanuun akka shaakalaniif ka'umsa yookiin ciicata dhabuuf sababa ta'a.

Bu'uuruma yaada kanaan kitaabni barataa Afaan Oromoo kutaa 12ffaa akkuma gabatee kanaa olii irraa mul'atutti qabiyyeen caaslugaa muraasni maleenya indaaktivii yookiis didaaktivii jennee sadarkaa murteessuu hin dandeenyeen kan dhiyaatan yoo ta'an,dhibbeentaa(12.5%) ta'u.Kanaaf warreen kun haala baruufi barsiisuu waan gufachiisaniif,furmaata waaraa kennuufiin dirqama."Barumsi seerluga gaarii hanga danda'ameetti maleenya didaaktivii yookaan indaaktivii gargaarramuu qaba.Mala ittiin gargaarramu kan murteessu,qabiyyee barnootichaa,muuxxannoo barattootaa,naannoo barattoonni irraa dhufaniifi barsiisaa mataa isaati."(Hiikaa fi Taatek 1998:180)

Akka yaada haayyoota kanaatti caaslugni dhiyaatu tokko haala qabatama qabiyyee dhiyaatu sanaa bu'uura godhachuun maleenyota lamaan keessaa tokko hordofee akka dhiyaachuu qabatu ibsame.Haaluma kanaan qabiyyeen caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 12ffaa harki

olaanaan dibbeentaan(87.5%) maleenya didaaktiviifi indaaktivii eegee dhiyaateera.Dhibbeentaan hafaan muraasni ammoo maleenya laamaaniinuu ibsuun rakkisaa waan ta'eef,ogeeyyiin barnootaa yeroo gabaabaa keessatti dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa gama kitaaba barataan jiru kana sakatta'uun furmaata waaraa akka argatu gochuun barbaachisaadha.Af-gaaffii barsiisotaafi bargaaffiin barattootaaf dhiyaate yaanni kennames hanqina armaan olitti ibsame kun kan jiru ta'uu ni mirkaneessa malee hin faalleessu.

## 4.3. Qaacceessa Bar-gaaffii Barattootaa fi Af-gaaffii Barsiisotaa

Bakki Kun bakka ragaan bargaaffii barattootaafi afgaaffiin barsiisotaa irraa argame itti xiinxalamee ture.Ragaan bargaaffii barattootaa irraa argames gabateewwan --.-,-jiran keessatti kan qaacceffame yemmuu ta'u, ragaan sakatta'a kitaabaafi afgaaffiin barsiisotaa irraa argamee waliin walcinaa qabamee hiikni itti kennamee jira.

### 4.3.1 Dhiyaannan Qabiyyeewwan Caaslugaa Boqonnaalee Hunda keessatti Wal madaaluu Isaanii Adda baasuu.

Bargaaffii 1ffaa irratti barattootaaf dhiyaate,qabiyyeen caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo keessatti dhiyaate boqonnaalee hundumaa keessatti haala wal madalawaan yookiin reeshoon hirama isaanii wal-qixxa yookiin walqixa ta'uu dhabuu isaanii lafa itti ilaalludha.

**Gabatee 4.11 KBAO Kutaa 11ffaa fi 12ffaa Boqonnaalee Hundumaa keessatti Qabiyyee caaslugaa Bifa Wal Madaalaa Ta'uu Fi Dhiisuu Adda Baasuu**

| Qabiyyeen caaslugaa KBAO kutaa 11fi12 boqonnaalee hunda keessatti bifa wal madaaluun dhiyaatee? | Dubii kennitoota | |
|---|---|---|
| | Baayina | **%** |
| Eeyyee | 5 | 5.05 |
| Lakki | 65 | 65.65 |
| Hanga tokko | 29 | 29.3 |
| Waliigalaa | 99 | 100 |

Akkuma gabatee (4.11) irraa hubatamutti deebii kennitoonni 99 keessaa 65(65.65%) qabiyyeen caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11 fi 12 boqonnaalee hundumaa keessatti bifa wal-madaalawaa ta'een hin dhiyaanne jechuun yaada isaanii ibsaniiru.Deebi kennitoonni 5(5.05%) qabiyyeen caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaafi 12ffaa boqonnaalee hundumaa keessatti haala wal madalaa ta'een dhiyaateera jechuun yaadaa isaanii laataniiru.Deebii kennitoonni 29(29.3%) ammoo qabiyyeen caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11 fi 12 boqonnaalee hundumaa keessatti ta'uu baate iyyuu hangi murta'e wayi bifa wal madalawaa ykn reeshoo walqixaa ta'een dhiyaachuu isaa raga bargaaffii barattootaa irraa funaannamee gabatee armaan olii irraa hubachuun danda'ameera.

Qabiyyeewwan caaslugaa yeroo garagaraatti sadarkaa adda addaa keessatti tartiiba isaanii eeganii kitaaba barataa keessatti dhiyaachuu qabu.(Yuunivarsitii Jimmaa,2007).

Akkuma moojula yuuniversiitii jimmaa qopheesse kana irraa hubachuun danda'ameetti qabiyyeen caaslugaa kitaaba barataa keessatti yeroo dhiyaatu duraa duuba isaa eegee adda citinsa malee dhiyaachuu akka qabu kaasa. haata'u malee akka ragaa od-kennitoonni bargaaffiin deebisanii gabatee kanaa olii irraa mul'atutti kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11 fi 12 keessatti qabiyyeen caaslugaa boqonnalee hunda keessatti haala wal madaalaa ykn reeshoo walqixaan kan hin dhiyaanne ta'uu yaada od-kennitootaa kana irraa hubachuun danda'ameera.Kanaaf yaadni ragaa sakatta'a barruu irraa argameefi dub-deebiin barattoota irraa argame kan wal hin faalleessine ta'uu ragaalee od-kennitootaafi sakatta'a kitaabaa wal bira qabuun mirkaneessuun danda'ameera.

Ragaan afgaaffii barsiisotaa irraa walitti qabaman bargaaffii barattootaa kanaan walcinaa qabamanii yoo ilaallaman kan walfakkaatanidha.Ragaaleen barsiisota biraa walitti qabaman akka ibsanitti,qabiyyeen caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11 fi 12 boqonnaalee hunda keessatti argaman haala wal madaalaa hin taanneen ykn wal hin ginneen dhiyaachuu isaa ragaa isaan dhiyeessan irraa hubachuun danda'ameera.Qabiyyeen caaslugaa kitaabilee lamaan keessatti dhiyaatan faca'insi isaanii walfakkataa kan hin taanee ta'uu, boqonnaa tokko tokko keessatti qabiyyeen caaslugaa baay'achuu kanneen biroo keessatti ammoo gonkumaa dhabamuu isaa barsiisoonni afgaaffii dhiyaateefiin ibsaniiru.

Yaadni barattootaa fi barsiisoonni akkasumas ragaaan sakatta'a kitaabaa irraa argame kan wal fakkaatuudha.Yaanni isaanii kana irraa hubachuun akka danda'ametti qabiyyeen caaslugaa

kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaalee lameenii boqonnaa gara boqonnaatti haala wal madaaleen kan dhiyaanne ta'uu ragalee dhiyaate irraa hubachuun danda'ameera.boqonnaa tokko tokko keessatti qabiyyee caaslugaa baay'achuu boqonnaa kan biro keessatti ammoo gonkumaa dhabamuutu mul'ata.Kun immoo baruuf barsiisuu gufachiisuu danda'a jedhameera.Sababiinsaa bakka boqonnaa qabiyyeen caaslugaa itti baay'atutti barattoonni qabiyyee caaslugaa akka adda baasanii hin hubanne dhiibbaa uuma.Akkasumas bakka boqonnaa qabiyyeen caaslugaa keessa hin jirre immoo barattoonni bifa wal irratti ijaarrameen afaan akka hin baranne danqa jechuun barsiisoonni af-gaaffii dhiyaateen deebisaniiru.Kanaaf faca'insi qabiyyee caaslugaa kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa lamaanii wal madaalaa ta'uu dhabuun dhimma yaachisaa waan ta'eef furmaata fulla'aa argachuu qaba.

### 4.3.2 Haala dhiyaannaa gilgaalota caaslugaa

Bargaaffii 2ffaa irratti barattootaaf dhiyaate,kan haalli gilgaaloonni caaslugaa itti dhiyaatan hawwataa ta'uufi dhiisuu isaanii adda baasuuf gaafatamee ture.Gaaffi 3ffaan ammoo sababoota hawwataa ta'uuf ta'uu dhabuu gilgaalota caaslugaa kan adda baasuuf dhiyaatedha.Bu'uuruma kanaan,ragaan haala dhiyaannaa gilgaalota caasluga KBAO kutaa 11ffaa fi 12ffaa hawwataa ta'uufi dhabuu isaanii ilaalchisee deebii barattoonni kennan gabatee armaan gadii keessatti dhiyaatee jira.

## Gabatee 4.12 Hawwataa ta'uufi dhiisuu dhiyaannaa gilgaalota caaslugaa

| Haalli gilgaaloonni caaslugaa KBAO kutaa 11ffaa fi 12ffaa itti dhiyaatan hawwataadhaa? | Deebi kennitoota | |
|---|---|---|
| | Baayina | % |
| Eeyyee | 30 | 30.3 |
| Lakki | 28 | 28.28 |
| Hanga tokko | 41 | 41.42 |
| Waliigala | 99 | 100 |

Akka gabatee (4.12) irraa hubatamutti deebi kennitoonni 30(30.3%) haalli gilgaaloonni caaslugaa itti dhiyaate hawwataadha jechuun yaada isaanii laataniiru.Deebi kennitoonni 28(28.28%) garuu haalli gilgaaloonni caaslugaa itti dhiyaate hawwataa akka hin taane bargaaffii walitti qabameen ibsanii jiru.Deebi kennitoonni 41(41.42) ammoo halli gilgaalonni caaslugaa itti dhiyaatan hanga tokko hawwataa ta'uu isaanii ragaa bargaaffiin kennaniin ibsaniiru.

Akkuma yaada armaan olii irraa hubachuun danda'amutti gilgaaloonni caaslugaa hawwatamummaan isaanii hangas mara fooyyee kan hin qabnee hanqina qabaachuu isaa ragaa bargaaffii barattootaa irraa walitti qabame irraa hubachuun danda'ameera. Qabiyyeen caaslugaa akkaataa barattoota dadammaqsuu danda'uun dhiyaachuu qabu.kaanaaf ogeeyyiin dhimmamtoota barnootaa itti yaaduun barbaachisaadha.

Akka boqonnaa lammaffaa keessatti yaada Nunan(1989) ibsetti,gilgaaloonni karaa barattoonni ciicata argatan shaakaluun haala qabatamaa daree alatis gargaarramuu danda'an kan taasiisudha.Kanaaf,barumsa haala qabatama waliigaltee dhugaan walqabsiisuun barbaachisaa akka ta'e ibseera.

Kanamalees,akka yaada hayyoota Richards fi Renanday(2002),Patel,jain(2008) kitaabni gaariin barnoonni duraa duubaan qindaa'ee bifa hawwataadhaan kan ittiin dhiyaatanidha jechuun ibsanii jiru.

Akkuma yaada hayyoota kana lamaan irraa hubachuun danda'amutti qabiyyee barnootaa haala haawwataan yoo qinda'e haala baruuf barsiisuu kakaasuun ykn barattoota keessatti dammaqina uumuun gahee olaanaa qaba.Qabiyyeen barnootaa hawwataa yoo ta'e ammoo gilgalonni qabiyyichas hawwatummaa qabachuuf carraa bal'aa qabachuu danda'u.Kanaafuu yaada kana irraa wanti hubatamu qabiyyeen hawwataa ta'uun barnoota afaanii si'eessuu keessatti murteessaa ta'uu yaada beektoonni kennan irraa hubachuun danda'ameera.

Haaluma kanaan barsiisoonni Afaan Oromoo barsiisan ragaa akka kennaniif filataman,yaada isaanii yoo ibsan, dhiyannaan qabiyyeen caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo hawwatummaan isaaniihangi tokko fooyyee qabaatanis,rakkoo baay'ee akka qaban afgaaffii dhiyaateen ibsaniru.Kanaaf,yeroo qophii kitaabaa dhiyaannaa gilgaalota caaslugaaf xiyyeeffannoo kennuun dhimma murteessaa ta'uu ibsaniiru.

Argannoon ragaa kenname irraa mul'atu akka ibsutti,haalli gilgaaloonni caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaalee lameen keessatti ittiin dhiyaatan hanga tokko hawwataa ta'uu isaa mul'isa.Sababni gilgaaloonni caaslugaa guutumatti hawwataa ta'uu dhabeef ammoo ragaa bargaaffii barattootaa irraa argamerraa gabatee itti aanu keessatti dhiyaatee jira.

## Gabatee 4.13 Sababni dhiyaannan gilgaala caaslugaa hawwataa hin taaneef

| Sabaaba gilgaaloonni caaslugaa KBAO kutaa 11ffaa fi 12ffaa hawwataa hin taanee maali? | Deebi kennitoota | |
|---|---|---|
| | Baayina | % |
| A/ Haala ifaadhaan dhiyaachuu dhabuu gilgaalotaa | 41 | 41.4 |
| B/ Bifa walitti fufinsa qabuun dhiyaachuu dhabuu | 32 | 32.3 |
| C/Bifa dagaagina qabuun dhiyaachuu dhabuu | 26 | 26.3 |
| Waliigala | 99 | 100 |

Akkuma ragaan gabatee(4.13) keessatti deebii kennitoonni 99 keessaa 41(41.4%) sababa gilgaaloonni caaslugaa hawwataa hin taaneef haala ifa hin taaneen dhiyaachuu akka ta'e bargaaffii isaaniin ibsaniiru.Deebi kennitoonni 32(32.3%) ammoo sababa gilgaaloonni caaslugaa hawwataa ta'uu dhabeef bifa walitti fufinsa qabuun dhiyaachuu dhabuu isaaniti yaada jedhu kaasaniiru.Deebi kennitoonni 26(26.3%) sababiin dhiyaannaan gilgaaloonni hawwataa hin taaneef dagagaa deemuu dhabuu qabiyyee caaslugaa ta'uu isaa yaada isaanii kennaniiru.

Dhimma walitti fufinsaa keessatti dagaaginni qabiyyee jiraachuu qaba jedhu kana barattoonni akkamitti hubatan gaaffiin jedhu ka'uu mala.Qoratichi osoo gaafannoo kana hin dhiyeessiniif mataduree walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee jedhu irratti hubannoo laatee jira.Kanaafuu,yeroo gaafannoon kun dhiyaatuuf wanti barattootti haaraa ta'u hin turre.

Akkuma gabatee (4.13) keessatti mul'atu,hawwatummaa gilgaalota caaslugaa kallattii sadiin akka ilaalan bargaaffiin dhiyaate.Kallattiiwwan kunneenis:Haala ifaan dhiyaachuu dhabuu

gilgaalota caaslugaa,bifa walitti fufinsa qabuun dhiyaachuufi dagaagaa deemuu dhabuu qabiyyee caaslugaati.Hawwataa yookiin hawwataa miti yaanni jedhu kan ilaallame ilaalcha ija hawwachuu gama jedhuun osoo hin taane akka barattoonni dammaqinaan hirmaatanii shaakalan taasiisuuf yaada barattootaa ofitti harkisuu gilgaalota caaslugaa kan ilaallatudha.

Akka odeeffannoon gabatee armaan olii keessatti mul'atutti bifa dagaagina qabuun dhiyaachuu dhabuun gilgaalota caaslugaa hawwatummaa dhiyaannaa gilgaalota kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi 12ffaa keessaa kan hube ta'uu isaati.Kana jechuun barattoonni hirmaannaa ho'aa akka isaan barnoota caaslugaa irratti hin taasifne dhibbaa irratti geessisee jira.Haaluma walfakkaatuun barsiisoonni Afaan Oromoo barsiisan shanan qorannnoo kana milkeessuuf filataman afgaaaffii qoratichi taasiiseen yaada isaanii yoo ibsan,gilgaaloonni caaslugaa dagaagaa kan hin deemnefi akkasumas akkaataa dandeettii barattootaa cimsuu danda'uun kan hin qophoofne ta'uu yaada isaanii ibsaniiru.Kunis xiinxala sakatta'a kitaabaafi bargaaffii barattoota irra argame kan mirkaneessu malee kan faalleessu miti.

Barsiisaan Afaan Oromoo barsiisuun muuxannoo yeroo dheeraa qabu tokko akka ibsetti,akaakuun caaslugaa tokko tokko tasumaa dagachuun akaakuu gilgaalota caaslugaa muraasa irratti xiyyeeffatamuun isaa hawwatummaa dhabuu kitaabichaaf sababa guddaa ta'eera.Kanamalees kanneen jiran mataasaa bal'inaan dhiyaachuu osoo qaban dhiyaachuu dhabuu ibsee jira.Akkasumas,bifa hubatamuu danda'uun ibsa gahaa waliin dhiyeessuu dhabuun rakkoo biraa ta'ee mul'ateera.

Barsiisoonni afgaaffiin taasifameef kanneen biroo dhiyaannaan gilgaalota caaslugaa hawwatummaa kan dhabsiisan gosoonni gilgaalota caaslugaa adda addaa akkaataa walmadaaloo ta'aniin dhiyaachuu dhaabuu isaanii ibsanii jiru.Kanas yeroo fakkeenyaan ibsan gilgaaloonni caaslugaa kitaabicha keessatti dhiyaatan baay'een isaanii fufiilee irratti kan xiyyeeffataniifi gosoota caaslugaa biro ammoo xiyyeeffannoo kan hin qabne ta'uu ibsaniiru.

Kanarraa hubachuun kan danda'amu,gilgaaloonni caaslugaa hawwataa kan hin taaneef walitti fufinsiifi dagaaginni qabiyyee dhabamuu ragaleen bargaaffii afgaffii irraa argame kan walsimu ta'uu hubachuun danda'ameera.

Brown(2000) Kitaabni gaariin gilgaaloota gosa adda addaa bifa to'atamaa akkasumas bifa to'atamaa hin taaneen qopha'an dhiyeessuufi barattoonni dammaqinaan akka irratti hirmaatan taasiisudha jedha.Walumaagatti ragaan qaacceessa kitaabaa akkasumas,bargaaffiifi afgaaffiin

barsiisota irraa argame dhiyaannaan gilgaalota caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11 fi 12 hawwataa akka hin taane kan agarsiisudha.As irratti kan hubatamuu qabu,guutummaa kitaabichaatu hawwatummaa hin qabu kallattii jedhuun qorataan waan hunda hin qoranne.Hanqina dhiyaannaa gilgaalota caaslugaa keessatti gama walitti fufinsaa akkasumas gama dagaagina qabiyyeetiin jiru dhimma hoj-manee dhimmamtoota hundaati.

### 4.3.3 Walitti fufinsaafi Dagaagina Qabiyyee Caaslugaa Boqonnaa Gara Boqonnaatti

Haalli dhiyaannaa caaslugaa KBAO kutaa 11 fi 12 ija walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee caaslugaatiin gahaa ta’uufi dhiisuu adda baafachuuf bargaaffiin barattootaa dhiyaatee ture.

### Gabatee 4.14 Walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee caaslugaa kutaa tokko keessatti

| KBAO kutaa 11 fi 12 keessatti caaslugni qopha’an walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee qabuu? | Deebi kennitoota | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Kutaa 11 | | Kutaa 12 | |
| | Baayina | % | Baayina | % |
| Eeyyee | 30 | 30.3 | 34 | 34.34 |
| Lakki | 38 | 38.38 | 36 | 36.36 |
| Giddugaleessa | 31 | 31.32 | 29 | 29.3 |
| Waliigala | 99 | 100 | 99 | 100 |

Akkuma gabatee (4.14) irraa hubatamu,deebii kennitoonni 99 keessaa 31(31.32%) qabiyyeen caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessatti dhiyaatan haala giddu galeessa ta’een kan qopha’an ta’uu ibsaniiru.Deebi kennitoonni 38(38.38%) ammoo qabiyyeen caaslugaa dhiyaatan haala walitti fufinsaafi dagaagina qabuun akka hin dhiyaanne bargaaffii dhiyaate irraa xiinxaluun danda’ameera.Deebi kennitoonni 30(30.3) biroo immoo qabiyyeen caaslugaa

akkaataa fooyyee qabuun walitti fufinsaafi dagaagina kan agarsiise ta'uu yaada kennaniin ibsaniiru.

Egaa akkuma ragaan sakatta'a kitaabaa irraa argame ibsutti,haalli dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa KBAO kutaa 11ffaa boqonnaa gara boqonnaatti rakkoo walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee kan qabu ta'uusaa gabatee(4.4) keessatti dhiyaate hubachuun ni danda'ama.Kanaaf waliitti fufinsiifi dagaaginni qabiyyee  caaslugaa dhimma furmaata barbaadudha.

Haluma kanaan,afgaaffii barsiisotaaf dhimmumaa kana irratti dhiyaate yaaduma barattoonni kaasaniin garaagarummaa kan hin qabne ta'uu ibsa.Barsiisoonni Afaan Oromoo barsiisuudhaan muuxxannoo yeroo dheeraa qaban dhiyaannaa caaslugaa ilaalchisee yaada kennan keessatti,qabiyyeen caaslugaa haala ga'umsa qabuufi akkaataa dandeettii  barattoota cimsuu danda'uun kan hin qophoofne ta'uusaa hubachiisanii jiru.

Kan biraa ammoo walitti fufinsiifi dagaagina qabiyyee caaslugaa KBAO kutaa 12ffaa ilaalchisee deebi kennitoonni 99 keessaa 34(34.34%) qabiyyeen caaslugaa haala gaarii bifa ta'een walitti fufinsiifi dagaaginni qabiyyee caaslugaa akka dhiyaate bargaaffii filannoon dhiyaateen deebisaniiru.Deebi kennitoonni 36(36.36%) qabiyyeen caaslugaa bifa walitti fufinsaafi dagaagaa deemuu irratti hanqina akka qabu ragaa gabatee armaan olii irraa xiinxalamuu danda'ameera.Deebi kennitoonni 29(29.3) ammoo dhiyaannaan qabiyyee caaslugaa ija walitti fufinsaafi dagaaginaan giddugaleessa ykn hanga tokko fooyyeen jiraachuu bargaaffi dhiyaateef deebii kenname irraa hubachuun ni danda'ama

Gama biraatiin afgaaffiin barsiisota filataman shananiif dhiyaate irratti kitaabni barataa Afaan Oromoo kutaa lameenii mataduree lamaan alatti walitti fufinsiifi dagaaginni qabiyyee caaslugaa rakkoo hammaataa baruuf barsiisuu irratti akka fidaniifi fooyya'uu akka qaban yaada qoratichaaf kennaniin ibsaniiru.

### 4.3.4 Sababoota walitti fufinsafi dagaagina qabiyyee dhorkan

Gabatee 4.15 Sababoota walitti fufinsaafi dagaagina dhabuu qabiyee caaslugaa

| Sababni walitti fufinsaafi dagaagina dhabuu qabiyyee caaslugaa KBAO kutaa 11ffaa fi 12ffaa kami? | Deebi kennitoota | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Kutaa 11ffaa | | Kutaa 12ffaa | |
| | Baayina | % | Baayina | % |
| A/ Fakkeenya gahaa dhabuu | 35 | 35.4 | 29 | 29.3 |
| B/ Gilgaaloota caaslugaa gidduu hariiroon dhabamuu | 34 | 34.3 | 42 | 42.4 |
| C/ Dabalaa deemuu dhabuu qabiyyee | 30 | 30.3 | 28 | 28.3 |
| Waliigala | 99 | 100 | 99 | 100 |

Sababa walitti fufinsaafi dagaagina dhabuu qabiyyee caaslugaa KBAO kutaa 11ffaa ilaalchisee ragaan gabatee kana irraa argamu akka ibsutti, deebi kennitoonni 99 keessaa 35(35.4.%) fakkeenya gahaa dhabuu yoo jedhan barattoonni 34(34.3%) ammoo gilgaalota caaslugaa gidduu hariiroon dhibuudha jechuun bargaaffii dhiyaateen deebisaniiru.Deebi kennitoonni 30(30.3%) biroo immoo dabalaa deemuu dhabuu qabiyyee caaslugaati jechuun ibsa barruu dhiyaateen kennanii jiru

Haaluma gabatee (4.15) jalatti ibsamuuf yaallametti,KBAO kutaa 11ffaa haalli dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa ija walitti fufinsafi dagaagina qabiyyeetiin yoo ilaallamu hanqina qabaachuu isaa ragaa sakatta’insa kitaabaa irraa argameefi bargaaffii bargaaffii barattootaa irraa argame wal bukkee qabamee xiinxalameera.Kanuma tumsuudhaan ragaa gabatee (4.14) keessaa ammoo sababni walitti fufinsaafi dagaagina dhabuu qabiyyee caaslugaa, dabalaa deemuu dhabuu qabiyyichaa ta’uu isaa deebii kenname irraa hubachuun ni danda’ama.

Dabalaa deemuu dhabuu qabiyyee caaslugaa gahumsaan dhiyaachuu gilgaalota caaslugaa KBAO kutaa 11 tiif sababa akka ta’e barattoonni yaada isaanii kennaniiru.Kunis qabiyyeen boqonnaa

tokko keessatti dhiyaate dabalee boqonnaa itti aanu keessatti dhiyaachuu dhabuufi guddachaa deemuu dhiisuu isaati.

Jain(2008) kitaaba barnootaa tokko ulaagaawwan gaariidha jechisiisan barnoonni dhiyaatu beekumsa haaraa barattootaaf kan dabalu ta’uu ibsee jira.

Walumaagalatti ragaa kana irraa hubachuun kan danda’amu dhiyaannaan gilgaalota caaslugaa KBAO kutaa 11 ija walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyeetiin hanqina akka qabudha.Ga’umsa dhabuu gilgaalotaa kanaafis akkuma armaan olitti mul’atutti,qabiyyichi deddeebi’ee dhufuun guddachaa deemuu dhabuun akka hanqina tokkootti ilaallameera.

Haaluma walfakkaatuun yaada gabatee(10) keessatti kenname bu’uureffachuun sababa walitti fufinsaafi dagaagina dhabuu qabiyyee caaslugaa KBAO kutaa 12ffaa ilaalchisee,deebi kennitoonni 99 keessaa 29(29.3%) fakkeenya gahaa dhabuu qabiyyicha yoo ibsan,deebii kennitoonni 42(42.4%) gilgaalota caaslugaa gidduu hariiroon dhabamuu,akkasumas deebi kennitoonni 28(28.3%) dabalaa deemuu dhabuu qabiyyee caaslugaa ta’uu yaada isaanii karaa bargaaffii dhiyaateen ibsaniiru.

Ibsa armaan olii irraa kan hubatamu gilgaaloonni dhiyaatan mataan isaanii fakkeenya gahaa dhabuufi akkasuma qabiyyichi guddachaa deemuu dhabuun akka walitti fufinsaafi dagaagina hin jiraanne isa taasiisa.Kanamalees barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan kanneen afgaaffiin dhiyaateef hanqina qabaachuu dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa ibsuun,hojii baruuf barsiisuu keessatti gufuu guddaa akka ta’e afgaaffii dhiyaateen yaada isaanii ibsaniiru.

Kanaaf,qindoominni qabiyyee bifa walitti fufinsaafi dagaagina qabuun dhiyaachuun barataa gahoomsuu irratti gaheen inni qabu olaanaadha.Kana milkeessuuf ammoo hunda dura qopheessitoonni meeshaalee barnoota gahee bakka hin buune qabu.Hanqinoota dhiyaatan kana hubannoo keessa galchuun qabiyyee caaslugaa bifa walitti fufinsaafi dagaagina horachuu danda’uun qopheessuun dirqama ofii bahuun barbaachisaadha.

### 4.3.5 Walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee caaslugaa kutaalee 11 fi 12 gidduu jiran adda baasuu.

**Gabatee 4.16 walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee caaslugaa kutaa gara kutaatti**

| KBAO kutaa 11 fi 12 gidduu walitti fufinsiifi dagaaginni qabiyyee caaslugaa jiraa? | Deebii kennitoota | |
|---|---|---|
| | Baayina | **%** |
| Eeyyee | 25 | 25.25 |
| Lakki | 41 | 41.41 |
| Hanga tokko | 33 | 33.34 |
| Waliigala | 99 | 100 |

Akkuma odeeffannoon gabatee (4.16) keessatti dhiyaate ibsutti,ragaan bargaaffii barattootaa irraa argame kan agarsiisu; deebi kennitoota 99 keessaa 25(25.25%) KBAO kutaa 11 fi 12 guutumatti walitti fufinsaafi dagaaginni qabiyyee gidduu isaanii jiraachuu yoo ibsan,deebi kennitoonni 41(41.41%) ammoo kitaabileen barnoota Afaan Oromoo kutaa 11 fi 12 qabiyyee caaslugaatiin hariiroo kan hin qabne ta’uu ragaa isaan kennan irraa hubatamuun danda’ameera.Deebi kennitoonni 33(33.34%) ta’an ammoo walitti fufinsiifi dagaaginni qabiyyee caaslugaa kutaadhaa gara kutaatti jiru fooyya’aa ta’uu isaa ragaa barreeffamaan ibsaniiru.

Ibsa gabatee kanaa olii irraa hubatamu kitaabni barnootaa Afaan Oromoo kutaalee 11 fi 12 walitti fufinsaafi dagaaginni qabiyyee caaslugaa gidduu isaanii jiru kanneen boqonnaa gara boqonnaatti kutaa sana keessa jiru caala fooyya’aa ta’uusaa deebiin barattoota irraa argame ragaa baha.Kanaaf,hariiroon kitaabilee lamaan gidduu jiru gama qabiyyee caaslugaan giddu galeessa ta’us, yaadooleen karaa bargaaffi barattootaan dhiyaate gabatee kana olii irraa hubachuun akka danda’amutti hariiroon qabiyyee caaslugaa kutaalee lameenii hanqina akka qabu xiinxalameera.

Kanamalees,afgaaffiin barsiisotaaf dhimma walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11 fi 12 gidduu jiru irratti yaaduma sakatt'aa kitaabaan fi yaada barattoonni kennaniin kan wal hin faalleessine yoo ta'u, walitti fufinsiifi dagaaginni qabiyyee caaslugaa kanneen kutaa tokko keessatti boqonnaa gara boqonnatti jiran caalaa fooyyee akka qaban ta'uu yaada isaani ibsaniiru.Ta'us garuu hanqinnoonni mul'atan hedduu waan ta'aniif, gara fulduratti irratti hojjeechuu akka gaafatu gaaffii gaafataniif deebii laataniiru.

### 4.3.6 Haala qophii maleenya qabiyyee caaslugaa

Gabatee 4.17.xiinxala haala qophii maleenyaa didaaktivii yookiin indaaktiviin dhiyachuu KBAO kutaa 11 fi 12.

| KBAO kutaa 11fi 12 maleenya kamiin dhiyaate? | Deebi kennitoota | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Kutaa 11 | | Kutaa 12 | |
| | Baayina | % | Baayina | % |
| Didaaktivii | 26 | 26.3 | 21 | 21.3 |
| Indaaktivii | 65 | 65.7 | 72 | 72.7 |
| Maleenya lamaan kanaa ala | 8 | 8 | 6 | 6 |
| Waliigala | 99 | 100 | 99 | 100 |

Akkuma gabatee(4.17) irraa hubachuun danda'amutti,haalli qophii maleenya qabiyyee caaslugaakitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa ilaalchisee,deebi kennitoonni 99 keessaa 26(26.3%) qabiyyeen caasluga maleenya didaaktiviin ibsame yoo jedhan ,deebi kennitoonni 65(65.7) kan ta'an ammoo qabiyyeen caaslugaa maleenya indaaktiviin ibsame yaada jedhu kaasaniiru.Deebi kennitoonni 8(8%) ta'an ammoo qabiyyeen kitaaba barataa Afaan Oromoo maleenya gurguddoo lamaan armaan olitti ibsamanii ala qabiyyee muraasni akka dhiyaatan bargaaffii kennameefiin ibsanii jiru

“Barumsi seerlugaa gaaariin hamma danda’ameetti maleenya didaaktivii yookiin indaaktiviin gargaarramuu qaba.Maleenya ittiin fayyadamnu kan murteessu,qabiyyee barnootichaa,muuxxannoo barattootaa,naannoo barattoonni irraa dhufaniifi barsiisaa mataa isaat.”(Hiikaafi 1998:180),Akka yaada haayyoota kanaatti caaslugni dhiyaatu tokko haala qabatamaa qabiyyee dhiyaatu sanaa bu’uura godhaachuun maleenyota lamaan keessaa tokko hordofee dhiyaachuu akka qabutu ibsame.Kanaaf qabiyyeen maleenya didaaktiviifi indaakiviin kanaa ala dhiyaatan dhimma itti yaadamuu qabaniifi yeroo gabaabaa keessatti fooyya’insi kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa kana irratti taasifamuu qaba.

Haaluma walfakkaatuun qabiyyeen caaslugaa KBAO kutaa12ffaa maleenya isaan ittiin dhiyaatan ilaalchisee;deebii kennitoota 99 keessaa 21(21.3%) qabiyyeen caaslugaa maleenya didaaktiviin dhiyaachuu ibsan.Deebii kennitoonni 72(72.7%) ammoo qabiyyeen caaslugaa KBAO kutaa 12ffaa maleenya indaaktiviin akka dhiyaatan yaada isaan bargaaffiin kennan irraa hubachuun danda’ameera.Deebi kennitoonni 6(6%) qabiyyeen caaslugaa maleenya didaaktivii ykn indaaktivii hin jechissifneen dhiyaatanis kan jiran ta’uu deebii barattootaa kana irraa hubachuun danda’ameera.

Qoratichi barsiisota filatee iddatteesse afgaaffii dhiyeessee ture. Barsiisoonni kunis muuxxannoofi hubannoo qabaniin walbira qabanii yoo ibsan,KBAO kutaa 11 fi 12 harki caalaan maleenya indaaktiviin ykn mala shaakalaan akka dhiyaatan kanneen hafan ammoo maleenya didaaktiviin kan dhiyaatan yoo ta’u,darbee darbee garuu gabiyyeen caaslugaa maleenya kana lamaaniin murteessuun nama rakkisu jiraachuu afgaaffii kanaan himaniiru.

# BOQONNAA SHAN

## 5 . ARGANNOO,GUDUUNFAAFI YABOOO

### 5.1 Argannoo

. Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaalee 11fi 12 sakatta'uun xiinxaluuf qabxiilee madaalli gilgaalotaa mul'isan wixiineeffamaniiru. Karaa biraatiin, afgaaffiin barsiisotaaf dhihaate caasaa banaan qindaa'anii kan qophaa'an yommuu ta'u; bargaaffiin barattoota ammoo caasaa cuufaa ta'een kan dhiyatanidha. Ragaan adeemsa kanaan argame erga qaaccessamee ibsi itti kennamee booda hanqinooleen armaan gadii jiraachuu isaanii bifa argannootiin bira gahamee jira.

Haaluma kanaan.inni jalqabaa dhiyaannaan qabiyyeen caaslugaa haala walmadaalaa ykn wal-gitinsi(faca'insi) isaa boqonnaa gara boqonnaatti wal fakkaataa akka hin taaneefi inumaa boqonnaalee tokko tokko keessatti qabiyyeen caaslugaa gonkumaa kan hin mul'annee yoo ta'u,faallaa kanaa ammoo boqonnaalee qabiyyeen caaslugaa sadiifi afur itti dhiyaate kan jiru ta'uu ragaa kitaaba sakatta'ameefi od-kennitoota irraa hubachuun danda'ameera.

Kanamalees haalli dhiyeenya gilgaalota caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaalee 11fi 12 rakkoo qabaachuu isaati. Haaluma kanaan, gilgaalonni caaslugaa shaakalchisuuf kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11 keessatti dhihaatan walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee boqonnaadhaa boqonnaatti jiruuf xiyyeeffannaan hin kennamneef.

Kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa11ffaa keessatti boqonnaalee kudha torba jiru keessaa hanga boqonnaa kudha afurii qofaatti qabiyyeen kan jiru yoo ta'u;gosoota qabiyyee caaslugaa kudha jaha kitaabicha keessatti dhihaatan keessaa ammoo; lamaan isaanii qofatu deebii'ee boqannaa biraa keessatti mul'ate. Akkasumas, Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 12 keessatti qabiyyeen caaslugaa boqonnaa muraasa keessatti keessatti dhiyaatan iyyuu walitti fufinsa kan hin qabneefi bakka walitti fufinsi hin jirretti immoo dagaaginni qabiyyee kan hin yaaddamne ta'uu ragaalee sakatta'ameefi od-kennittotaa irraa mirkaneeffachuun danda'ameera.Kanaaf, xiyyeeffannoon gama kana jiru laafaa ta'uu isaati.

Kana malees, haalli dhihaannaa qabiyyee caaslugaa Kitaaba Barataa Afaan Oromoo kutaa 11fi 12 gidduu jiru ilaalchisee, kitaabilee kanneen keessatti gosota qabiyyee dhihaatan hanga tokkoo bifa walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee yoo qabatan iyyuu, warreen muraasa ta'an immoo

kutaalee lamaan gidduutti walitti fufinsiifi dagaaginni qabiyyee caaslugaa kan hin mul'anne ta'uu ragaalee xiinxalaman irraa hubachuun danda'ameera.Kunis, kan agarsiisu kanneen kaanirraa fooyyee qaba malee guutummaa guututti sirriidha jechuu miti. Kanaaf, walitti fufiinsi haala sirriin jiraannan qabiyyeewwan dhihaachuu qaban walitti fufinsa keessatti dagaaginni isaanii dabalaa deemuun akka qabiyyichi hin nuffamne taasisuurra darbee barnoota sadarkaa isaa eege dhiheessuuf shoora alaanaa taphata. Haaluma kanaan, hanqinni gama walitti fafinsiifi dagaaginni qabiyyee kutaa gara kutaatti jiru hanga qabiyyee boqonnaadhaa boqonnattii yoo ta'uu baateyyuu caalaatti cimsuuf xiyyeeffannaa kan barbaadu ta'uusaati.

Qabiyyeen caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11 fi12 maleenya didaaktiviifi indaaktiviin akka dhiyaatan ragaalee xiinxalaman irraa hubatameera.Akkuma ragaa sakatta'a kitaabaa irraa hubachuun danda'ametti qabiyyeewwan caaslugaa kitaabilee lamaan irratti dhiyaatan irra caalaatti maleenya diidaktiviifi indaaktivii yoo ta'u qabiyyeewwan caaslugaa muraasni maleenya kanaa ala dhiyaatanis akka jiran bira gahameera.

## 5.2Guduunfaa

Barnootaa afaanii keessatti yeroo ammaa qabiyyeewwan dhihaatan harki caalaan dandeettiiwwan afaaniiti.Akkuma dandeettiiwwan afaanii kun xiyyeeffannoo argatan qabiyyeen caaslugaas isa tokko waan ta'eef barnoota afaanii keessatti itti xiyyeeffannoo argachuu qabu .Haaluma kanaan, qabiyyeen caaslugaa qixa dhihaachuu qabaaniin akka dhihaata taasisuu keessaatti gahee olaanaa kan taphatu sirna barnootaati. Qoratich dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u,sirni Sirni barnootaa, silabasiifi qajeelcha barsiisaa daangaa qorannoo isaatii ala.Gara fulduraatti namoonni mataduree qoratichaan walfakkatu irratti qorannoo geggeessuu barbaadan keessattuu dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa gama sirna barnootaa,silabasiifi qajeelcha barsiisaatiin jiru maal akka fakkaatu xiinlaluuf qorannoon kun ka'umsa ta'aaf.Sirna barnootaa meeshaa guddaa dhimma barnootaati. Kanarra ka'uun,akkuma dandeetti afaanii kan biroo qophii meeshaalee barnootaa keessaatti bakki ijoon itti xiyyeeffatamu qabu dhiyaannaa qabiyyee caaslugaati.Kunis, wanti qophaa'uu sun hariiroo hinqabu taanaan yaanni achirra argamus addaan ciccitaa ta'a. kun ammoo, hubannoo barattootaa irratti rakkoo hamaa waan fiduuf, furtuu guddaan qindoomina isaanii sirreessudha.Gilgaalonni kitaaba barnootaa Afaan Oromoo keessatti dhihaatan kan barattoonni bifa qindoominaafi kaayyoo barnoota afaanii irratti hundaa'ee saganteeffamee shaakalaniifi ciicata dabalataa irraa argatanidha. Waan kana ta'eef, dhihaannaan

gilgaalota caaslugaa kitaaba barnoota afaanii keessa jiran kaayyoofi bu'aa barnoota afaanii irraa argamuu qabuu galmaan gahuufi dhiisuu irraatti qooda guddaa qaba. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaalee 11fi 12 xiinxaluu akka ta'e boqonnaa tokko keessatti eeramee jira. Galma ga'insa kaayyoo kanaatiif sakatta'insa kitaaba barataa isa hangafaa ta'uus; qooda fudhattoonni barsiisotaafi barattoota Afaan Oromoo Mana Barumsaa Shashamanneetii. Galma yaadamee bira gahuuf, meeshaalee funaansa raga adda addaa gargaaramuudhaan odeeffannoo sassaabuun hojii isa jalqabaa ture. Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaalee 11fi 12 sakatta'uun, bargaaffii baratttootaafi afgaaffiin barsiisota meeshaalee funaansa ragaa qoratichi itti fayyadamedha. Kanneen keessaa inni bu'uuraa, kitaaba barataa sakatta'uun xiinxaluu yoo ta'u; itti aansuun akka madda raga dabalataatti yaanni barattootaa bargaaffiin barattoota irraa fudhatameera

## 5.3. Yaaboo

Hanqinoota qorannoo kanan adda ba'an irratti hundaa'uun yaanni furmaataa armaan gadii kennamee jira**.**

1.Kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 11ffaafi 12ffaa keessatti qabiyyeewwan caaslugaa dhiyaatan boqonnaa gara boqonnaatti faca'insi isaanii kan wal hin madaalle ta'uu ragaa sakatta'a kitaabaafi deebii od-kennitootaa irraa hubachuun danda'ameera. Boqonnaa qabiyyeen caaslugaa keessatti hin dhiyaanne addaan ciiccitinsa barnoota caaslugaa irratti waan fiduuf barattoonni bifa wal irratti ijaarrameen seera afaanii akka hin baranne danqa.Boqonnalee qabiyyeewwan caaslugaa adda addaa itt baay'atanitti immoo baratoonni gadi fageessanii caasaa afaanii akka hin baranne gufuu itti ta'a. Kanaaf ogeeyyiin barnootaa, Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaafi 12ffaa qopheessan qabiyyee caaslugaa boqonnaalee hundumaa keessatti bifa wal madaalaawaa ta'een osoo dhiyeessanii bareeda.

2. Kitaabota barataa Afaan Oromoo kutaa 11fi 12 keessatti qabiyyeen caasluga barsiisuuf yookiin shaakalchisuuf qophaa'aniif xiyyeeffannoon addaa osoo kennamee gaariidha. Ogeeyyiin ykn haayyoonni qophii meeshaalee barnootaa irratti bobba'anii hojjetan haala kaayyoo qabiyyeen caaslugaa dhihaatuufi haala gilgaalonni caaslugaa itti dhihaatan walsimsiisuun osoo dhiheessanii barattoonni afaan barataan irraa akka bu'aa argatan taasisuuf kanamalees; guddina afaanichaatiif illee kan duraa caalaa shoora mataa isaa qaba.

3. Qabiyyeen caaslugaa shaakalchiisuuf kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11 keessaatti dhihaatan walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee boqonnaadhaa gara boqonnaatti jiruuf osoo xiyyeeffatamee gaariidha. Barattootni muuxannoo caasluga haala walitti fufinsa qabuun yoo barachuuf carraa argatan kallattii garagaraatiin akka fayyadaman isaan taasisa. Kunis, qabiyyee caaslugaa sana walqabisiisuun akka hubannoo isaanii cimuufi ofdanda'anii akka barataniif isaan gargaara. Lama, walitti fufinsa keessatti yaadni yoo dabalaa deemuun sadarkaa isaanii walmadaallan yaa'insa yaada giddu jiru osoo addaan hinkutin miira hawwataa ta'een osoo hinnuffiin kakaa'umsaan akka baratan taasisa. Kun ammoo, hubannoo caasluga irratti qaban cimsuu irra darbee qorannoo addaddaa gaggeessuun illee guddina afaanichaa keessatti gahee akka taphataniif nifayyada. Kanaaf, barsiisonni mana barumsaa shashamannee, qopheessitoonni sirma barnootaafi meeshaalee barnootaa kitaaba barnootaa keessatti haala walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyeetiin qopheessuun osoo barattoota shaakalchiisanii

gaariidha.

4. Qabiyyeen kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 12ffaa keessatti caasluga shaakalchiisuuf qophaa'an akkuma kan kutaa 11 rakkoo walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee waan qabuuf osoo xiyyeeffannoo qophaa'ee gaarii ta'a.Haaluma kanaan, akkuma kan kutaa 11ffaa walitti fufinsiifi dagaaginni qabiyyee boqonnaalee gidduu jiru qaawwaa ykn hanqina banee jira. Kunis, qabiyyee dhihaate walsimsiisuun hafee muraasa isaanii irratti xiyyeeffachuutu mul'ata. Kun ammoo, qabiyyeen kaawwan akka dagataman taasisa.

Walitti fufinsa yeroo jennu qabiyyeen caaslugaa tokko ofumaa dedeebi'uu osoo hintaane qabiyyee deebi'ee ka'umsa godhachuun waan haaraa itti dabalaa deemuun dagaagina qabiyyeetiin walqabata. Kanaaf, qabiyyichaa walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee caaslugaa eegaan bifa hawwataa ta'een dhiheessuun kan qopheessittootaati waan ta'eef osoo itti yaadamee gaarii ta'a.

Kitaabni barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaafi 12ffaa rakkoo walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee caaslugaa waan qabuuf ogeeyyiin barnoota irratti hojjetan osoo itti yaadanii dansa.

5. Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaalee 11fi 12 gidduu hariroon isaan qaban fooyyaa'aa ta'u illee, gahaa miti. Kunis, kutaa tokko keessatti hariiroo boqonnaalee gidduu jiruun walcinaa qabnee yoo xiinxallu fooyyaa'adha malee guutuummaan guutuuti seera isaa eegee dhihaatee jechuu miti. Haaluma kanaan, walitti fufinsii qabiyyee jiraannan ammuma kutaan dabalaa

deemuu qabiyyichis guddachaa deemuun barbaachiisaadha. Kanarra yoo kaanu, haalli dhihaannaa qabiyyee caaslugaa kitaabilee Afaan Oromoo lameen kanneen gidduu jiru amma tokko fooyyee qaba jechuudha malee baay'eetu isaa hafa. Waan kana ta'eef, caalaatti bu'aa barbaadamu bira gahuufi kaayyoo qabiyyichaa milkeessuuf haala qophii isaa keessatti itti yaadamee hariiroon kutaalee lamaanii gama cimuu danda'uun yoo qophaa'ee caalaatti bu'a qabeessa ta'a.

Walumaagalatti, xiinxala kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaalee 11fi 12 ija waalitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee caaslugaatiin taasifameen argannoon argameefi yaanni furmaataa kana olitti dhihaate jira. Hanga Biiroon Barnoota Oromiyyaa akkasumas, qaamni dhimmichi isaan ilaalatu hanqina mul'ate hubataanii furmaata itti kennanitti; barsiisonni mana barumsaa Shaashamannee kutaalee 11fi 12 Afaan Oromoo barsiisan bu'aa qorannoo kanaa irratti hundaa'anii qabiyyee dhihaate akka barsiisamuu jechaa; ogeeyyiin barnootaa qorannoo kana dubbistan bu'aan qorannichaa akka hojiitti jijjiiramu waliin haatumsinuun dhaamsa qoratichaati.

Walitti fufinsiifi dagaaginni qabiyyee caalugaa kutaa gara kutaatti jiru fooyyee qabaatus hanqina waan qabuuf,osoo daran irratti hojjetame gaariidha.

6.Qabiyyeen caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11 fi 12 maleenya didaaktiviifi indaaktiviin kan dhiyaatan ta'uu ragaalee sakatta'a kitaabaa,ragaa bargaaffiifi afgaaffii barsiisootaa irraa argame xiinxalameera.Haalli dhiyaannaa maleenya ibsaa ykn didaktii akkasumas maleenya dhiyaannaa fakkeenyaa ykn indaaktivii amala qabiyyee dhiyaatuu bu'ureeffachuun kan dhiyaatan yoo ta'u, warreen kaan irraa filatamaafi hubannoo, umurii sadarkaa barattootaa waliin kan deemudha. Kanaaf qabiyyeewwan caaslugaa maleenya didaaktiviifi indaaktivii ala maleenya biroon dhiyaatan waan jiraniif ogeeyyiin sirna barnootaa kana sirreessuuf osoo itti yaadanii gaariidha.

# WABIILEE


Abbomaa Nagaasaa. (2015). "Xiinxala Dhihaannaa Jechoota Kitaabaa Barnoota Afaan

Addunyaa Barkeessaa.(2011).Akkamtaa:yaadrimee qorannoo,Finfinnee:far East Trading plc. Atkins,et.al (1995). Skill development methodology,part two.Addia Ababa:Addis Ababaa University

Afaan Oromoo Kutaa Kudha Tokkoofi Kudha Lammaaffaarratti Kan Xiyyeeffatee.

Allwright, R.L. (1990). What Do We Want Teaching Materials For. Currents In

Allwright.R.L.(1990).What do we want teaching material for current in language teachin,Oxford:Oxford University press

Alvior, D. M . (2015). The Meaning and Importance of Curriculum Development. Asaayyee Athenaeum Press Ltd.

Barataa Afaan Oromoo Kutaa 12". Qorannoo Eebba Boodaa Yuunivarsiitii Finfinnee. (Kan Hinmaxxaffamne).

Batstone,R.(1995).Grammar Oxford Univerity press.

Bilbao, P. P., Lucido, P. I., Iringan, T. C., and R. B. Javier. (2008). Curriculum

Biroo Barnoota Oromiyaa.(2005). Barnoota Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11ffaa fi 12ffaa

Blank Well published Ltd. Mellesse Teshome. (1997). "The Use Communicative Approach .Nunan, D. (1989). Designing Task For Communicative Classroom. Cambridge:

Breen, M. (1989). The Evaluation Cycle For Language Learning Task. In R.K.

Brown D.(1987).Principles of language learning and teaching.Englewood cliffs prentice Hall inc.

Brown Douglas. (2000). Teaching By Principles. An Interactive Approach To Language Pedagogy. Second Edition Longman.

Brown, et. al.(1989). Curriculum And Instruction: An Introduction Into Method Of

Cambridge University Press.

Cambridge University Press.

Cambridge University Press.

Candlin, C.N. (1984). Applied A System Approach To Curriculum Innovation In The

Cecilia Braslavsky. (2005). School Knowledge In Comparative And Historical Perspective: Changing Curricula In Primary And Secondary Education. Netherland: springer, Company

Company.

Cook, V. (2000). Second Language And Language Teaching. New York: Oxford Courses."Addis Ababa: A.A. University. Un Printed

Cunningworths, A. (1984). Evaluating And Selecting ETL Teaching Materials. UK:

Cunningworths, A. (1995). Cho osing Your Course book. Oxford Heinemann.

Dasse Birhane . (1988). "An Evaluation Of The Effectiveness Of Modern Teaching development. Philippines: Lorimar Publishing, Inc.

Dirriba Dabalee.(2008).Xiinxala Qabiyyee caaslugaa Kitaaba Barataa kutaa 11fi 12:Ija Walitti Fufinsaaf Dagaagina irratti xiyyeeffachuun.Finfinnee :(Waraqaa Qorannoo MA kan hin Maxxanfamne

Dublin, Fraud & Olshtain, Elite, (1986). Course Design: Developing programs and

Goopd, C. V. (1973). Dictionary Of Education. New York: Mc Graw Hill Book

Heinich, R. (1989). Instructional Media. New York: Macmillan Publishing Company.

Heinich, R. (1993). Instructional Design Models. New York: Macmillan Publishing

Hinmaxxaffamne).

Jain, M. and Peter. (2008). English languaga teaching. Sunrise publishing.

Johnson.(Ed).The Second Language Curriculum. Cambridge: Cambridge University Press.

Kabbadaa Nagaraa. (2014). "Qaaccessa Dhihaannaa Xiinjechaa:" Kitaabile**e** Barnootaa

Kenji, Kitao http://research.microsoft.com/

Kidaanee Wadaajoo. (2015). "Qaaccessa Dhihaanna Gilgaalota Hiika Jechootaa Kitaabaa

Language Teaching? Oxford: Oxford University Press.

Materials for Language Learning. Cambridge: Cambridge university press.

Mauritz Johnson Jr .(1967). Definitions And Models In Curriculum Theory.

Mc Donough, J. and Shaw, C. (1993). Materials and English Language Teaching. Oxfor:

Methods. And The Extent To Which This Are Implemented In Freshman English

Nunan, D. (1990). Second Language Teacher Education. Cambridge: Cambridge

Oromoo Kutaa 12." Qorannoo Eebba Boodaa.Yuunivarsiitii Finfinnee. (Kan

Peter Burke. (1991). Language, Seif And Society: A Social History Of Language. Wiley

Public Sector In Read, J.A.S.(Ed.) Trend In Language Syllabus Design. Singapore: Publisher.

Qorannoo Eebba Boodaa Yuunivarsiitii Finfinnee. (Kan Hinmaxxaffamne).

Richard & Renandya. (2002). Methodology In Language Teaching. Cambridge:

Richards & Rogers. (2001). Approachs & Methods In Language. Cambridge CambridgeUniversity Press.

Richards, J. C. (2001). Curriculum Development In Language Teaching. Cambridge: SEAMEO Regional Language Center

Sharma, K. And Tuteja, T. (2005). Teaching Of Language And Linguistics. Delih: Ajay

Stern, H.H. (1984). Fundamental Concept of Language Teaching. Oxford: Oxford

Tashoomaa Balaay. (1998). "Mala Afaan Barsiisuu:" Yuunivarsiitii Jimmaa. Teaching. London Macmillan Company.

Walkin' Cane Mark. (1994). Walk-in' The Talk: Employee HIV Educational Materials. Washington, DC: U.S. Department Of Enrgy.

Widdowson, H.G.( 1990). Aspects of language teaching. OUP

# Dabaleewwan

## Dabalee A

**4.2.1.Qabiyyee Caaslugaafi Gilgaalota Isaa Akka Waliigalaatti Kitaabilee Kanneen Keessatti Dhiyaata.**

**Gabatee(2) Xiinxala Qabiyyee Caaslugaafi Gaaffilee caaslugaa KBAO(kutaalee 11fi 12)**

**Kutaa 11ffaa**

| T.L | Qabiyyee caaslugaa | Boqonnaa | Ajaja gilgaalota caaslugaa | Baayina gilgaalaa | % |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Birsaga | 1 | Birsaga ijaaruufi qooduu | 1 | 5.5 |
| 2 | Dham-jecha | 1 | Dham-jecha irraa fufiilee baasi | 1 | 5.5 |
| 3 | Maqaaleefi maqibsota | 2 | Maqaaleefi maqibsoota adda baasuun ibsuu | 1 | 5.5 |
| 4 | Bamaqaalee | 3 | Bamaqaalee hima keessatti guuti | 1 | 5.5 |
| 5 | Fufile yaasaafi hortee | 4 | Fufilee yaasaafi hortee adda baasi | 1 | 5.5 |
| 6 | Walsimannaa mathimaa, antimaafi gochimaa | 5 | Walsimannaa mathimaa,antimaafi gochimaa jiraachuu himoota siif kenname keessaa adda baasi | 1 | 5.5 |
| 7 | Gaaleefi ciroo | 6 | Himoota keessaa gaaleef ciroo adda baasii ibsi | 1 | 5.5 |
| 8 | Gosoota himaa | 7 | Gosoota himaa adda baasuun ibsi | 1 | 5.5 |
| 9 | Hennaa ameennaafi Henna R.ammeennaa | 8 | Hennaa ammennaafi henna rawwima adda baasuun barreessi | 1 | 5.5 |
| 10 | Jechoota diigalaa | 9 | Jechoota diigalaa ijaaruun ibsi | 1 | 5.5 |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 11 | Hennaa amsiqaa | 9 | Hennaa amsiqaa hima kenname keessaa baasi | 1 | 5.5 |
| 12 | Gochimaa | 12 | Gochimaafi tajaajila isaanii ibsi | 1 | 5.5 |
| 13 | Hennaa murannaa | 12 | Hennaa murannaa adda baasi | 1 | 5.5 |
| 14 | Hennaa murnaalaa | 13 | Hennaa murnaalaa fayyadami hima ijaari | 1 | 5.5 |
| 15 | Hennaa tarsiiqaa | 11 | Hennaa tarsiiqaa himoota dhiyaatan keessaa baasi | | 5.5 |
| 16 | Hennaa darbeennaafi henna R.darbeennaa | 10 | Himootaan gara garaa fayyadamii hennaa darbeennaafi rawwima darbeennaa ibsi | 1 | 5.5 |
| 17 | Walqabsiistoota | 13 | Walqabsistota dubbisa keessaa bahaniin hima ijaari | 1 | 5.5 |
| 18 | Akaakuu gochibsaa | 14 | Gochibsoota fayyadamuuun hima ijaari | 1 | 5.5 |
| | Ida’ama | | | 18 | 100 |

Kutaa 12

| T.L | Qabiyyee Caaaslugaa | Boqonnaa | Ajaja gilgaalota caaslugaa | Baayina gilgaala | % |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Damsaga | 1 | Iddoo uumama damsgootaa adda baasii ibsi | 1 | 5.22 |
| 2 | Maqaafi gosoota isaa | 2 | Akaakuu maqaalee adda baasii ibsi | 1 | 5.22 |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 3 | Hennaa | 3 | Akaakuu henna himoota keessaa adda baasii ibsi | 1 | 5.22 |
| 4 | Diiggala | 3 | Jechoota diiggalaa qoqqoodun ibsi | | 5.22 |
| 5 | Maqibsootaafi akaakuu isaanii | 4 | Maqibsoota akaakuu isaaniin qoodi ibsi | 1 | 5.22 |
| 6 | Gaaleewwaniif gosoota isaanii | 3 | Himoota kennaman keessa ulaagaa gaalee guutan adda baasi | 1 | 5.22 |
| 7 | Dham-jecha | 5 | Jechoota irraa dham-jecha baasi | 1 | 5.22 |
| 8 | Gochima | 6 | Gochma hima keessaa baasi | 1 | 5.22 |
| 9 | Walsimanna mathima,antimaaf gochima | 6 | Himoota kennaman keessaa rakkoo walsimanna kan qaban baasi | 1 | 5.22 |
| 10 | Durduubee | 6 | Durduubee himota keessaa baasi | 1 | 5.22 |
| 11 | Bamaqaalee | 7 | Bamaqaalee himoota keessaa baasi | 1 | 5.22 |
| 12 | Gochibsaa | 8 | Akaakuu gochibsaa ibsi | 1 | 5.22 |
| 13 | Otoolaafi oto Oltaa | 8 | Garaagarummaa otolaafi otooltaa adda baasuun ibsi | 1 | 5.22 |
| 14 | Walqabsiistoota | 10 | Walqabsiistoota himoota keessaa baasuun ibsi | 1 | 5.22 |
| 15 | Ciroofi akaakuu isaanii | 10 | Ciroo akaakuu isaaniin adda baasi ibsi | 1 | 5.22 |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 16 | Fufiileefi gosoota isaanii | 5 | Fufileefi gosoota isaanii adda baasi | 1 | 5.22 |
| 17 | Gochima darbeeyyiifi faaldarbeeyyii | 7 | Himoota keessaa gochima darbeeyyiifi faaldarbeeyyi baasi | 1 | 5.22 |
| 18 | Bamaqaalee iyyafannoo | 16 | Bamaqaalee iyyaafannoo bakka duwwaa kennametti guuti | 1 | 5.22 |
| 19 | Durduubeefi gosoota isaanii | 18 | Durduubeefi gosoota isaanii adda baasii ibsi | 1 | 5.22 |
| | Ida’ama | | | 19 | 100 |

Dabalee B

**Kolleejjii Namoomaa,Qorannoo**

**Afaanootaa,Gaazeexeessummaafi Sab-qunnamtitti**

**Muummee Afaan Oromoo,Hog-barruufi Fokloorii**

Bargaaffiin kun qorannoo matadureen dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaafi 12ffaa jedhu irratti kan dhiyaatedha.Odeeffannoon qulqullinaafi amanamummaan ati kennitu fiixa bahinsa qorannoo kanaaf gumaacha guddaa qaba.Kanaaf shakkiiifi of-qusannoo tokko malee akka deebiftaniif abdii guddaan isin irraa qaba.Filannoo deebii kee ta'etti mallattoo geengoo marsuudhaan deebisi.Ragaa naaf kenniteef duraan durseen si galateeffadha.Maqaa barreessuun hin barbaachisu.

Maqaa qorataa:Taadduu Dheeressaa

Odeeffannoo dudduubee

A/ Koorniyaa:Dhiira____________Dhalaa____________

B/ Umurii:15-20____________21fi isaa ol___________

1.Kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi kutaa 12ffaa keessatti qabiyyeen caaslugaa boqonnalee hunda keessatti haala wal madalaniin dhiyaatanii jiruu? A/ Eeyyee B/ Lakki C/Hanga tokko

2.Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11faafi kutaa 12ffaa keessatti gilgaalli dhiyaate hawwatamummaa qabaa? A/ Eeyyee B/ Lakki

3.Deebiin kee gaaffii 1ffaan lakki kan jedhu yoo ta'e kanneen armaan gadii keessaa kamtu hawwatamummaa dhabsiise?

A/ Haala ifaadhaan dhiyaachuu dhabuu gilgaalotaa.B/ Bifa walitti fufinsaan dhiyaachuu dhabuu.C/ Gilgaalonni dhiyaatan dagaagaa deemuu dhabuu.

4.Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaafi kutaa 12ffaa keessatti gilgaaloonni caasluga shaakalchiisuuf qopha'an walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee qabuu? A/ Eeyyee B/ Lakki

5.Deebiin gaaffii 5ffaa lakki yoo ta'e,kanneen armaan gadii keessaa sababni walitti fufinsafi dagaagina dhabuu gilgaalota caaslugaa kami? A/ Fakkeenya dhabuu B/ Gilgaaloota caaslugaa gidduu hariiroon dhabamuu C/ Dabalaa ykn dagaagaa deemuu dhabuu qabiyyee caaslugaa.

6.Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaafi 12ffaa keessatti walitti fufinsi qabiyyee caaslugaa mul'ataa? A/ Eeyyee B/ Lakki C/ Hanga tokko

7.Deebiin gaaffii 7ffaa lakki yoo ta'e,kanneen armaan gadii keessaa maddi rakkichaa kami jettee yaadda? A/ Fakkeenya gahaa dhabuu B/ Hariiroon qabiyyee caaslugaa dhiyaate gidduudha dhabamuu C/ Dabalaa deemuu dhabuu qabiyyee caaslugaa

8.Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi 12ffaa keessatti dagaaginni qabiyyee caaslugaa mul'ataa? A/ Eeyyee B/ Lakki C/ Hanga tokko

9. Kitaabni barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa gara kutaa 12ffaa keessaatti walitti fufinsiifi dagaaginni qabiyyee mul'ataa? A/ Eeyyee B/ Lakki C/ Hanga tokko

10.Maddi rakkoo walitti fufinsafi dagaagaa deemuu dhabuu qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaafi kutaa 12ffaa maali jetta? Yaada qabdu gaabaabsii barreeffamaan kaa'i.

---

11.Qabiyyeen caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaafi 12faa maleenya kamiin dhiyaate? Isaanis ibsi

---

---

12.Hanqina dhiyaanaa qabiyyee caaslugaa muudate kanaaf yaadni furmaataa jettu maali?

___________________________________________________________________________

**Dabalee C**

**Kolleejjii Namoomaa,Qorannoo**

**Afaanootaa,Gaazeexeessummaafi Sab-qunnamtitti**

**Muummee Afaan Oromoo,Hog-barruufi Fokloorii**

Bar-gaaffiin kun qorannoo matadureen isaa Dhiyaannaa qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaafi kutaa 12ffaa jedhu irratti geggeessuuf dhiyaatedha.Odeeffannoon qulqullinaafi amanamummaan ati kennitu fiixa bahinsa qorannoo kanaaf gumaachaa guddaa qaba.Kanaaf,shakkiifi of-qusannaa tokko malee akka deebiftaniif abdii guddaatu isin irraa eegama.Ragaa naaf kennitaniif duraan dursee isin galateeffadha.

1Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaafi kutaa 12ffaa boqonnaa gara boqonnaatti akkasumas kutaa irraa gara kutaatti qabiyyeen caaslugaa dhiyaatan faca'insi isaanii walmadaalaa?__________________________________________________________________

2.Gaaffii 1ffaa keessatti 'lakki' yoo jettee barreeffamaan ibsi

---

---

---

3.Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaafi kutaa 12ffaa keessatti gilgaaloonni caaslugaa dhiyaatan hawwataafi barattoota kan dammaqinaan hirmaachisudhaa? Maaliif?

---

---

4.Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessatti gilgaalonni caaslugaa dhiyaatan walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee qabu jettee yaaddaa? Maaliif?

---

---

---

5.Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 12ffaa keessatti gilgaaloonni caaslugaa dhiyaatan walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee qabuu? Maaliif?

---

---

6.Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11faa keessatti qabiyyeen caaslugaa dhiyaatan ija walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyeetiin maal fakkatu? Ibsi

7.Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 12ffaa keessatti walitti fufinsiifi dagaaginni qabiyyee caaslugaa bifaa kamiin ibsamu?

8.Walitti fufinsii dagaaginni qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa gara kutaa 12ffaa jiru akkamiin ibsita?

9.Kitaabni barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaafi  kutaa 12ffaa maleenya kamiin dhiyaate? Ibsi?

10.Qophii kitaabaa kana irratti hanqina gama dhiyaannaa qabiyyee caaslugaan mul’atuuf yaadni furmaataa maali jettee yaadda?